# QAACCESSA DHIYAANNAA XINJECHAA: KITAABILEE BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAALEE 5FI 6 BARA 1996/2004QOPHAA'ANIRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**ABARRAA ABDII TEESSOO**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAAFFAA(MA) BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU OROMOOTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'E**

**YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA**
**KOOLLEJJII NAMOOMAA,QORANNOO AFAANOTAA, JOORNALIZIMIIFI QUUNNAMTII,MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**MUDDEE 2014/ 2021**
**FINFINNEE**

# QAACCESSA DHIYAANNAA XINJECHAA: KITAABILEE BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 5FI 6 BARA 1996/2004QOPHAA’ANIRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**ABARRAA ABDII TEESSOO**

**GORSAA: TOLAMAARAAM FUFAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAAFFAA BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU OROMOOTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA’E**

**YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA**
**KOOLLEJJII NAMOOMAA,QORANNOO AFAANOTAA, JOORNALIZIMIIFI QUUNNAMTII,MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**MUDDEE 2014/ 2021**

**FINFINNEE**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Sagantaa Digirii Lammaffaa**

Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu gamisaan guuttachuuf Abarraa Abdiitiin mata duree: Qaaccessa dhiyaannaa xindhamjechaa:Kitaabilee(Silabasii,kittaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi6 bara1996/2004 qophaa'an irratti kan xiyyeeffate qophaa'ee sadarkaa madaallii Yuunivarsiitiin kaa'e kan guute.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa ____________________________Mallattoo_______________Guyyaa____________

Qoraa Keessaa__________________________Mallattoo______________ Guyyaa_________

Gorsaa _______________________________Mallattoo______________Guyyaa____________

---------------------------------------------------------------------------------------

Itti Gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagataa Digirii Lammaffaa(MA)

# Axereeraa

*Mata duree kana keessatti kaayyoon qorannoo kanaa dhiyaannaa xinjechaa kitaabilee (Silabasii, kittaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi6 qophaa'an keessatti dhiyaatan qaaccessuudha. Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaan xindhamchaa kitaabilee (Silabasii,kittaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaalee kanneen keessatti dhiyaatan maal akka fakkaataniifi Ijaarsa jechootaan walqabatee,hanqinaalee gama dhiyaannaa dhamjechootaan mul'atan maal akka ta'an adda baasanii qaaccessuudha. Ijaarsa jechootaan walqabatee,haala dhiyaannaa dhamjechootaa kitaabilee kanneen keessatti mul'atan adda baasuun furmaata barbaaduuf immoo, adeemsa qorannoo ibsaatti gargaarame. Yaaxinni qorannoo kana keessatti dhima itti bahames, yaaxina caasawwaati. Kitaabileen barnootaa, barsiisonni Afaan Oromoo mana barumsaa garaagaraa keessatti barsiisan akka iddattootti filatamaniiru. Barsiisonni kunneen, mala iddatteessuu mit-carraa keessaa, iddatteessuu akkaayyootti gargaaramuun filataman.Meeshaaleenittiin odeeffannoon walitti qabame immoo,mirkaneeffannaa kitaabilee barnootaa,afgaaffiifi bargaaffii barsiisotaati. Odeeffannoon meeshaalee kanneeniin walitti qabame mala qorannoo akkamtaafi ammataatiin (makaatiin) qaaccessameera.Akka argannoo qorannoo kanaatti, Ijaarsa jechootaan walqabatee, maalummaan dhamjechootaa gad-fageenyaan ibsamuu dhiisuu, Ijaarsa jechootaan walqabatee, garaagarummaan jechaafi dhamjechaa adda bahee dhiyaachuu dhiisuudha.Kana malees, dhamjechoonni akkamitti akka barataman ifaan kitaabilee (Silabasii,kittaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti ifa ta`ee hin teenye. Haaluma wal-fakkaatuun Ijaarsa jechootaan walqabatee, uumamaafi hormaata jechootaa irrattis wanti sirriidha jedhamee hubatame ifoomee hinargamne. Haaluma wal fakkaatuun, Ijaarsa jechootaan walqabatee, bakki argama dhamjechootaa bal'inaan kaa`amuu hafuusaafi dhamjechoonni Silabasii,kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan boqonnaalee garaagaraa keessatti walfudhachuu hafuu akka ta'e bira ga`ameera.Dhumarratti argannoo qorannoo kanaa irratti hundaa'uun yaadni furmaataa kennames, Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni kitaabilee (Silabasii,kittaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Afaan Oromoo keessatti dhiyaatan haala mataa isaaniin barachuu barattootaa giddu-galeessa godhatanii dhiyaachuu akka qabaniifi bakka argama dhamjechootaa bifa ifa ta'een dhiyaachuu akka qabu eerameera.Kana malees, Ijaarsa jechootaan walqabatee, matadureewwan dhamjechootaa boqonnaalee garaagaraa keessatti qindaa'anii dhiyaachuu akka qabaniifi haala jechoonni uumamaniifi horan tajaajila caasluga afaanii adda addaatiif itti argamuu danda'an fakkeenyaan deeggaramee kitaabilee (Silabasii,kittaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaachuu akka qabu qopheessitoota kitaabilee barnoota Afaan Oromootiifi sirna barnoota Afaan Oromoo qopheessaniif,qabxileen kunneen akka yabootti dhiyaatanii jiru.*

## Galata

Duraandursee gooftaa koofi fayisaakoo kan ta`e gooftaa Yeesuus kiristoosiin faayyaa, nagaafi jireenya isa naaf kennee, sadarkaa kanaan na ga'uu isaatiif guddisee, guddiseen galateeffadha.Kanatti fufee immoo, beddoo barbaachiisaa ta`etti, yeroo isaanii aarsaa gochuudhaan obsaafi hamilee hawwachiisaa ta'een gorsa ogummaa gabbataafi quubsaa ta'en naa gargaaruudhaan akkasumas kallattii natti agarsiisuudhaan jalqabaa kaasee hanga xumuraatti na bukkee goruun fiixaan ba`isa qorannookoo kanaatiif tumsaykn deeggarsa ol aanaa kan naaf kennan gorsaa koo Dr.Tolamaaraam Fufaa galata guddaa onnee koorraa burqee isaaniif qabun ibsa.

Itti aansuudhaanis, waraqaa qorannoo koo kana yeroon itti hijjedhutti deeggarsa walitti fufaa kan naaf goote, haadha warraa koo B/stuu Baqqaluu Addunyaa galata guddaa narraa qabda.Akkasumas yeroon dadhabuufi sammuunkoo hojiitiin dadhabuu kan na bohaarsisu mucaakoo Saamu`el Abarraa galata guddaafi jaalala guutuu narraa qabda. Gama adda addaatiin na cinaa dhaabbaachuun na jajjabeessaa kan turtan hiriyootakoo Habtaamuu Obsii,Gammachuu Dhugaasaa,Gammachuu Gonfaa, Dabalaa Tarrafaafi akkasumas barsiisota yaadaan na deeggartan hundaaf galanni isinii qabu olaanaadha. Qindeessaa M/B Dargee Kootichaa sad.1ffaafi Abba adeemsaa m/b Jaarmat sad.1ffaa kan ta`an B/saa Girmaa Darrasaafi B/saa Daani`el Lataa Silabasii Barnoota Afaan Oromoofi raagaa garaagaraa na deeggaruun dirqama ogummaa keessanii waan baataniif guddaa galatoomaa. Itti dabalees,yeroo dhukkubni koronaa sodaachisaa ture keessattiifi haalli nageenyaa rakkisaa ture keessatti osoo hin sodaatii yeroo qorannoo kana hojjechaa ture keessatti deeggarsa waraqaafi piriintii naa gochuun gargaarsa bal'aa gama maraan kan naa taasisaa ture dura bu`aa m/b Jaarmati sad.1ffaa B/saa Toleeraa Nagaasaa guddiseen galateeffadha. Barsiisotaafi bulchiinsa Mana Barumsa sadarkaa tokkoffaa Jaarmat, akkasumas waardiyoota m/b haala mijeessuufi odeeffannoo barbaachisaa ta'e naa kennuudhaan qorannoon kun milkaa'aa akka ta`u warra taasistan waan ta'eef galata guddaan isiniif galcha. Dimshaashumatti, barreeffama qorannoo kanaa hojjechuu keessatti odeeffannoo quubsaa ta'e naa kennuufi kitaabilee wabii adda addaa naa ergisuun kan na gargaare Obbo Hamsaaluu Gancuutiif galannin qabu baay'ee guddaadha.

# Gabaajeewwan

Mata duree kanajalatti jechoota qorataan qorannoo isaa keessatti yaada isaa ittiin ibsachuuf gargaarame namoota biroo qorannoo kana dubbisaniif kan dhiyaatedha.

BBO----------------Biroo Barnoota Oromiyaa

KB---------------Kitaaba Baratаa

KBAO-----------Kitaaba Baratаa Afaan Oromoo

QB---------------Qajeelcha Barsiisaa

QBAO-----------Qajeelcha Barsiisaa Afaan Oromoo

Sd----------------Sadarkaa

WGMB----------Wiirtuu Gurmuu Manneen Barnootaa

# Jibsoo

| **Afaan Oromoo** | **Afaan Ingilizi** |
|---|---|
| Dhihaannaa | Approach |
| Odeeffanno kennitoota | Respondent |
| Dhiibbaa | Affect |
| Mala qorannoo akkamtaa | Qualitative research |
| Mala qorannoo ammamtaa | Quantitative research |
| Mala Makoo | Mixed Method |
| Mala Ibsaa | Descriptive Method |
| Saxaxa Qorannoo | Research Design |

# Baafata

Qabiyyee Fuula

Axereeraa ........ i
Galata ........ ii
Gabaajeewwan ........ iii
Jibsoo ........ iv
Baafata ........ v
Tarreeffama Gabateewwanii ........ xi
BOQONNAA TOKKO:SEENSA ........ 1
1.1. Seen-duubee Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 3
1.3 Kaayyoo Qorannichaa ........ 5
1.3.1 Kaayyoo gooroo ........ 5
1.3.2 Kaayyoo gooree ........ 5
1.4 Faayidaa Qorannichaa ........ 6
1.5 Daangaa Qorannichaa ........ 6
1.6 Hanqina Qorannichaa ........ 7
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 8
2.1 Maalummaa Xindhamjechaa ........ 8
2.2 Faayidaa Xindhamjechaa ........ 9
2.3 Dhamjecha ........ 9
2.3.1 Firjecha(allomorph) ........ 10
2.3.2 Akaakuu Dhamjechotaa (Types of morphemes) ........ 11
2.3.2.1 Dhamjechoota Walabaa (Free morpheme) ........ 11
2.3.2.2 Dhamjecha Hiikaa (Lexical morpheme) ........ 12
2.3.2.3 Dhamjecha tajaajilaa ........ 12
2.3.2.4. Dhamjechoota Hirkataa (bound morpheme) ........ 13

2.3.2.4.1 Hundee jechaa (root) .......... 13
2.3.2.4.2 Fufii (affix) .......... 14
2.3.2.4.2.1 Dhamjecha hortee (inflectional morpheme) .......... 14
2.3.2.4.2.2 Dhamjecha uumamtee (derivational morpheme) .......... 16
2.3.2.4.2.3 Dhamjecha Duwwaa (Empty morpheme) .......... 17
2.3.2.4.2.4 Dhamjecha dhokatee (Zero morpheme) .......... 18
2.3.2.4.2.5 Dhamjecha hiik-tokkee .......... 18
2.3.2.4.2.6 Dhamjecha unk-tokkee .......... 19
2.3.3. Bakka Argamaatiin .......... 19
2.4. Ijaarsa jechootaan walqabatee,faayidaa dhihaannaa Dhamjechaa Kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Keessatti .......... 21
2.5. Ijaarsa jechootaan walqabatee,akkaataa dhiyaannaa dhamjechootaa kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti .......... 22
2.5.1 Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo karaa kallattii yookaan ifa ta'een barsiisuu .......... 23
2.5.2 Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa karaa Alkallattii barsiisuu .......... 24
2.5.2.1 Tuutaan ykn gareen waliin barachuu keessatti .......... 24
2.5.2.2 Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti aadaa naannoofi afoolaan walqabsiisanii barsiisuu .......... 24
2.5.3 Haala qabatammaa ta`een dhiyeessuu .......... 25
2.5.4 Kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti qabatamaa irraa gara dimshaashaatti dhiyeessuu .......... 26
2.5.5 Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti dimshaashaa Gara qabatamaatti dhiyeessuu .......... 26
2.5.6 Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti fakkeenyaan deeggaranii akka hubatan gochuun dhiyeessuu .......... 26
2.6 Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Barnoota Afaanii qopheessuufi seerota isaa .......... 27
2.7 Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa gaariifi ulaagaalee ittiin filataman .......... 28

2.8 Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa afaaniifi ulaagaalee madaallii isaanii ... 28

2.9 Yaaxxina Qorannichaa ... 29

2.10 Sakatta'a Barruu Wal-fakkii ... 29

BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA ... 32

3.1 Saxaxa Qoronnichaa ... 32

3.2 Maddoota Ragaalee ... 32

3.3. Mala Filannoo Iddattoo ... 33

3.4 Barsiisota ... 33

3.5 Meeshaalee Ragaaleen Ittiin Funaaname ... 34

3.5.1 Sakatta'a Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Barnoota Afaan Oromoo ... 34

3.5.2 Afgaaffii ... 34

3.5.3 Bargaaffii ... 35

3.6 Mala qindaa'inaafi qaaccessa Ragaalee ... 35

BOQONNAA AFUR:ODEEFFANNOO QAACCESSUU ... 37

4.1 Qaaccessa Dhiyaannaa Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa)barnoota Afaan Oromoo ... 37

4.1.1. Qaaccessa qabiyyee xindhamjechaa,ijaarsa jechootaan walqabatee kitaabilee (Silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6 keessatti ... 37

4.1.2. Akaakuu Dhamjechoota Afaan Oromoo ... 42

4.1.2.1. Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoota walabaafi hirkataa Afaan Oromoo ... 44

4.1.2.2. Ijaarsa jechootaan walqabatee,haala dhamjechoota uumamtee ... 46

4.1.3. Ijaarsa jechootaan walqabatee haala hormaata jechootaa ... 48

4.2 Afgaaffii barsiisotaa,qaacceffame ... 50

4.2.1. Ijaarsa jechootaan walqabatee,qabiyyeen dhamjechootaa, kitaabilee(slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa6ffaa keessatti dhiyaatan

akkaataa fedhii barachuu barattootaa kakaasuu danda’uun qoodamanii dhiyaataniiruu?.......................................................................................... 51

4.2.2 Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhiyaannaan dhamjechootaa, silabesii keessa, kitaabilee barataa keessa jiraniifi qajeelcha barsiisaa keessa jiran walsimuu? Yoo walsimachuu baatan galma ga’iinsa qabiyyee barnoota Afaan Oromoo irratti miidhaa akkamii uumuu danda’u?........................................................................................... 52

4.2.3 Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoonni, maqaa garaagaraa qabaachuun isaanii galma ga’iinsa qabiyyee barnoota Afaan Oromoo irratti miidhaa akkamii fiduu danda’a?............................................................................................... 53

4.2.4. Ijaarsa jechootaan walqabatee,akaakuun dhamjechoota kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa keessatti hammataman isaan kami?........................................................................ 53

4.2.6. Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa dhamjechootaa irratti hundaa`ee hanqinaaleen kitaabilee (Sailabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa keessatti dhiyaatan gama qabiyyee kamiin baay`inaan argamu?.............................................................................................. 55

4.2.7. Ijaarsa jechootaan walqabatee,Dhiyaannaa mata-duree dhamjechootaa, kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti dhiyaatan irraa barattoonni dubbisanii mataa isaaniin barachuufi hubannoo dhamjechoota irratti argachuuf isaan nigargaara jettee yaaddaa?.............................. 55

4.2.8. Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa dhamjechootaa irratti hundaa`ee hanqinaaleen kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti hammatamaniif ka’umsi maal jettee yaaddaa? 56

4.2.9. Ijaarsa jechootaan walqabatee,Dhamjechoonni kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti hammataman mata-duree barnootichaa guutuu taasisuu nidanda’uu jettee yaadaa? ........................ 56

4.2.10. Ijaarsa jechootaan walqabatee, hanqinaalee dhiyaannaa mata-duree dhamjechootaa irratti hundaa`ee kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa keessatti mul’atan maqsuuf,yaada furmaataa nita’a jettu bal’inaan naa ibsi? ........................................................................ 57

4.3. Bargaaffii barsiisotaa,qaacceffame ........................................................................ 58

4.3.1. Ijaarsa jechootaan walqabatee,yemmuu dhamjechoota barsiistu tokkummaafi garaagarummaa jechaafi dhamjecha gidduu jiru adda bahee kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti kennameeraa?........................................................................................... 58

4.3.2. Ijaarsa jechootaan walqabatee, haala dhamjechoonni Afaan Oromoo hundee jechaatti maxxanuun jechoota tajaajila caasluga adda addaatiif oolan itti agarsiisan kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti ifatti dhiyaateeraa? ........................................................................ 59

4.3.3. Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaablee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo kutaa 5fi 6 keessatti akaakuun dhamjechootaa walabaa haala hubatamuu danda'uun adda bahanii taa'aniiruu? ............................................ 60

4.3.4. Ijaarsa jechootaan walqabatee,yemmuu qabiyyee Xindhamjecha Afaan Oromoo barsiistu, barattoonni hubannoo isaa kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo kutaa 6 irraa niargatu jettee ni yaaddaa? ....................... 61

4.3.5. Ijaarsa jechootaan walqabatee,qabiyyee barnoota xindhamjechaa barsiistu keessatti akaakuun dhamjechootaafi akkaataan tajaajila isaanii adda bahee kitaabi (Silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) afaan oromoo keessatti ibsameeraa?............... 62

4.3.6 Ijaarsa jechootaan walqabatee, Kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo keessatti akkaataa dhamjechoonni hundee jechaatti maxxanuun jechoota harawaa itti uuman ifatti kaa'ameeraa? .................................. 63

4.3.7 Ijaarsa jechootaan walqabatee, gilgaalonniifi gochaalee kitaabilee (Silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo keessatti qabiyyee dhamjechootaan wal-qabatanii dhiyaatan qabiyyicha hubachiisuuf gahaadhaa? ....................................... 64

4.3.8 Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabileen (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) ghubannoo jechoota biroo itti uumuufi tajaajila isaan caasluga Afaan Oromoo keessatti qaban barachuuf nigargaaraa? ...................................................... 65

4.3.9 Ijaarsa jechootaan walqabatee,Kitaabileen (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) tajaajilaafi uunkaalee dhamjechoota Afaan Oromoo garaagaraa hubachuun barattoota rakkisaa? ......................................................................................... 66

4.3.10 Ijaarsa jechootaan walqabatee,Uunkaaleefi tajaajila dhamjechoota hirkataa yemmuu barsiistu kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti karaa ifa ta'een hubachuun nidanda'amaa? ............................................................................ 67

4.3.11 Ijaarsa jechootaan walqabatee,Kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo keessatti jechoota bu'uuraa afaanicha keessa jiranitti gargaramuun jechoota uunkleefi tajaajila adda addaa qaban ijaaruun akkaataa itti danda'amu fakkeeny"an ibsamee jiraa?.................................................................... 68

4.3.12 Ijaarsa jechootaan walqabatee,Uumamaafi hormaata jechootaa yemmuu barsiistu kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) uunkaaleefi tajaajila isaan caasluga Afaan Oromoo keessatti qaban barattoonni adda baasanii hubataniiruu? ... 69

4.3.13 Ijaarsa jechootaan walqabatee,uwwisa qabiyyee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo ni mul’atuu? 70

4.3.14 Ijaarsa jechootaan walqabatee,boqonnaalee adda addaa kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti mata-dureewwan dhamjechoota Afaan Oromoo argaman mata-dureewwan dhiyaatan barsiisuuf mijataadhaa? .................... 71

4.3.15 Ijaarsa jechootaan walqabatee,haalli dhiyaannaa xindhamjechaa silabasii keessaa,kitaaba barataa keessaafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatee wal simataa?........................................................................................................ 72

4.3.16 Qaaccessa Ijaarsa jechootaan walqabatee,qindoomina Qabiyyee dhamjechaa boqonaa gara boqonnaatti kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo kutaa 5 keessatti ............................................................................ 73

4.3.17 Qaaccessa Ijaarsa jechootaan walqabatee,Qindoomina Qabiyyee Dhamjechaa Boqonnaa Gara Boqonnaatti Kitaabilee(Silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo Kutaa 6 Keessatti ............................................................ 74

4.3.18 Qaaccessa Ijaarsa jechootaan walqabatee, qindoomina qabiyyee xindhamjechaa, kutaa 5 gara kutaa 6tti ........................................................................... 75

BOQONNAA SHAN: CUUNFAAFI YABOO ........................................................ 77

5.1 Cuunfaa ........................................................................................................ 77

5.2 Yaboo ........................................................................................................... 82

Wabiilee .............................................................................................................. 86

Dabalee-A1 .......................................................................................................... 90

Dabalee-A2 .......................................................................................................... 94

Dabalee-A3 .......................................................................................................... 97

Dabalee-B ............................................................................................................ 99

# Tarreeffama Gabateewwanii

Gabatee (1): Qaaccessa dhihaannaa qabiyyee xindhamjechaa,ijaarsa jechootaan walqabatee kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 5 keessatti argaman....................................... 38

Gabatee (2) Qaccessa Qabiyyee Xindhamjechaa,ijaarsa jechootaan walqabatee kitaabilee barnoota Afaan Oromookutaa 6ffaa keessatti argaman ........................................... 39

Gabatee( 3): Ijaarsa jechootaan walqabatee,Dhiyaannaa Xindhamjechaa, Kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) Keessatti ....................... 40

Gabatee (4): Ijaarsa jechootaan walqabatee,Dhiyaannaa akaakuu dhamjechootaa,Afaan Oromoo Kitaabilee (Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti ....................... 42

Gabatee (5): Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa dhamjechoota,jechootaan walqabatee walabaafi hirkataa kitaabilee (Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti ........................................................................................................ 45

Gabatee (6): Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa uumama jechoota Afaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti ......................... 47

Gabatee(7): Ijaarsa jechootaan walqabatee dhiyaannaa dhamjechoota horteeAfaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa kutaa 5 fi 6 keessatti ........................................................................................................ 49

Gabatee (8): Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti tokkummaafi garaagarummaan jechaafi dhamjechaa adda bahee dhiyaachuu.......................................................................................... 58

Gabatee (9): Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechootaTajaajila Caaslugaa Mul'isan Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Barnootaa Keessatti ..... 59

Gabatee (10): Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaablee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo keessatti akaakuun dhamjechoota walabaa haala hubatamuun dhiyaachuu.......................................................................................... 60

Gabatee (11): Ijaarsa jechootaan walqabatee,qabiyyee Xindhamjchaa Afaan Oromoo Kitaailee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa)Afaan Oromoo ni argachuu ........................................................................................................ 61

Gabatee (12): Ijaarsa jechootaan walqabatee,akaakuu dhamjechootaafi tajaajila isaanii kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barataa keessatti............................. 62

Gabatee (13): Ijaarsa jechootaan walqabatee,Kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti akkaataan Uumama Jechoota Afaan Oromoo adda bahee ibsamuu ........................................................................................................ 63

Gabatee (14) Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti gilgaalonniifi gochaalee dhiyaate qabiyyee dhamjechootaa hubachiisuu Isaanii ........................................................................ 64

Gabatee (15): Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Uumamaafi tajaajila caasluga Afaanii hubachiisuusaa ........................... 65

Gabatee (16): Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Tajaajilaafi Uunkaa Dhamjechootaa Hubachuun Rakkisuu ..................... 66

Gabatee (17): Ijaarsa jechootaan walqabatee,uunkaaleefi dhamjechoota hirkataa kitaabilee (Silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti ....................... 67

Gabatee (18): Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti jechoota uunkleefi tajaajila adda addaa qaban ijaaruun akkaataa itti danda'amu irratti fakkeenyi dhiyaate jiraachuu...................... 68

Gabatee (19): Ijaarsa jechootaan walqabatee,Kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti uumamaafi hormaata jechootaa tajaajila Isaanii barattoonni adda baafachuu.......................................................................... 69

Gabatee (20): Ijaarsa jechootaan walqabatee,uwwisa qabiyyee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti akaakuun dhamjechootaa argamuu ........... 70

Gabatee( 21): Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti, mata-dureewwan dhamjechootaa boqonnaalee adda addaa jalatti dhiyaachuu ........................................................................ 71

Gabatee (22): Ijaarsa jechootaan walqabatee,haalli dhiyaannaa xindhamjechaa silabasii keessaa, kitaaba barataa keessaafi qajeelcha barsiisaa keessatti wal simachuu isaa ............... 72

Gabatee (23): Qaaccessa Ijaarsa jechootaan walqabatee,Qindoomina Qabiyyee Dhamjechaa Boqonaa Gara Boqonnaatti Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo Kutaa 5 Keessatti.............................................................. 73

Gabatee (24) Qaaccessa ijaarsa jechootaan walqabatee, qindoomina qabiyyee dhamjechaa boqonnaa gara boqonnaatti kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo Kutaa 6 keessatti.............................................................. 74

Gabatee (25) Qaaccessa Ijaarsa jechootaan walqabatee,qindoomina qabiyyee xindhamjechaa, kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Kutaa 5 Gara 6tti.............................................................................................. 75

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

As keessatti qabxiileen ijoo ta`an boqonnaa kana jalatti ammatamuu qaban mata dureen gurguddoo jedhaman, akka armaan gadiitti duraaduubaan barreeffaman tartiiba isaaniin tarreessuudhaan qabxiilee garaagaraa akkataa bu`aa buusuu danda`aniin taa`anii jiru.Qabxiileen ijoo ta`an kunniinis: seen-duubee qorannichaa, ka`umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi qindoomina qorannichaafaati.

## 1.1. Seen-duubee Qorannichaa

As keessatti kan hubachuu qabnu,xinjecha ykn xindhamjecha jedhee qorannoo kana keessatti yoo fayyadame lamanuu tokkodha.Xinjechi(xindhamjechi) damee xinqooqaa keessaa isa tokko ta'ee,saayinsii jechoota afaan tokko xiinxaludha.Saayinsiin kunis,afaanonni adda addaa akkamitti jechoota isaanii akka ijaarratan qo'achuun yaadiddama waliigalaa kan dhiyeessudha.(Stern,1983) " xiyyeeffannaan yaadiddama kanaa immoo, haala hawaasni afaan sana dubbatu eeguu qabu kan ibsudha".Kana malees,jechoonni afaan tokkoo ulaagaa maaliin akka ramadamaniifi akkamitti ijaaramuu akka danda'an adda baasee ifa gochuun xiinxala.(Matthews,1991; Yule,1996) "akkasumas,haala jechoonni afaan tokkoo itti uumamaniifi horuudhaan seerluga agarsiisan xiinxala."

Akkasumas,xindhamjechi akkaataa ijaarsaa jechootaan walqabatee,itti dabalees unkaa jechoota afaan tokkoo akkaataa saayinsaawaa ta'een xiinxaluun jechoota afaan sana keessatti argaman qo'achuun garee garaa garaatti ni ramada;dhamjechoota afaan tokko keessatti argamanis nixiinxala.(Radford,et al,1999) "Kana malees,loogawwan adda addaa afaan tokko keessatti argaman keessaa kanneen bal'inaan tajaajilan fudhachuudhaan afaanicha waalteessa".Kun immoo,namoonni loogawwan adda addaa afaanichaa dubbatan salphaatti akka waiigalan gargaara.Itti dabalees, (Sharma and Tuteja,2005) "xindhamjechi jecha yaada haarawaa bakka bu'uu moggaasuudhaan yookiin jecha yaada haarawaa waliin gara afaanichaatti fudhatame haala afaanichaaf mijatuun uunkaa jechichaa amma tokko jijjiiree fudhachuudhaan afaanicha gara tokkummaatti fida."

Itti dabalees,kaayyoon qo’annoo xindhamjecha afaan tokkoo,caasaa ijaarsa jechootaafi akkaataa caasaaleen garaa garaa walta`insa(tokkummaa) ijaarsa jechootaa keessatti qaban gargar baasuun kan ilaaludha(Anderson,1992).Akkasumas,jechoota afaan tokko keessa jiran xiyyeeffachuun jechoota garaa garaa baay`ee ijaaruun itti danda’amu xiinxala. (Anderson,1992) “jechoota kana ijaaruufi kan ijaarames hubachuufimmoo,akkaataa dubbataan afaanichaa itti gargaaramu bu’uureffachuun bu’aa guddaa qaba”.Afaan tokko hiika qabeessa ta’ee ergaa guutuu akka dabarsuuf sagaleewwan dubbii afaanichaa sanaan jechoota ijaaruudhaan seerluga afaanichaa mul`isudha.

As keessatti wanti hubatamuu qabu afaan tokko mataasaa danda’ee sadarkaa sagaleerraa hanga hiikaatti haala ittiin dhiyaatu qabaachuu ni danda’a. (Stern,1983) “qindoominni dhiyaannaa afaanichaas ta’ee,akkaataan ijaarsa jechoota afaanichaa galma ga’iinsa sagantaa barnoota afaan sanaaf gahee guddaa qaba.”Sagaleewwanis seera afaan tokkoo eeganii wal-duraa duubaan walitti aananii qindaa’anii yoo barreeffaman malee,ergaa hiika qabeessa ta’e dabarsuu hindanda’an. (Lyons,1981) “ haalli jechoonni afaan tokko keessatti argaman itti ijaaramanii tajaajilaaf oolan kan afaan gara biraatiin adda ta’uusaati.”Innis,kallattiin haala qaaccessaafi qo’annaa xinjecha afaan tokkoo kan ilaallatudha.

Itti dabalees as keessattis itti fufee wanti hubanu xindhamjechi immoo,akkuma seensa kana keessatti yaadni kennametti, (Sharma and Tuteja,2005) “qaama xinqooqaa keessaa isa tokko ta’ee,akkaataa uunkaan jechoota adda addaa afaan tokko keessatti argaman itti ijaaraman adda baasee kan qo’atuufi xiinxaluun dhiyeessu.”Kana irraa wanti hubatamu, unkaa ijaarsa jechootaa sagantaa barnootaaf kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti dhiyaatan tooftaa ittiin qophaa’uu qabu ta’uusaati (Radford,et al,1999).

Kana irraa ka`uudhaan qorannoon kun dhiyaannaa xindhamjecha kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6 bara 1996/2004 qophaa’an keessatti dhiyaatan qaaccessee kan dhiyeessudha.Akkasumas,hanqinaalee ijaarsa dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) kanneen keessatti dhiyaatan adda baasuun dhiyeessa.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Mata duree kana keessatti akka ka`umsaatti xindhamjecha Afaan Oromoo irratti qorannoo akka gaggeessuuf qoraticha kan kakaase,yemmuu barsiisaa jirutti dhiyaannaa xindhamjechaa Afaan Oromoo irratti hanqinaaleen adda addaa jiraachuu isaanii waan hubateef.Hanqinaaleen mul’atan kanneenis: qabiyyeewwan xindhamjechaa kitaaba barataa keessattis ta’e qajeelcha barsiisaa keessatti haala ifa ta’een ibsamuu dhabuudhaa laata; bu’uurri qoqqooddii dhamjechootaa kan hinibsamne ta’uufi barattoonni kitaaba isaanii dubbisanii yaada kan hin arganne ta’uudhaa laata jedhee waan yaadeef.Haata`u malee,qorannoon hanga ammaa ragaadhaan deeggaramee dhiyaannaa xindhamjechaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota afaan oromoo kutaa 5fi 6 irratti taasifame qorataa hin mudanne.Qorannoon taasifame argamuu dhabuun immoo dhiibbaawwan adda addaa geesisuu danda`a.Dhiibbaan kunis hubannoo barattootaa irratti rakkoo uumuu danda`a.Dabalataanis barattoonni waan barachuufi hubachuu qaban osoo hin baratiin hafuu danda`u.Qorataan kunis dhiyaannaa xindhamjechaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota afaan oromoo kutaa 5fi 6 kana akka qoratuuf waantonni sababa ta`aniif;

.Dhiyaannaa xiindhamjechaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) kana keessatti hanqinoonni maalummaa dhamjechootaa gadi fageenyaan ibsuu dhiisuudhaa laata,garaagaruummaa jechaafi dhamjechaa adda bahee dhiyaachuu dhiisuudhaa laata,dhamjechoonni akkamitti akka barataman ibsamuu dhabuudhaa laata,akkasumas umamteefi hortee,tajaajilli dhamjechootaa akka hanqinaatti mul`atanidhaa laata jedhee waan yaadeef,hanqiinoota kana ragaa qabatamaa irratti hundaa`ee eeruufi furmaata akka argatu taasisuuf. Kanarraa ka’uun,qoratichi dhiyaannaa xindhamjecha Afaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6bara 1996/2004 qophaa’an keessatti dhiyaatan irratti qorannoo adeemsisuun hanqinaalee dhiyaannaa dhamjechootaanii walqabatanii mul’atan,adda baasuun qaaccessee dhiyeesse.

Kana irraa ka`uun,beekumsaafi itti fayyadama afaan tokkoo keessatti seera afaanichaa qixaan beekuun baay’ee barbaachisaadha kan jedhu irraa ka’uuni.Seerri afaanii kunis,seera seerlugaa,ijaarsa jechootaafi kkf ifatti beekamuu qabu. (Ijaaraa,1999)Bu’uuruma kanaan,haala qindoomina ijaarsa jechoota Afaan Oromoo hubachuuf dhiyaannaa xindhamjecha afaanichaa bu’uura godhachuun adda baasanii beekuun barbaachisaadha. (Sharma and Tuteja,2005) seera

qindoomina ijaarsa jechoota Afaan Oromoo beekuun immoo,seera afaanichi itti dhiyaatu hubachuuf beekumsa argachuudha.Jechoonni Afaan tokkoo immoo,guddina afaanichaaf baay'ee murteessoodha.Tajaajila jechoonni afaan tokkoo dagaagina afaanichaatiif kennannis namoonni afaanicha hinbeekne afaanicha barachuuf,kanneen beekan immoo,babalisanii ibsuuf,seera afaanichaa kanneen akka qubeessuu,ijaarsa sagaleelee,itti fayyadama jechootaafi kkf baay'ee fayyadu.

Adeemsa qaaccessa dhiyaannaa caasaa xindhamjecha afaan tokkoo keessatti tooftaa caasaan afaanii sun ijaarsa jechoota afaanichaa sadarkaa adda addaatti itti dhiyaachuu qabu adda baasanii beekuun barbaachisaadha.Jechoota kanneen ijaaruufis ta'ee,kanneen ijaaraman hubachuuf immoo,haalli qindoomina dhiyaannaa dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti,galma ga'iinsa adeemsa baruu-barsiisuu qabiyyee xindhamjechaa irratti dhiyaatan iddoo guddaa qabu.

Itti dabalees afaan biro keessattis ta`e afaan Oromoo keessatti xindhamjechi qindoomina ijaarsa jechootaa kanneen akka dhamjechaa,akaakuuwwan dhamjechaa,haala uumamaafi hormaata jechoota Afaan Oromoo kan xiinxaudha (Addunyaa,2011).

As keessatti waanti dalagamuu qabu qorannoon kun qaaccessa dhiyaannaa xindhamjechaa Afaan Oromoo sagantaa adeemsa baruu-barsiisuutiif kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6 bara 1996/2004 qophaa'an irratti adeemsifamu keessatti gaaffileen bu'uuraa armaan gadiitti dhiyaatan deebii ni'argatu.

1, Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa dhaamjechootaa, kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa kutaa 5ffaa fi 6ffaa keessatti maal fakkaata?

2. Ijaarsa jechootaan walqabatee,qabiyyeen xiinjechaa, kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa kutaa 5 fi 6 keessatti hammataman maalfaadha?

3. Ijaarsa jechootaan walqabatee,qindoominni qabiyyee dhamjechaa, kitaabilee barataa keessatti hammatamanii gama babal`achaa deemuun maal fakkaata?

4. Hanqinaaleen gama dhiyaannaa dhamjechaa, jechootaan walqabatee kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti argamanii maal faadha?

5. Hanqinaaleen gama dhiyaannaa dhamjechaa,jechootaan wal qabatee kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti mul`ataniif furmaata maaltu kennama?

### 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree of keessaa qaba .Isaanis haala itti aanuun dhiyaataniiru.

#### 1.3.1 Kaayyoo gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoonni kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 qophaa`an ,keessatti akkamiin akka dhiyaatan adda baasuudha.As keessatti deemsa kanaan wal qabatee dhiyaannaan kitaabilee kanaa barattoota gidduugaleesa godhateeramoo,hin godhannee kan jedhu adda baasuudha.

#### 1.3.2 Kaayyoo gooree

1. Ijaarsa jechootaan walqabatee, haalli dhiyaannaa dhamjechootaa, kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 maal akka fakkaatu ibsuu.
2. Ijaarsa jechootaan walqabatee, qabiyyeewwan dhamjechootaa, kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti dhiyaatan maalfaa akka ta`an adda baasuu.
3. Ijaarsa jechootaan walqabatee,akkaataa qindoomina qabiyyee dhamjechaa, kitaabilee barataa gama babal`achuun boqonnaarraa boqonnaattifi kutaatii kutaatti maal akka fakkaatu ibsuu .
4. Hanqiinaalee gama dhiyaanaa dhamjechaa, jechootaan walqabatee kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti mul`atan adda baasuu.
5. Hanqinaalee gama dhiyaannaa dhamjechaa,jechootaan walqabatee kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa kutaa 5 fi 6 keessatti mul`ataniif yaada furmaataa kaa`uu .

## 1.4 Faayidaa Qorannichaa

As keessatti waanti hubatamuu qabu,galma ga’iinsa adeemsa baruu-barsiisuu qabiyyee xindhamjecha Afaan Oromoo keessatti akkaataa dhiyaannaa xindhamjecha Afaan Oromoo beekuun barbaachisaadha.Kanarraa ka`uudhaan qorannoon kunis,barbaachisummaa dhiyaannaa xindhamjecha Afaan Oromoo Sagantaa barnootaaf,kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa’an keessatti dhiyaataniifi hojiirra oolmaa qabiyyichaatiif,qorannoo bu’uuraa ta’uu nidanda’a.

Kana irraa ka`uudhaan,deemsa ykn hojii hojjetamee jiru waraqaa qorannoo kanarraa qaamoleen armaan gadii dubbisanii ykn hubatanii fayyadamtoota ta’uu danda’u.

1. Qaamolee xindhamjecha Afaan Oromoo qopheessuuf keessatti hirmaataniif akka ka’umsaatti gargaaruu danda’a.
2. Sirni barnoota Afaan Oromoo kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) kana kallattii qorannoo kanaatiin yoo fooyya’e,barattoonni sadarkaa kana baratan xindhamjecha Afaan Oromoo irratti hubannoo guddaa gonfachuu ni danda’u.
3. Hayyoota sirna barnootaa silabesii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa sadarkaa kanaa qopheessaniif akka irra deebi’anii ilaalaniif isaan gargaara.
4. Qaamolee mata-duree kanarratti qorannoo gad-fageenyaan adeemsisuu barbaadaniif ka’umsa ta’uu danda’a.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

As keessatti,qorannoon kun kan inni daanga’e, kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa’anirratti ta’ee, qabiyyee kitaabilee kanneenii keessaa, qaaccessa dhiyaannaa xindhamjechaa irratti. Kunis,adeemsa baruu-barsiisuun walqabatee galma ga’iinsa sagantaa barnootaa keessatti haala maaliin akka dhiyaate hubachuuf immoo,silabesii, kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaalee kanneenii qaaccessuu irratti kan daangeffamedha.

## 1.6 Hanqina Qorannichaa

As keessatti,qorannoo kana hojjechuuf hanqinaaleen hedduun mul`atanii jiru. Isaan keessaa inni jalqabaa,hanqina yerooti.Qorataan hojii baruu-barsiisuu osoo barsiisuu waan hojjetuuf baay'ina hojiirraa kan ka'e,hanqinni yeroo guddaan mudachuu danda`eera.Kana jechuun akka barbaadetti bilisa ta'ee qorannicha qofaaf bakka kennee hojjechuun siilabasiis ta`e kitaabilee wabii adda addaa yeroo mara laabirariitti ykn mana dubbisaatti deddeebi'ee dubbisuun hubannoo isaa cimsachuu keessatti hanqinni yeroo salphaa ta`uu dhiisuu danda`a.Lammaffaa,haalli dhukkuba koronaafi haalli nageenyaan wal qabatee rakkoon waan jiruuf qoranno kana gaggeessuuf rakkoo guddaan itti ta`ee jira. Dimshaashumatti,qabxiileen armaan oliitti tarreeffaman kunneen qorannoon kun haala barbaachisaa ta'een akka hin adeemsifamne danqaa uumanillee,qorataan humna isaa cuunfee hojjechuun tooftaa mataa isaatti gargaaramee keessa bahuu danda'ee jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1 Maalummaa Xindhamjechaa

As keessatti barbaachisummaan isaa, Afaan Oromoo keessattis xiyyeeffannoon dhamjechootaa, ijaarsa jechootaa walqabatee sadarkaa kanatti amala jechoonni bu'uuraafi jechoonni uumamtee qaban adda baasuuf gargaara.Kanaaf,xindhamjechi saayinsii jechoota afaan tokko xiinxalu dha.Saayinsiin kunis,haala jechoonni afaan tokkoo itti uumamaniifi itti horuudhaan seerluga afaanichaa agarsiisan xiinxala.Haala kanaanis, jechoota afaan tokko keessatti argaman qo'achuudhaan garee adda addaa keessatti niqooda. Akkasumas,dhamjechoota afaan tokko keessatti argaman nixiinxala. (Matthews,1991;Radford,et al.1999). Kana malees, haala caasaafi uunkaaleen jechoota bu'uuraafi jechoonni ijaaraman ittiin ibsaman xiinxaluun kan dhiyeessudha (Pahuja,1995;Yule,1996) Xindhamjechi saayinsii xiinqooqaa kanneen akka xinsagaa,ximsagaa,xinimaafi kkf warra caasaalee afaanichaa sadarkaalee adda adddaatti ibsan keessaa isa tokko.Seeronni amala afaanichaa bu'uureffachuun caasaa sadarkaa kanaa to'atanis nijiru. (Chomosky, 1957)Seerota kana bu'uureffachuun immoo,jechoota bu'uuraa afaanichaa irratti hundaa'uun jechoota hedduu uunkaafi hiikaan baay'ee ta'an ijaaruun nidanda'ama (O'Grady, 1996;Yule,1996).

Haaluma walfakkaatuun,Afaan Oromoo keessattis xiyyeeffannoon xindhamjechaa sadarkaa kanaa amala jechoonni bu'uuraafi jechoonni uumamtee qaban kan xiinxaludha. "Derivation is one of the morphological processes by which new words are formed other words or stems" (Jensen,1990;Stern,1983 Lyons,1981). Jechoonni Afaan Oromoos tooftaa garaagaraatiin uumamuufi tajaajila garaagaraatiif horuun kuusaa jechoota afaanichaa gabbisu.Kunimmoo,guddina afaanichaa keessatti gahee ol aanaa qaba.Afaan Oromoo keessatti haala ijaarsa jechoota kanneenii hubachuuf fakkeenyota itti aananii dhiyaatan ilaaluun nidanda'ama (Matthews,1991;Katamba,1993).

| **Jechoota bu'uuraa** | **Dhamjechoota** | **Jechoota uumaman** |
|---|---|---|
| a) fagoo | -eenya | fag-eenya |
| **b)** ijoollee | -umma | ijooll-ummaa |
| **c)** fira | -ooma | fir-ooma |
| **d)** cimuu | -ina | cim-ina |

| | | |
|---|---|---|
| **e)** barsiisuu | -aa | bar-siis-aa |
| f) jaarsa | -ummaa | jaars-ummaa |
| g) jibba | -insa | jibb-insa |

Fakkeenya kana keessatti uunkaaleen xinjechaa adda addaa jechoota kanneenitti maxxanuun jechoonni haarawaan akka uumaman taasisaniiru.Akkuma fakkeenya kanarraa hubatamu maqaa “fagoo” jedhutti maxxantuu boodaa {-eenya} ida’uun maqaa uumamtee “fageenya” jedhu,uumee jira.Maqaan duraan ture fagoofi kan uumame fageenya yoo ilaalle,uunkaan adda addaa haata’an malee,garee jechaa tokko keessatti argamu.Fageenya kan jedhu garuu,uunkaan maqaa killayyaati.Haaluma kanaan,uunkaalee {-eenya},{-umma},{-ooma},{-ina},{-aa},{-ummaa}fi {insa} ofitti maxxanfachuun jechoota adda addaa bakka garaagaraatti qoodamuu danda’an biraa ijaaraniiru.

## 2.2 Faayidaa Xindhamjechaa

Xindhamjechi dame xinqooqaa ijaarsa jechoota(hormaataafi yaasaa)balballoomsuurratti gahee guddaa kan taphatudha.(Bauer 1988;Finch 2005).Jechoota bu`uura (basic words) afaan tokko keessaa jiran bu`uureffachuun jechoota lakkoofsaan daanga-maleessa ta`an ijaaruun ni danda`ama.Jechoota kana ijaaruufis ta`ee isa ijaarame hubachuuf dubbataan afaanichaa gahumsa ni qaba. (O`Grady 1996;Chomosky 1957 Fromkin,2003).Itti dabalees,hayyoonni biroonis yaada waal fakkaatu gumaachaniiru. Yaadni kunis seerluga afaan tokkoo adda baasanii dhiyeessuu,yaad-rimeewwan kan biroofi jechoota moggaasuu,galmee jechootaa dhiyeessuu,wal fakkeenya jechootaafi caasaalee afaan tokkootiif haala tolchuufi kkf ta’uu danda’u (Wardough,1977;Fromkin,2003) .

## 2.3 Dhamjecha

Qabiyyeewwan xindhamjechaa qorannoo koo keessatti hammataman keessaa tokko dhamjecha. As keessatti ergaa jechoonni dabarsa hubachuu dandeenya.Kunis ergaa meeqa akka dabarsan hubachuuf gargaara. Fakkeenyaaf,jecha “Hoolota”jedhu yoo fudhannee ilaalle,ergaawwan lama dabarsa.Ergaan inni tokko yaada rimee beeyilada miila afurii,kan mana galtu,marga nyaachuushee agarsiisa.Ergaan inni lammataa immoo,beeyilada tokkoo ol ta’uu agarsiisa.Inni yaanni rimee “Hoolaa” kan jedhu yoo ta’u, innis,ergaa lammataa danooma kan agrsiisu {-ota} kan jedhu dha.

Fakkeenya kenname kana keessatti, garaagarummaafi tokkummaa jechaafi dhamjechaa gidduutti argamu, jechaafi dhamjechi haala ittiin adda bahuu danda`an fakkeenya kana keessatti mikaneeffachuu ni dandeenya. (Lyons,1981;Stern,1983).

### 2.3.1 Firjecha(allomorph)

Maalummaa Firjechaa hubachuuf yaada dhamsagaafi firsagaa ilaalchisee yaadachuun gaariidha.kunis dhaamsagni tokko dhimma sammuu waan ta`eef, kan dubbiifi barreeffamarratti argamu firsaga isaatiin kan jedhudha.Akkuma kana dhamjechii tokkos fira ittiin ba`ee argamuu qaba.Firri dhamjechaa kun firjecha jedhama. Finch (2005:100-101"Allomorphs are the physical realization of morphemes," jechuun firjechaaf hiika yoo kennu,O`Grady(1996:114) ammo "Allomorphes are variant forms of a morpheme," jechuun hiikuu yaala. Firjechoonni bakka itti galaniin adda adda haata'an malee,tajaajila tokkoof dhaabbachuu ibsu.Addunyaa(2011).

Dhamjechi tokkos firjecha tokkoo oliin dhugoomuu danda`a.Fakkeenyi itti aanu dhimma kana qixaan nu hubachiisuu yaala.

a, Nam**oota**,hool**ota**,jabb**oota**,jaart**ota** Birkii**lee**,mukk**een**,saa**wwan**,gaang**olii**

b, Gurraa**cha**,diim**aa**,dheer**tuu**,gurraa**ttii**,gabaab**duu**,fur**doo**

c, **Hin**teenye,**hin**beeknu,**him**beeknu,**hi**rrafne

Jechoonni (a) jalatti jechoota dhiyaatan **(-oota,-ota,-lee,-een,-wwan,-olii**) fudhachuun hedduumina agarsiisan.(Addunyaa,2011;Catherin,2001) akka dhaamjechoota danummaa agarsiisan adda addaatti haadhiiyeessu malee,bifa dhamjechi tokko bakka garaagaraatti ittiin mul`atu ta`uu fakkeenyi kun ragaadha.Bifni garaagaraa dhamjechi tokko bakka adda addaa galuun argatu kun firjecha dhamjecha tokkooti.Gragg(1976);Abarraa(1998)fiAbebe(2006) dhamjechoonni kun naannoo itti galaniin adda addaa haa ta`an malee tajaajila tokkoof dhaabbachuu isaanii ibsu.Fakkeenya (b,c) jalatti jechoota dhiyaatanirratti qaamoleen jala muramanis tajaajila caaslugaa tokkoof dhaabbatan.Tajaajilli kunis,(b)n saala dhiiraafi dhalaa,(c)n ammo mormii agarsiisu.Fakkeenya sadan keessatti bakka garaagaraa galuun bifa garaagaraa haaqabaatan malee hiika tokkoof waan dhaabbataniif, firjecha dhamjechaa tokkooti.Haa ta`u malee,firjechoota kana keessaa dhamjecha tajaajila barbaadame sana bakka bu`u moosisuufi firjechootarraa addaan baasuuf seerri tokko jiraachuu qaba.Akka Bauer(2003);Baye (1986)

jedhanitti,firjechoota dhamjecha tokko keessaa firjechi faca`insa bal`aa qabu dhamjecha ta`uun filatamuu qaba.

### 2.3.2 Akaakuu Dhamjechotaa (Types of morphemes)

Afaan Oromoo keessatti,akkuma kan afaanota biro dhaamjechoonni bakka garaagaraatti qoodamuu danda`u .Bu`uurri qooddii kanaas irra caalaa tajaajila,unkaafi qabiyyee isaaniiti. Haaluma kanaan,qabiyyee isaanii irratti hundaa`uun dhamjecha walabaa (Firee morpheme), dhamjecha hirkataa (Bound morpheme) jechuun bakka gurguddaa lamatti qoodamu.Hirkatanii ykn walaba ta`anii argamuun dhamjechoota afaaniirratti hundaa`a.Dhamjechi afaan tokko keessatti walaba,afaan biro keessatti immoo hirkataa ta`uu mala (Haspelmath 2002;Bauer 1988). Dhamjechoonni kunis qooddiiwwan gooree garaagaraa of jalaa qabu qabxii kana itti aansinee ilaalla.

#### 2.3.2.1 Dhamjechoota Walabaa (Free morpheme)

Akaakuun dhamjechaa kun of danda`ee dhaabbachuu isaatiin warra kaan irraa adda ta`a.Abarraa(1998:38) yaada kana yoo ibsu "latiin[dhamjechi] walabni qofaa isaa kan dhaabbatu ta`ee,latiilee tokkoo ol kan of keessaa qabu taanaan latii wal-xaxaa,tokko qofa qabaannaan ammo,latii qeenxee jedhama"jedhu. Haata`u malee,yaadni kun yaadrimee dhamjechaarraa kaatee jira.Qabanni isaa,dhamjechi (latii)dhamjecha tokko ol of keessaa qabu hin jiru. "Free morphemes is a morphemes which can stand by themselves as single words" (; Bauer,2003;Yule,1996; O'Grady, 1996;).Dhamjechi walabaa of danda‟ee hiika mataa isaa kan qabuufi dhamjechoota maxxanfachuuf banamaa kan ta'eedha. Maartaa, (2006:7-8) "Dhamjechi walabaa qofaa isaa dhaabbatee jecha hiikaa kennuudha," jetti. Fakkeenyaaf: muka, leemmana, harbuu, qamadii, boqqolloo, baaduu, aannan, dhama, kun,..fi kkfn dhamjechoota walabaati. Kun kan ibsu, dhamjechoonni walabaa of danda‟anii kan dhaabataniifi hiika mataa isaanii kan qaban ta'uudha. Tolamariyam (2011:47) yoo ibsu "Latii yookaan dhamjechi walabaa qofaa isaa kan dhaabatu ta'ee, unka tokko qofaan dhiyaata," jedhu.Kana jechuun dhamjechoonni walabaa of danda'anii dhaabachuun hiika haaqabaatan malee, unka tokko qofa waan qabaniif yoo addaan qoodaman hiika qabaachuu hindanda‟an jechuudha. Wanti Afaan Oromoo keessatti beekamuu qabu keessaa tokko garaagarummaa dhamjechaafi fufii yoo ta'u, dhamjechi of danda'ee hiika kan qabuudha. Fufiin garuu dhamjecha hirkataa waliin tokko waan ta'eef, hiika argachuuf hundee jechaatti

maxxanee kan galu malee dhamjecha walabaa wajjin tokko miti. Garaagarummaan dhamjechaafi fufii kitaablee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelchaa barsiisaa) barnootaa kana keessatti haala kanaan adda ba’ee ibsamuun barattootaaf dhiyaachuu qaba. Afaan Oromoo keessatti dhamjechi walabaa bakka lamatti qoodamuun ilaalamuu ni danda`ama.Isaanis dhamjecha hiikaa (lexical morpheme)fi dhamjecha tajaajilaa (functional morpheme) jedhamu.

**2.3.2.2 Dhamjecha Hiikaa (Lexical morpheme)**

Akaakuun dhamjecha kanaa walaba ta`ee qabiyyee mataa isaanii kanneen qaban of keessatti hammata.Dhamjechoonni akkasii kun afaanicha keessatti kanneen bakka aantiimaa (Object position) qabaataniin wal fakkaatu (Addunyaa,2011).Mee fakkeenya gadii haa ilaallu.

a, nama,farda,muka

b,namni,fardi,mukni

c,sangaa,horii,mataa

d,sangaan,horiin,mataan

Jechoonni (a fi c) jalaa bakka raawwatamaa jiru.Yeroo bakka matimaa dhufan garuu bifni isaanii ni jijjiirama.Unkaalee,(b fi d)jalaa qabaatu jechuudha.Jechoonni (a) jalaa matim-mul`istoota yeroo fufatan {-a}ofirraa haqu.Kanneen (c)jalaa garuu akkuma jirutti taa`uun {-n}dabalatu.Kanaafuu,bakka matimaa jiraachuu isaanii {-n fi –i}yoo mul`isan bakka aantiimaa jiraachuu isaanii immoo,{-a}n bakka buusuu dandeenya.

Egaaqabxiin guddaan asitti kaasaa jirru walabummaa dhamjechaa maal akka ta`e hubachuuf.Fakkeenya olitti dhiyaatan keessatti {-a}n hundee jechaa {nam-,fard-fi muk-}jedhan bifa of danda`aa tokko akka qabaatan taasistee jirti.itti dabalees, maayii aantima kallattii taatee galte.Kanaafuu,hiika tokkoo ol qabachiiste jechuudha.kun immoo walabummaa dhabsiisa.

**2.3.2.3 Dhamjecha tajaajilaa**

Akkuma dhamjecha hiikaa,of danda`eek an dhaabbatudha.Kan adda taasisu garuu,hiika ykn qabiyyee mataa isaa dhabuufi tajaajila tokkoof dhaabbachuudha.Kanaaf immoo murteessitoonni

kun,sun,sana,kana, jedhamaniifi durduubeewwan irra,jala,keessaafi kkf akka fakkeenyaatti dhiyaachuu danda`u.

### 2.3.2.4. Dhamjechoota Hirkataa (bound morpheme)

Akkuma maqaa isaarraa hubachuun danda`amu akaakuun dhamjechakanaa of danda`ee hin dhaabbatu.Afaan Oromoo keessatti dhamjecha hirkataa qabiyyee isaarraatti hundaa`uun bakka lamatti qooduun ni danda`ama.Isaanis hundee jechaafi fufii jedhamu (Addunyaa,2011; Bauer,1988; Jackendoff,R.1977).

#### 2.3.2.4.1 Hundee jechaa (root)

Hundeen jechaa qaama jechaa kan erga fufiileen irraa haqamanii argamu ta`ee yaadrimee jechichaa kan baatudha.Owens(1985) Afaan Oromoo keessatti hundeen jechaa dubbifamaan xumuramuu isaa yoo dubbatu Tamasgeen (1995:11) garuu yaadni kun maqaafi maqibsaafhin hojjetu jedha.Haa ta`u malee,qaama jechaa kan fufiilee ofirraa hin qabne, fufachuuf qophaa`aa ta`e hiikni jedhu qabxii kana ifa taasisuu danda`a.Egaa hundeen jechaa Afaan Oromoo keessatti maal akka fakkaatu hubachuuf, gareewwan jechootaa hormaataafi uumamsaaf banamaa ta`an fudhachuun ilaaluun barbaachisaadha.

| **A** | **B** | **C** |
|---|---|---|
| 1,Saree | 1,Diimaa | 1,Bare |
| 2,Saroome | 2,Diimate | 2,Barsiise |
| 3,Sarummaa | 3,Diimina | 3,Barumsa |
| 4,Saroota | 4,Diimesse | 4,Bartuu |

Fakkeenya kana keessatti hundeen jechootaa (A) jalaa maqaalee, kanneen (B) jalaa maqibsootafi warri (C) jalaa immoo gochimoota.Malummaan gareewwan kanaa jecha jalatti gadi fageenyaan ibsamee jira.Asitti kan ilaallu fufiilee irraa baasuun hundeen jechaa kun maal akka fakkaatu hubachuudha.Jechoota arfan (A) jalaarraa fufiilee yoo baafne,unki hundaafuu tokko ta`e {Sar-} kan jedhu ta`a.Warra (B) jalaatiif {Diim-} kan jedhu qaama hundumaafuu tokko ta`e yoo ta`u, kanneen (C) jalaatiif immoo {Bar-} kan jedhu ta`a.Dhamjechoonni kun hundee jechoota

sanaati.Kanaafuu,Afaan Oromoo keessatti hundee jechaa akaakuu dhamjecha hirkataati jechuun nama hin saalfachiisu. (Addunyaa,2011; Laughren,M.2005; Owens,1985; Yule,1996)

**2.3.2.4.2 Fufii (affix)**

Fufiin gosa dhamjecha hirkataa ta`ee hundeetti fufamuun hiika kan jijjiiru ykn tajaajila caaslugaa adda addaatiif kan ooludha.Akaakuuwwan dhamjechaa kanaa bakka garaagaraatti qooduun xiinxaluu dandeenya.isaani dhamjecha hortee(inflectional morpheme),dhamjecha uumamtee (derivational morpheme),dhamjecha duwwaa (empty morpheme),dhamjecha dhokatee (zero morpheme),dhamjecha hiik-tokkeefi dhamjecha unka-tokkee of jalatti hammachuu danda`a.

**2.3.2.4.2.1 Dhamjecha hortee (inflectional morpheme)**

Dhamjechi kun akaakuu warra hirkoo ta`ee tajaajila caaslugaa kanneen akka koorniyaa,ramaddii (1ffaa,2ffaafi 3ffaa),maayii(maayii matimaa,maayii aantimaa,maayii meeshaafi kkf); haala raawwii (kan raawwateefi kan hin raawwatiin); ilaalcha (iyyaafataa,ajajaa,beeksisaafi kkf) lakkoofsa (hedduuminaafi qeenxummaa) kkf agarsiisuuf jecha ykn hundee jechaatti fufamu.fakkeenyaaf,jechoonni **fardaan,garbichichaan** jedhan dhamjechoota hortee kanneen tajaajiloota oliitti tarreessine keessaa muraasa ofirraa qabaachuu isaanii kanneen armaan gadiitiin xiinxaluu dandeenya.(Addunyaa,2011;Gragg,1976; Owens,1985 ;Radford,et al.1999;Yule,1996)

Fkn 1, **Fardaan**----------- **A**, Fardaa-n

{-n}----------Maayii meeshaa

1.1,Fardaa----------**B**, Farda-a

{-a}---------Maayii aantiimaa alkallattii

1.2,Farda------------**C**, Fard-a

{-a}---------Maayii aantiimaa kallattii

1.3,Fard-,-----------**D**, {Fard-}-----hundee

Fkn 2,**Garbichichatu**---------------- **A**, Garbichicha-tu

{-tu}----------xiyyeeffannoo

2.1 Garbichicha-------------**B**, Garbichich-a

{-a}-----------aantima kallattii

2.2 Garbichich-,-------------**C**, Garbichi-ch-

{-ch-}-------------murteessituu

2.3 Garbichi------------------**D**, Garbich-i

{-i}-----------------matim-mul`istuu

2.4 Garbich-,-------------------**E**, Garbi-ch-

{-ch-}--------------tokkeessituu/saala

2.5 Garbi------------------------**F**, Garb-i

{i}-----------------matim-mul`istuu

2.6 Garb-,-----------------------**G**, {Garb-} ------------hundee

**A.Maqibsoota**

| **Jecha** | **Dhamjecha maqibsootaa** | **Jecha uumame** |
|---|---|---|
| Guddaa | -oo | Gudd-oo |
| sooressa | -ttii | soore-ttii |
| furdaa | -oo | furd-oo |
| gabaabaa | -duu | gabaab-duu |
| qal`aa | -oo | qal`oo |
| bareedaa | -duu | bareed-duu |
| dheeraa | -tuu | dheer-tuu |

Fakkeenya kana keessatti dhamjechoonni {-ttii,-oo,-duufi -tuu} maqibsiitti maxxanuun maqibsii koorniyaa dhalaa agarsiisu uumanii jiru (Gragg,1976;Abdulsamad,1994;Tolamariam, 2011).

**B. Irradeddeebii Gochimaa**

Afaan Oromoo keessatti gochimoonni irradeddeebiin uumaman gochi tokko irradeddeebi'amee hojjetamuu isaa agarsiisu (Abdulsamad,1994;Abarraa,1998).

| **Hundee** | **Gochimaa uumameIrradeddeebii** | **Gochima irradeddeebiin** |
|---|---|---|
| gub- | gu- | guggube |
| cab- | ca- | caccabe |
| qor- | qor- | qoqqore |
| mur- | mu- | mummure |
| tum- | tu- | tuttume |
| but- | bu- | bubbute |

Fakkeenya kana keessatti gochimni irradeddeebiin sagalee jalqabaa hundee jechaarra jiran irradeddeebi'uuniifi sagalee jalqabaa hundee jechaarra jiru tokko immoo,jabeessuun kan uumaman ta'uu hubanna.Akkasumas,hormaata jechootaa keessatti dhamjechoonni afaan tokkoo walitti dhufanii tajaajila seerluga afaanichaa agarsiisuuf oolu.

**2.3.2.4.2.2 Dhamjecha uumamtee (derivational morpheme)**

Akkuma maqaa isaarraa hubannu dhamjechoonni uumamtee garee ykn hiika jijjiiruun jechoota haaraa uumuuf warra tajaajilanidha. Afaan Oromoo keeessatti dhajechoonni kunneen hedduumina waan qabaniif, hunda tarreessuunhin danda`amu. Kanatti aansinee, dhajechoota kana gochimeessitoota, maqeessitoota, maqibseessitoota jechuun gareetti qooduun fakkeenya fudhanneeilaalla.(Addunyaa,2011;Catherine,1987;Matthews,1991;Ijaaraa,1999; Abdulsamad,1994;Abarraa,1998).

| Jecha | Dhamjecha uumamtee | Jecha uumamtee |
|---|---|---|
| Cime | -aa | -cimaa |
| Ijaare | -sa | ijaarsa |
| Fure | -maata | furmaata |
| Gadhee | -ummaa | gadhummaa |
| Bare | -am- | barame |
| Bare | -siis- | barsiise |
| Bareede | -tuu | bareedtuu/bareedduu |
| Ibse | -a | ibsa |

Fakkeenyi kenname kana keessatti {-sa,-ummaa,-maata,-a}n maqeessitoota; {-tuu,-aa}n maqibseessitoota yoo ta`an, {-siis-,-am-}n immoo gochimeessitoota jalatti ramadamu.Gareen jechaa isaan uuman immoo, maqaa,maqibsafi gochima ta`u.Isaan kunis fakkeenyicha keessaa jecha uumamtee jalatti argamu. (Abdulsamad,1994;Tolamariam, 2011).Akkuma ibsa kanaan olii keessatti ilaalle,dhamjechi horteefi dhamjechi uumamteen garaagarummaa ni qabu. Garaagarummaan isaanis gabatee gadii keessatti dhiyaatee jira

| Dhamjecha hortee | Dhamjecha uumamtee |
|---|---|
| Adeemsa fufannaa keessatti gudunfaajecha tokkooti.Dhuma jechootaa dhamjechoota uumamtee ofirraa qabanis ta`e,hundee jechaatti aanee galuun sana booda dhamjechoota biro akka hin fufinne taasisa.Tajaajila caaslugaatiif oola. | Dhamjechoota hortee dura ykn hundeetti aanee gala.Garee jechaa ykn hiika jijjiira. |

### 2.3.2.4.2.3 Dhamjecha Duwwaa (Empty morpheme)

Akkuma maqaa isaarraa hubachuun danda`amu,duwwaa waan tokko kan of keessaa hin qabnedha.Dhamjechi duwwaanis,unka (bifa) xinqooqaa qabatee tajaajila ykn hiika tokkof kan hin oolledha. Akaakuun dhamjechaa kun afaanota keessatti baay`inaan hin argaman.kun immoo Afaan Oromootiifis ni hojjeta. Fakkeenyaaf,

a, argine--------------agarre

b, farada----------------faradoo

c, durba----------------dubaroo

Jechoota (a) jalatti dhiyaatan unkaan adda adda ta`anillee hiikaan tokkodha.Jechoota kana dhamjechootatti yoo qoonne hundee jechaa {arg-/agr-},saagduu {-i-}n daneessituu {-n-/r-} raawwii mul`istuu {-e} jechuu ni dandeenya.Hundeen jechaa {agr-} gidduu {-a-}n seente garuu tajaajila maalitiif akka dhaabbatte hin beekamu.Itti dabalees,hundee jechootaa {fard-,durb-} jedhaman gidduu dhamjechi kun seenteetti.Tajaajila ykn hiika kamiif akka dhaabbatte garuu hin beekamu.(Addunyaa,2011:99)

#### 2.3.2.4.2.4 Dhamjecha dhokatee (Zero morpheme)

Dhamjechi kun faallaa dhajecha duwwaati.Akkuma dhamjechi tokko unkaan mul`atee tajaajilaan dhabamuu,kaan immoo tajaajilli isaa beekamee unki xinqooqaa bakka bu`u tokko dhiba.Kanaafuu,dhamjechi tokko hiikaan mul`ate unkaan yoo dhokate dhamjecha dhokatee jedhama.Fakkeenyaaf ,

| | |
|---|---|
| a, bishaan | d,aannan |
| b, midhaan | e,foon |
| c, ilkaan | f,loon |

Jechoota oli bifa qabatanii jiran bakka aantimaa galuu danda`u. Yoo bakka matimaa galan kan waa`een isaanii dubbatamu ykn gochaa tokko raawwatan,bakka aantimaa gallaan immoo kan gochaa irratti raawwatame ta`uu isaanii salphaatti hubachuu ni dandeenya.Haata`u malee,akka kanneen biro matim/aantim-mul`istuu fudhachiisuu hin dandeenyu. .(Addunyaa,2011:99; Abarraa,1998;Matthews,1991).

#### 2.3.2.4.2.5 Dhamjecha hiik-tokkee

Akaakuun dhamjecha kanaan dhamjechoota unkaan adda adda ta`anii tajaajila ykn hiika tokkoof dhaabbatan of keessatti hammatama.Fakkeenyi gadii dhimma kana caalaatti ifa taasisa.

a, Obbo dhaabaan re`**oota**,saawwan ,jabbii**lee**fi gaang**olii** hedduu qaba.

b, Namoonni ganda sanaa abb**ootii**,wasiilla**nii**fi eessumm**an** maatii tokkooti.

c, Nam**ni**,sangaa**n**,akkasumas fardi amala adda addaa haaqabaatan malee lubbuu qabeeyyiidha.

Himoota olii (a,fi b) keessatti dhiyaatan keessaa {**-oota,-ootii,-lee,-n**} yoo ilaalle unkaan adda adda.Haata`u malee,hundinuu tajaajila caaslugaa tokkoof dhaabbatu.Kunis hedduumina agarsiisuudha.Himni (c) jalatti kanneen jala muramanis, {-n,fi –i}n tajaajila bakka matimaa jiraachuu jechoota sanaa mul`isu.Isaan kunneenis, hiikaan tokko jechuudha. Kanaafuu, Dhamjechoonni akkasii kun hiik-tokkee jedhamu. (Abdulsamad,1994;Addunyaa,2011:100; ; Catherine,2001;Gragg,1976;Tolamariam,2011).

#### 2.3.2.4.2.6 Dhamjecha unk-tokkee

Akkuma dhamjechoonni tokkoo ol tajaajila tokko qofaaf dhaabbatan,dhamjechi tokkos,tajaaajila tokkoo oliif dhaabbachuu dandeessi.Dhamjechoonni akkasiitiin unk-tokkee jechuu ni dadeenya.Afaan Oromoo keessaa dhamjechoonni akkasii maal akka fakkaatan addaan baafachuuf fakkeenya itti aanuun xiixalla.

a, caalaan,fardaan miidhaan guure.

b,Leenjisaa dheeraa sana bira deemaa jira.

c,Loltuu diimtuu sana badhaasan.

Hima (a) jalatti kenname irratti dhamjechi jala muramte unkaan tokko taatullee tajaajila adda addaatiif dhaabbatte.Tajaajilli kunis duraa-duubaan matim-mul`istuu,durduubeefi qaama jechaa ta`uun argamuudha.Himni (b)irraas {-aa} maqeessituu,saala mul`istuufi raawwii fufinsaa qabu bakka buusee jira.Akkasumas,hima (c) jalatti {-tuu}n kennamte unkaan tokko haataatu malee akka maqeessituufi saala mul`istuutti galtee jirti. Gabaabumatti,dhamjechoonni {-n,-aa,fi –tuu}n unk-tokkeefi hiika heddeedha.Dhamjechoota kana addaan baafnee beekuun afaanichatti tajaajilamuu keessatti iddoo guddaa qaba.( Addunyaa,2011:101)

### 2.3.3. Bakka Argamaatiin

Dhamjechoonni afaan tokko keessatti argaman bakka argama isaanii irratti hundaa'uun akaakuu garaagaraa qabaachuu danda'u.Bakki argama isaanii kunis,dhamjecha duraa,dhamjecha boodaa,dhamjecha gidduu,dhamjecha duraafi boodaajechootaa irratti maxxananii galan ta'u (Matthews,1991;Haspelmaths,2002).

Haaluma walfakkaatuun,Afaan Oromoo keessattis,dhamjechoonni kunneen bakka jechoota tokko irratti maxxanan irratti hundaa'uun,dhamjecha duraa,dhamjecha boodaa,dhamjecha duraafi boodaajedhamuun hiramuu danda'u.

Dhamjechoonni kunneenis,Afaan Oromoo keessatti galumsa irratti waan bakka walii dhiisaniif,faca'iinsa wal-deeggaraa qabu.Kana jechuun bakka dhamjechoonni duraa galan warri duubaa hingalan (Matthews,1991;Addunyaa,2011).

Dhamjechoonni kunneen isaan kam akka ta’aniifi amala akkamii akka qaban haala itti aanuun ibsamani.

**A.Dhamjecha Duraa**

Dhamjechi duraa haaluma maqaa isaarraa hubachuun danda’amutti fuuldura jecha tokkootti maxxanee kan galu ta’uusaati.Akaakuun dhamjecha kanaa Afaan Oromoo keessatti hiika jechaa jijjiiruu keessatti gahee guddaa qaba.

| | | | |
|---|---|---|---|
| **a, Al**sadii | = **Al**-sadii | **d, Ni**nyaata | = **Ni-**nyaata |
| **b, Al**idilee | = **Al**-idilee | **e, Wal**faana | = **Wal-**faana |
| **c, Mit**mootummaa | = **Mit**-mootummaa | **f, Of**jajaa | = **Of**-jajaa |

Akka fakkeenya(a-f) keessatti hubachuun danda`amutti dhamjechoonni gurraacha`anii barraa`an (**Al-,Mit-,Ni-,Wal-,Of-**) dhamjechoota duraati.Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni kunneen dhamjechoota boodaatiin wal bira qabamanii yoo ilaalaman baay’ina hin qaban. Haata’u malee,akaakuun dhamjechoota kanaa jecha tokkotti maxxanuun hiika jechichaa jijjiiruu keessatti gahee ol aanaa qabu.Dhamjechoonni duraa {al-,mit-,ni-,wal-,yaa-,of- fi kkf} yoo ta’an,karaa jechatti isaan maxxananiin sararri xiqqaan jiraachuun isaas dhamjechoota duraa ta’uu isaanii mul’isa (Haspelmaths,2002;Mathews,1991).

**B. Dhamjecha Boodaa**

Dhamjechooni boodaa jecha tokkorratti karaa boodaa maxxanuun tajaajila caaslugaafi hiika jechichaa jijjiiruu ni danda`u. dhamjechoonni kun Afaan Oromoo keessatti dhamjechoota duraa waliin wal bira qabamanii yoo ilaalaman baay’inaan caalanii ni argamu.Akkasumas maxxantoonni hedduumina agarsiisan –oota,-ota,-een,-lee,iiwwan,-awwan,-olee,fi kkf. Maxxantoonni kunneen hundee maqaafi ibsa maqaa irratti maxxanuu danda`u. (Abarraa,1998;Matthews,1991;Tolamariam,2011).

| **Maqaa** | **Ibsa maqaa** |
|---|---|
| a,Fard-een | a,Hiyyeess-ota |
| b,Saa-wwan | b,diim-olee |
| c,Jabbii-lee | c,Ham-oota |
| d,Nam-oota | d,Kabeel-ota |

Fakkeenya kana keessatti kanneen sarara xiqqaatiin adda bahanii jiran dhamjechoota boodaati.Dhamjechoonni kunneenis,jechootatti maxxananiin galuun,hedduumina agarsiisu.

**C. Dhamjecha Duraafi Boodaa**

As keessatti kan nuti hubuu dandeenyu, dhamjechoonni duraafi boodaa si'a tokkotti, jecha tokkootti maxxananii galuun, tajaajila tokkoof kanneen dhaabbatanidha. Akaakuun dhamjechoota (dhamjechoonni duraafi dhamjechoonni boodaa) kun Afaan Oromoo keessattilee nimul'atu (Haspelmaths,2002;Matthews,1991;Addunyaa,2011;Abarraa,1998).

| | Dhamjecha duraa | hundee | dhamjecha booda |
|---|---|---|---|
| **a**, Haadeemnu = | Haa- | -deem- | -nu |
| **b**, Hindhufne = | Hin- | -dhuf- | -ne |
| **c**, Hindeemne = | Hin- | -deem- | -ne |
| **d**, Hindeeman = | Hin- | -deem- | -an |
| **e**, Waljalatti = | Wal- | -jala- | -tti |

Akkuma fakkeenya kanarraa hubatamu (a) jalatti {haa-}n dhamjecha duraa gochi tokko akka raawwatamuu qabu ibsu yoo ta'u,akkasumas(a,b,c)n dhamjechoonni boodaa{-nu,-ne,-an}n immoo,dhamjecha duwwaa mul'istu.Akkasumas,(b,c,d,e) jalatti dhamjechoonni dhiyaatan dhamjecha duraa {hin-,wal-} jedhuufi kan boodaa {-tti} jechuun dhiyaatan walta'uun, gocha hinraawwatamne ta'uu mul'isti (Abarraa,1998).

Haaluma kanaan,dhamjechoonni Afaan Oromoos bakka itti argaman irratti hundaa'uun dhamjecha duraa,dhamjecha boodaafi dhamjecha duraafi boodaa jedhamuun beekamu.

### 2.4. Ijaarsa jechootaan walqabatee,faayidaa dhihaannaa Dhamjechaa Kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Keessatti

Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoota kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Barnootaa keessatti dhiyeessuun caasaa guddina barnoota Afaan Oromoof murteessaadha. Nunan (1989), yoo ibsu, "Barbaachisummaan Caasaa Afaanii barsiisuun qabu inni guddaan caasaa afaanichaa eeganii waliigaltee uumuuf gargaara," jedha. Kana jechuun

matimaafi gochima walsimsiisuu keessatti gaheen caasaa afaanii ol’aanaa ta’uudha.Jecha tokko qorachaaf akkaataa sagaleeleen ittiin walitti dhufanii jechoota ijaaran ilaaluun murteessaadha.Dhamjechi hiika jecha tokkoo murteessuu keessattis ta’e, jijjiirama hiika jechaa fiduu keessatti faayidaa ol’aanaa waan qabduuf, kitaaba barataa keessatti dhiyeessuun barsiisotaafi barattootaaf hubannoo uuma.Kaayyoo dhamjecha qo’achuun barbaachiseef keessaa tokko, caaseffama jechootaafi karaalee caasaaleen kunneen walitti dhufuun jechoota biroo uumuu keessatti hariiroo isaan waliin qaban ibsuuf gargaara, jedha, (Anderson 1992:7).Kanaaf, dhamjechoonni kitaaba barataa keessatti dhiyaachuun barsiisonni qorannoo akka irratti geggeessaniifi barattoonni ijaarsaafi caaseffama isaanii akka baratan; akkasumas, unkaalee jechicha ijaaran gadifageenyaan akka beekaniif gargaara.Unkaalee jechaa beekuun immoo waa‟ee dhamjechootaa tokko tokkoon ibsuu danda‟uuf waan gargaaruuf kitaaba barataa keessatti qindaa‟ee dhiyaachuun barbaachisaadha. Robert E. Owens Jr. (1988: 27) akka ibsetti, “Dhamjechoonni: hennaa, koorniyaa, lakkoofsa, ramaddii, argisiisuufi maqaa, maqibsaafi gochima horsiisuuf gargaaru,” jedha. Moggaasa maqaa dhala namaa fudhannee yoo ilaalle hundee tokko irraa maqaaleen akka: Caalaa, Caalchisaa, Caaltuu, Caaltee, Caaliifi kkf ijaaruun kan danda‟ameef sababa kanaafiidha. Kun immoo jechoota Afaan Oromoo guddisuu keessatti bu‟aa inni qabu ol‟aanaa ta‟uun isaa beekamaadha. John Atkins (1995), “Caasaa caaslugaa kanneen akka: hennaa, ramaddii, koorniyaa, lakkoofsa, garee jechootaa jijjiiraniifi kkf argisiisan barattootaaf ibsuun barsiisuun gaarummaa qaba,” jedha. Sababni isaas, sadarkaa kanatti, barattoonni caasaalee kanneen yoo baratan dandeettii afaan isaanii haalaan akka gabbifataniif gargaara.

## 2.5. Ijaarsa jechootaan walqabatee,akkaataa dhiyaannaa dhamjechootaa kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti

Galma ga’iinsa baruu barsiisuuf akkaataan dhiyaannaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa baay’ee murteessaadha. Kitaabileen(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) qophaa’an, sadarkaa barataan kan walsimatu, barattoota kan hawwatuufi qabiyyee barattoota mariisisuuf mijatu; akkasumas, irra deddeebii kan hinqabneefi kan barattoota xiinxalsiisu danda’u ta’uu qaba. Harmer (1987:47), “KitaabniQophaa’uu kan barattoonni daree barnootaa keessatti waliin mari’achaa yookaan haasa’aa akka baratan taasisu yoo ta’e gaariidha; kunis, karaa kallattiifi alkallattii ta’uu danda’a,” jedha.Kana jechuun qabiyyeen barnoota

qophaa'uu kan barattoonni kallattiin irraatti mari'ataniifi fayyadama yookaan galumsa keessa akka barataniif kan qophaa' ta'uu qaba.Dhamjecha Afaan Oromoos kallattiifi barreeffama keessatti dhiyeessuun akka barattoonni ofiin xiinxalanii wanta barbaadame bira ga'an gochuun nidanda'ama.Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa kutaa 5fi 6 keessattis karaa alkallattiin dhamjechoota adda addaa barreeffama keessa galchuun qophaa'ee osoo dhiyaatee barattoonni akka ofiin shaakalaniif waan gargaaruuf, dhuunfaan yookaan gareen hojjetanii hubannoo gahaa akka argataniif isaan gargaara. Akkaataa dhiyaannaa dhamjechootaa kitaabilee barnoot(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo kutaa 5fi 6 bara 1996/2004 qophaa'e yoo ilaalle immoo kallattiin ibsa laachuurratti waan xiyyeeffatuuf barattoonni akka ofiin hojjetan hintaasisu. Kanaaf, qopheessitoonni sirna barnootaa qorannoo kana bu‟uura godhachuun qophii kitaaba itti aanuu keessatti haala olitti ibsame kanaan dhiyeessuu qabu.

### 2.5.1 Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo karaa kallattii yookaan ifa ta'een barsiisuu

Kun yoo ibsamu, akkaataa barattoonni hubachuu danda`aniin, karaa salphaafi ifa ta`een caasaa afaanii barsiisuu jechuudha. Harmer (1987:4) akka ibsetti, karaa kallattii ta`een caasaa afaanii barsiisuu keessatti barsiisaan mataduree qopheeffate sana erga ibsee booda, fakkeenya adda addaa kennuun barattoonnis fakkeenya kenname irratti hundaa`uun akka shaakalan godha. As keessatti kitaabile(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) waa`ee dhamjechootaa irratti ibsa gahaafi ifaa ta`e kennuun dhiyaata jechuudha. Yaada kana gabbisuuf John Atkins (1995:41) irratti, dhamjechoota: hennaa, ramaddii, koorniyaa, lakkoofsa, matima, garee jechootaa jijjiiran ilaalchisuun ibsiifi fakkeenyi gahaan kitaaba barataa keessatti qophaa`uun dhiyaachuu qaba jedha. Kun caasaa afaanii kallattiin barsiisuu waan ta'eef, ibsiifi fakkeenyi gaariin kitaaba keessatti qophaa`uun dhiyaachuu qaba jechuudha. Fakkeenyaaf; kitaabicha keessatti kan dhiyaatu dhamjechoota maqaa uumuuf gargaaran yoo ta'e, dura maalummaa dhamjechoota kanaa ibsuufi itti aansuun fakkeenya garaagaraa kennuun kan dhiyaatuudha. Barsiisaas ta'e barataan fakkeenya kenname kana hordofuun hojjetu jechuudha, jedha, (Tashoomaa, 2005).

### 2.5.2 Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa karaa Alkallattii barsiisuu

Matadureen kun kan nuhubachiisu kitaabileen(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) kun deemsa keessa barattoonni caasaa afaanii akka baratan kan taasisuudha. Kunis, tooftaalee baruufi barsiisuu adda addaan dhiyaachuu danda’a.

#### 2.5.2.1 Tuutaan ykn gareen waliin barachuu keessatti

Kitaabileen (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barattootaaf qophaa`u daree keessatti lama lamaan ykn gareen waliin barachuu yaada waliif hiruun yookaan beekumsa qaban waliif qooduun baratu taanaan gaariidha. Harmer (1987: 42) faayidaan isaas, caasaa afaanii barsiisuu qofa osoo hinta`in dandeettii dhaggeeffachuu, dubbachuu,dubbisuufi barreessuu akka cimsatan isaan gargaara jedha.Kana malees, beekumsaafi muuxannoo barattoonni duraan qaban akka waliifqoodaniif waan gargaaruuf kana keessatti dhamjechoota adda addaa akka barataniif gargaara.Fakkeenyaaf; namoonni Afaan Oromoo waliin dudubbachuun walii galtee godhan keessatti gahee dhamjechoonni qaban ol`aanaadha.Attam oolte?Akkam ooltan? Kan jedhan keessatti dhamjechoonni {-t}n matima “ati” yookaan “isheen” jedhu kan ibsan yoo ta’u; {-tan} kan jedhu immoo matima “isaan” jedhu kan ibsaniidha. Tooftaan kun afaan kan ilaalu meeshaa waliigaltee ta’uu isaatiin waan ta’eef, baratoota irraa dandeettii Afaaniifi waliigaltee gahaa ta’eetu eegama. Dandeettii Afaanii jechuun unkaa afaanichaa beekuu yoo ta’u, dandeettii waliigaltee jechuun immoo tajaajila afaanichaa beekuu jechuudha.Kanaaf, waa’ee dhamjechootaa waliin haasawaa keessa akka barataniif kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa qopheessuun fudhatamummaa murteessaa qaba jechuudha.

#### 2.5.2.2 Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti aadaa naannoofi afoolaan walqabsiisanii barsiisuu

As keessatti waanti ta`uu qabu,dhiyaannaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti aadaa naannoofi afoola adda addaa kanneen akka mammaaksa hiibboo sheekkoo ykn oduu durii,qoosaa garaagaraafi aadaalee adda addaa walqabsiisuun dhamjechoota dhiyeessuun haala salphaa ta`een akka barataniif gargaara. Brumfit C.J.fi R.A. Carter, (1986:17), “Biyyoota guddachaa jiran keessatti afoolli sirna barnootaa keessatti hammatamuun isaa guddina afaanichaaf gahee guddaa qabaata; barnootichas baay’ee jaallatamaa

taasisa; akkasumas, aadaa hawaasa afaan baratаa sanaan walbarsiisa," jedhu. Kanas gara keenyatti as fiduun afoola kanneen akka sheekkoo ykn oduu durii keessatti faayidaafi dhamjechoota itti dabaluun kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa qopheessuun barattoota kan kakaasuufi si'eessu, akkasumas, aadaa naannoo isaaniitiin walbarsiisa jechuudha. Kana malees, haala ifaa ta'een barruu qophaa'e keessatti waa'ee dhamjechootaa akka barataniif gargaara. Kanaaf, osoo aadaa naannoofi afoola kan akka sheekkoo,hiibboo, mammaaksa, oduu duruufi kkf. keessatti dhamjechoota adda addaa qopheessuun kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessaatti hammachiisuun bu`aan isaa ol'aanaa ta'a. Sababni isaas, afoola kana keessatti dhamjechoota hortee: danooma maqaafi maqibsootaa; ramaddiiwwan argisiisan; hennaa darbe, gocha raawwatamaa ture; matimaafi antima mul'istoota; walsimannaa matimaafi gochimaa mul'isan dhiyeessuun barsiisuun nidanda'ama. Kitaabileen(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa akkaataa ibsame kanaan qindaa'ee dhiyaachuu dhabuun barattootaan hawwatamuu isaa xiqqeessuu danda'a.

### 2.5.3 Haala qabatammaa ta`een dhiyeessuu

Mata duree kana keessatti kan nuhubachiisu,haalli kun kan xiyyeeffatu haala qabatamaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa qophaa`uuti. Barattoonni maal beekuu qabu kan jedhu yookaan maal barachuu barbaadu kan jedhuun walsimsiisuudhaan qophaa'ee hojii irra ooluu qaba. Kan kun irratti xiyyeeffatu: fedhii barattootaa, haala qabatamaa Kana jechuunis, kitaabileen(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa yeroo qophaa'u, qabiyyee isaa keessatti wantoota qabatamaan naannootti argaman aadaafi duudhaa hawaasaa barsiisu waliin walqabsiisuun dhiyeessuun bu'a qabeessa ta'uu isaa argisiisa. Dabalataanis, Caasaaleen haaraa yemmuu qophaa'an, unka afaanichaa qofa osoo hinta'in tajaajila unkaan afaanii sun ooluuf waliin walqabsiisuun qophaa'ee dhiyaachuu qaba, (Richards and Rodgers 2001:1). Kana irraa ka`uun, qaamni sirna barnootaa qopheessu: akkaataa uumamaa, seeraafi haala hormaata jechootaafi unka caasaa haaraa qophaa'u sanaa; fakkeenyaaf, unkaafi tajaajila dhamjechootaafi kkf irratti hubannoo gahaa qabaachuu qaba. Egaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) kana keessattis, faayidaa dhamjechootaa murteessuun dhiyeessuun barumsicha qabatamaa taasisuuf gargaara. Kanneen hawaasa naannookeessatti argaman, duudhaafi aadaa hawaasaati.

### 2.5.4 Kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti qabatamaa irraa gara dimshaashaatti dhiyeessuu

Mata dureen kun kan nuhubachiisu, adeemsa caasaan afaanii kitaabile(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti ittiin qophaa'ee barsiifamu ta'ee, seera waan barachaa jiranii akka ofii isaaniin bira gahan gochuuf gaaffilee qabatamaa adda addaa ibsuun eegala.Dursa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti ibsi fakkeenya gabaabaa waliin barattootaaf waan dhiyaatuuf fakkeenya kenname irratti hundaa'uun caasaa afaanichaa akka baratan taasisa. Yaada kana keessatti fakkeenyi kennamu seera waliigala afaanichaa kan mata duree kenname akka barataniif gargaaruudha. Akka fakkeenyaatti waa'ee dhamjechoota danooma mul'isanii kan dhiyeessu yoo ta'e, kana irraa ka'uun waa'ee dhamjechoota waliigalaa akka ofiin barataniif kan qopheessu ta'uu qaba, (Fireman,2000:19).

### 2.5.5 Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti dimshaashaa Gara qabatamaatti dhiyeessuu

Mata dureenkun kan nuhubachiisu, kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti erga seerri murtaa'aan tokko ibsameen booda fakkeenyiifi gilgaalonni dhiyaatan karaa to'atamaa shaakalsiisuuf kan qophaa'uudha. (Tashoomaa,2005:216). Kunis, fakkeenyaan yoo ibsamu dhamjechoota maqibsa adda addaa uumuu keessatti tajaajila kennan erga ibsameen booda, fakkeenya bal'aa kennuun ibsuudha. Fakkeenya kenname kana irratti hundaa'uun barattoonni dhamjechoota biroo maqibsoota adda addaa kenname keessaa akka addaan baasaniif kan shaakalsiisuudha, jedha.Kana jechuun dhamjechoota maqibsa uumuuf gargaaran erga ibseen booda, fakkeenya adda addaa kan dhiyeessuudha. Egaa, barattoonnis, gilgaala kitaabicha keessatti dhiyaate irratti hundaa‟uun dhamjechoota maqibsa biroo uumuuf gargaaran jechoota kennaman keessaa akka addaan baasan shaakalsiisuuf kan qophaa‟u ta‟uu qaba jechuudha.

### 2.5.6 Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti fakkeenyaan deeggaranii akka hubatan gochuun dhiyeessuu

Mata dureen kun kan nu hubachiisu, caasaa afaanii barsiifamuuf qophaa`e fakkeenya kenname keessatti akka hubatan kan taasisuudha. Harmer (1987:42) "Mataduree barsiifamuuf qophaa'e, himoota adda addaa keessa galchuun caasaa afaanii barsiisuun barbaadame sana gurraachessuun yookaan jala muruun ilaalanii akka addaan baafatan mala taasisuudha," jedha. Akka

fakkeenyaatti dhamjechoota: hennaa, danooma, koorniyaa, ramaddiifi kkf. agarsiisan jala muruun kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti dhiyeessuun barattoonni haala salphaa ta'een caasicha akka baratan kan taasisuudha. Walumaagalatti, yaadolee hayyoota armaan olii irraa argame kan ibsu, barnoota afaanii keessatti tooftaalee adda addaa gargaaramuun caasaalee afaanii dhiyeessuun guddina afaanichaaf barbaachisaa akka ta'e cimsee argisiisa.

## 2.6 Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Barnoota Afaanii qopheessuufi seerota isaa

Mata dureen kun kan nuhubachiisu,akkaataa qophii seerota kitaaba barnoota afaanii asii gadii keessaatti mul'atutti, ijaarsa jechootaafi dhamjechootaaf xiyyeeffannoo kennuu kan jedhu kallattiin mata duree qorannoo kanaan waan walqabatuufi xindhamjecha jalatti waan qoratamaniif, qabiyyee barnoota Afaan Oromoo keessatti faayidaafi akaakuu dhamjechootaa ibsuu irratti xiyyeeffachuun kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa qopheessuun barbaachisaadha.Slobin (1978: 301) seerota qophii kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota afaanii torba ibsee jira. Isaanis:

- Jechoota afaanichaa irratti xiyyeeffachuu,
- Dhamsagoonni jechoota afaanichaa sirnaan qindaa'uu,
- Ijaarsa jechootaafi dhamjechootaaf xiyyeeffannoo kennuu,
- Irra deddeebiifi kan nama danqan caasaa xinqooqaa afaanichaa keessaa hambisuu,
- Hariiroo hiikaa jechootaa haala ifa ta'eefi qulqullina qabuun dhiyeessuu,
- Qabiyyee dhiyaachuu qabu guutummaan dhiyeessuu,

Faayidaa hiikni caasaa afaanichaa waliin qaban adda baasanii ibsuu kan jedhanidha. Harmer (1987:10) akka jedhutti, " barsiisonni unka maalii akka barsiisaniifi unkichi tajaajila maaliif akka oolu murteessuun barbaachisaadha," jedha.Kana jechuun qophii kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti tajaajilli unkaaleen dhamjechootaa jechoota garaagaraa keessatti argaman oolaniif maaliif akka barsiifaman tokko tokkoon ibsamee barattootaafi barsiisaaf dhiyaachuu qaba jechuudha.

## 2.7 Kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa gaariifi ulaagaalee ittiin filataman

Richardsfi Renandyan (2002:65) "Kitaabileen(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa, kan barsiisu qofa osoo hintaane; kan madaalus ta'uu qaba," jedha. Bu'uuruma kanaan, kitaabni barnootaa gaariin ulaagaalee kanaa gadiitiin qophaa'uu qaba. Kitaabichi kaayyoo barnootichaa kan of keessatti hammate ta'uu qaba. Kitaabileen(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) jiruufi jireenya barattootaa ilaalcha keessa kan galchu ta'uu qaba. Gilgaalaafi dalagaaleen adda addaa qabiyyee boqonnichaan walsimee dhiyaachuu qaba. Kitaabileen(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) kan hamilee barattootaa ijaaru ta'uu qaba. Kitaabileen(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa hawwataa ta'uufi dogoggora maxxansaa irraa bilisa ta'uu qaba. Umurii, fedhiifi garaagarummaa dhuunfaa barattootaa giddugaleessa godhachuu qaba. Egaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6 bara 1996/2004 qophaa'e kun dogoggora maxxansaa jechuun kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa hanqina walsimannaa qabiyyee dhamjechootaa waan qabuuf xiyyeeffannoon itti kennamuun irra deebi'amee ilaalamuu qaba.

## 2.8 Kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa afaaniifi ulaagaalee madaallii isaanii

Mata dureen kun kan nuhubachiisu, deemsa baruufi barsiisuu keessatti qabiyyeen kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti argaman yeroo yerootti madaalamaa deemuun kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) haala yeroo faana fooyyessuuf murteessaadha.Kunis, hanqinaafi cimina jiru adda baasuun hanqina isaa fooyyessuun cimina isaa qabatanii itti fufuuf gargaara.Bu`a qabeessummaa kitaaba barnootaa tokkoof, kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa kana ija ogummaatiin xiinxalamee erga madaalamee booda fooyya`uu qaba. Richards (2001:258), Conningsworth (1995), wabeeffachuun, ulaagaalee kitaabileen(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa ittiin madaalaman:

- Adeemsa afaan baruu barsiisuu haalaan kan mijeessu ta'ee; tooftaa barsiisuu muraasaan kan hindaangeffamne ta'uu qaba.
- Kitaabileen(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) fedhii barattootaa; akkasumas, kaayyoofi galma barnoota afaaniitiin kan walsime ta'uu qaba.

- Barnooticha keessatti kan qophaa'uu qabu, qabiyyee afaanichaa kan barsiisuufi kan barataa giddugaleessa godhate ta'uu qaba. Akkuma olitti ibsame tooftaan barsiisuu kallattii tokko qofaan kan dhiyaatu osoo hintaane, afoola adda addaa keessatti dhamjechoota dhiyeessuun barsiisuun akka danda‟amu ibsa.
- Dhimma barnoonni afaanichaa baratamuuf kan hojiirra oolchuufi barattoota bu'a qabeessa taasisee kan dhiyeessu ta'uu qaba.

## 2.9 Yaaxxina Qorannichaa

Mata- duree kana keessatti xindhamjechaa, akaakuu dhamjechaafi qabiyyee dhamjechootaa Afaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,kitaab barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti qophaa`anii jiran akkamitti qophaa`anii akka jiraniifi dhiyaachuu akka qaban beekumsa hayyoonni garaagaraa gumaachan hayyootaan walitti fiduun Hojjechuudha.Kanarraa ka`uudhaan qorannoon kunis yaaxinni iit fyyadameeru, yaaxina caaseffamaati.Chomesky (1965:163).

*Yaaxinni caaseffamaa seeraafi caasaa afaanii ibsuu irratti xiyyeeffata,Kunis xyyeffannoon caasaa sadarkaa kanaas amala jechoonni bu`uuraafi jechoonni ijaaraman qabaniifi seerota isaan ittiin to`ataman ibsuudha.Kun immoo garaagarummaa dhamjechaafi jecha addaan baasuurraa eegala.Dhamjechifi jechi garaagarummaas,tokkummaas ni qabu.Kunis kitaaba keessatti akkamitti akka dhiyaachuu qaban nama hubachiisa.*

Itti dabalees yaada O`Grady 1996;Chomosky 1957, dhiyeessan waliin wal fakkaata. Kanaaf, qorannoon kunis, caasaa qabiyyee dhamjechoota Afaan Oromoo kitabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti argaman waan ibsuuf yaaxina kan gargaarameera.

## 2.10 Sakatta'a Barruu Wal-fakkii

Barruuleen ilaalaman kunneenis,wal fakkeenya xindhamjecha waliin qaban kan ibsudha.Askeessatti kan dhiyaatu tokkummaafi garaagarummaa qaban sakata`amee dhiyaata.Haata`u malee qorannoo kana qorannoolee jiran irraa guutummaa guutuutti adda kan isa godhu, kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Afaan Oromoo kutaa 5ffaafi 6ffaa sadan(3)n isaanii walbira qabee qorachuun isaa adda isa taasisa.Itti dabalees mata-duree kanaan kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Afaan Oromoo

kutaa 5ffaafi 6ffaa irratti gaggeeffamuun isaa isa jalqabaa waan ta`eef.kun immoo guutummaa guutuutti adda isa taasisa.

Abbabaa(2010) "walsimannaa qabiyyee silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa; xiyyeeffannoo barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaa" jedhurratti kan hojjetamedha. Haalli qophii isaa,haala walsimannaa qabiyyee Afaan Oromoo kutaa 12ffaa kan ilaaludha. Kunis,barreeffamichi sirna barnoota duraa yookiin isa moofaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaa irratti kan gaggeeffamedha..Kanaafuu,kunis qorannoo haaraa kana faana tasumaa wal hinfakkaatu.Dabalataanis,qorannoo kana kanneen biroo irraa adda kan isa godhu kitaabilee (Silabasii,kitaab barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Afaan Oromoo kutaa 5ffaafi 6ffaa sadan(3)n isaanii waa`ee dhiyaannaa xindhamjechaa irratti hundaa`ee walbira qabee qorachuu isaa adda isa taasisa.

Ijaaraa (1999) "Haala dhiyeessa barnoota xiinlatii Afaan Oromoo,manneen barnoota qophaa'ina godina Baalee keessatti" jedhurratti kan hojjetamedha.Haalli qophii isaa,haala xiinlatiin Afaan Oromoo manneen barnoota qophaa'ina Oromiyaa keessatti itti barsiifamu qaban kan xiinxaludha .Kunis,barreeffamichi sirna barnoota duraa yookiin isa moofaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa irratti kan gaggeeffamedha.Kan biroo,haala xinlatiin Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti itti barsiifamu kan xiinxalu yoo ta'u.Kanaafuu,kunis qorannoo haaraa kana faana tasumaa wal hinfakkaatu. Dabalataanis,qorannoo kana kanneen biroo irraa adda kan isa godhu kitaabilee(Silabasii,kitaab barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Afaan Oromoo kutaa 5ffaafi 6ffaa sadan(3)n isaanii walbira qabee qorachuu isaa adda isa taasisa.

Temesgen (1993) "Word formation in Oromo" yookiin haala uumamaafi hormaata jechoota Afaan Oromoo ilaalchisee, qophaa'e yoo ta'u,haalli qophiii isaas,jechoonni Afaan Oromoo akkamitti akka uumamaniifi horan,akkasumas,akkaataa jechoonni walitti makamuun jechoota haarawaa itti uumuu danda'an Afaan Ingilizii wajjin wal-bukkee qabee,tokkommuumaafi garaagarummaa isaan qaba ibsuuf tattaaffii godheera. bu`aan isaa kana jedhee ykn akkasitti qophaa`uu qaba jedhee waa tokko illee eertuu hin laanne.Itti dabalees fakkeenya qabatamaa kanneen akka akaakuu dhamjechootaatti fayyadamee hin keenye. Kanaafuu,kunis qorannoo haaraa kana faana tasumaa wal hinfakkaatu. Dabalataanis,qorannoo kana kanneen biroo irraa adda kan isa godhu kitaabilee(Silabasii,kitaab barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Afaan Oromoo kutaa 5ffaafi 6ffaa sadan(3)n isaanii walbira qabee qorachuu isaa adda isa taasisa.

Baye (1981)Dhamjechoota adda addaa fayyadamuun afaan oromoo keessatti deemsa akkamiin jechoonni ofitti maxxanfachuun maqaafi maqibsii mul`isuu danda'an irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u,innis,haata`u malee hojiirra oolmaa keessatti haala akkasiin dhiyaachuu qaba jedhee wanti eerame hin argamu. Kun immo haala ammaa waliin hin deemu. Kanaafuu,kunis qorannoo haaraa kana faana tasumaa wal hinfakkaatu. Dabalataanis,qorannoo kana kanneen biroo irraa adda kan isa godhu kitaabilee(Silabasii,kitaab barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Afaan Oromoo kutaa 5ffaafi 6ffaa sadan(3)n isaanii walbira qabee qorachuu isaa adda isa taasisa.Dabalees, qorannoon kun dhiyaannaa xindhamjecha Afaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,kitaab barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 haarawaa qophaa'anii hojiirra jiran qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatedha.

Dimshaashumatti,yaada hayyoota kanneenii yoo madaallu, xindhamjecha Afaan Oromoo garaagaraarrattiifi haala ijaarsaafi uumama jechoota Afaan Oromoo adda addaarratti bu`uureffachuun kan dhiyeeffamanidha.Yoo wal biratti ilaalamu,tasumaa qorannoo kana waliin adda isaan taasisa.Dabalataanis,qorannoo kana kanneen biroo irraa adda kan isa godhu kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Afaan Oromoo kutaa 5ffaafi 6ffaa sadan(3)n isaanii walbira qabee qorachuu isaa adda isa taasisa.Akkasumas,barri isaan itti qophaa`aniifi afaan isaan ittiin barreeffaman Afaan biraatiin.kanaan isaan adda ta`anii mul`atanii.Mata-duree kanaan kan wal fakkaatan qorannoo kan biraan jirachuu danda`a.Qorataa kan mudatee kanneen armaan olii ta`uu isaa,hubachuun nama hin rakkisu.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

Boqonnaa kana keessatti kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota afaan oromoo kutaa 5 fi 6 irratti gaggeessuuf qabxiiwwan saxaxa qorannichaatu ibsama, Qabxiileen kunis kanneen akka maddoota ragaalee,mala filannoo iddattoo,meeshaalee ragaaleen itti funaanamu,adeemsa ragaleefi mala qindaa`inaafi qaaccessa ragaleetu dhiyeeffamee jira. Kunis haalli deemsi duraa duuba isaa eeggatee haala armaan gadiitti taa`eera.

## 3.1 Saxaxa Qoronnichaa

Mata-duree kana keessatti deemsa qorannoo kanaa mijachuu danda`uun filachuun dirqama ta`a.Kunis kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo irratti gageessuuf malleen qorannoo kana gaggeessuu mijatan ni jiru.Tooftaaleen qorannoo adda addaa akkuma jiranitti ta`ee,kanneen jiran keessaas mala ammamtaafi akkamtaa isaan tokkodha. Malli ammantaa raga lakkoofsaan safaramu funaanuuf kan tajaajilu yoo ta’u; malli akkamtaa ragaalee lakkoofsaan hin ibsamne sassaabuufyookaan funaanuuf kan gargaarudha. Malli qorannoo lamaan kana waliin makuudhan qorannoon gaggeeffamu mala makoo jedhama (Addunyaa, 2011). Kana irraa ka`uun qorannoo kunis akaakuu qorannoo kanneenii keessaa qorannoo makoo yoo ta’u; saxaxni isaa ibsa makootiin akka hojjetamu ta’eera.Gosa qorannoo kanaan akka hojjetamuuf kan taasifameefis, mala akkamtaafi ammamtaatiin ragaan funaanamee waan qaacceeffameefidha. Itti dabalees, qorannoo kun meeshaalee odeeffannoo sakatta’insaa gargaaramuun dhihaannaa qabiyyee caaslugaa kitaabileen(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Afaan Oromoo kutaa 5fi 6 yommuu xiinxalaman; barsiisonni gama dhihaannaa xindhamjechaan ilaalchisee rakkoolee yookiin hanqinaalee jiranirratti gaaffiilee gaafatamaniif akka deebisan ta’eera. Akkataan dhihaanna qabiyyee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Afaan Oromoo kutaalee 5fi 6 keessatti mul’atan adda baasuuf qorannoon kun yammuu gaggeeffamu; meeshaalee ragaan ittiin funaanameefi dhihaatu, akkaataa iddattoo filachuu, mala qindaayinaafi qacceessi isaa dhihaatee jira.

## 3.2 Maddoota Ragaalee

Mata dureen kun kan nuhubachiisu,qorannoo kana hojjechuuf akka madda ragaatti na gargaaru jedhee kan ani filadheen itti gargaarame, siilabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6ffaa qophaa’an,barsiisota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6ffaa barsiisaniifi barsiisanii beekanidha. .

### 3.3. Mala Filannoo Iddattoo

Mata duree kana keessatti qorannichaaf odeeffannoo barbaachisu argachuuf namoota kallattiin dhimmicha waliin walitti dhufeenya qaban barsiisotaa Wiirtuu Gurmuu Manneen Barnootaa Jaarmat kunis manneen barnootaa afur kan of keessatti qabu keessatti barsiisanii, mala iddatteessuu mit-carraa keessaa,iddatteessuu akkaayyootti gargaarama.Sababni qorataan mala kana filateefis,haala baruu-barsiisuu xindhamjecha Afaan Oromoo irratti mul'atan ilaaluun,hanqinaalee jiran adda baasuufi furmaata kennuuf filatama jedhee waan yaadeef. Barsiisonni WGMB keessatti kutaa kana barsiisan digdama yoo ta'an hundi isaanii filannoo iddattoo keessatti hammatamaniiru.Itti dabalees iddatteessuu akkayyootti gargaaramuun barsiisota kanaan dura kutaa 5 fi 6 barsiisanii beekan lama filatamaniiru.

Akkasumas silabasii,kitaabileen barataafi qajeelchi barsiisaa barnoota Afaan Oromoo akka iddattootti filatamaniiru.

### 3.4 Barsiisota

Barsiisota waliigala Wiirtuu Gurmuu Manneen Barnootaa Jaarmat keessatti Afaan Oromoo barsiisan digdamii lama keessaa barsiisonni kutaa 5 fi 6ffaa Afaan Oromoo barsiisan yoo ta'an, afgaaffiifi bargaaffii qophaa'eefi mirkaneeffannaa silabasii,kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa irratti akka qooda fudhataniif mala iddatteessu akkaayyoo/purposive sampling /tiin filataman.Kutaa barsiisonni kunneen seenanii barsiisan ilaalchisee, barsiisonni sadii kutaa 5ffaa daree shaniifi barsiisonni afur kutaa 6ffaa daree shan m/b jaarmati sadarkaa 1ffaa keessatti kan amma barsiisaa jiran yoo ta'u,barsiisoonni afur immoo,m/b Tuulluu Dhiinsaa keessatti kanaan Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 barsiisanidha.Itti dabalees barsiisonni shan immoo m/b Dargee Kootichaatti Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 barsiisanidha.Akkasumas barsiisonni afur m/b Tuulluu Kormaa keessatti Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 barsiisanidha. Barsiisonni lama immoo kanaan dura Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 barsiisanii kan beekanidha.Kanaafuu,haalli filatamuufi hirmaachuu isaanii kallattiin kan isaanuma ilaallatu ta'uudha. Karaa biraatiin,seen-duubee dhuunfaa barsiisota kanneenii ilaalchisee, umuriin isaanii giddu-galeessaan waggaa 26-44 kan ta'u yoo ta'u,tajaajilli isaan hojii barsiisummaa irratti qaban waggaa 8-22ti.Akkasumas, sadarkaan barnoota isaanii barsiisonni kudha-torba Afaan Oromootiin digirii **1ffaa** kan qaban yoo ta'u,barsiisonni shan,Afaan Oromootiin dippiloomaa kan qabanidha.

### 3.5 Meeshaalee Ragaaleen Ittiin Funaaname

Askeessatti qorataan qorannoo kanaaf odeeffannoo sirrii yookaan dhugaa ta’e argachuuf meeshaalee ragaan ittiin funaanee qindeeffatu  keessaa inni tokko qaaccessa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6ffaa qophaa’anidha.Lammaffaan, odeeffannoo afgaaffiifi bargaaffiin walitti qabamudha.Afgaaffiifi bargaaffiin kunis  barsiisota irraa, dhiyaannaa xindhamjechaa Afaan Oromoo kutaa 5fi 6 maal akka fakkaatu irratti ragaa funaanuuf kan qindaa’edha.

#### 3.5.1 Sakatta’a Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Barnoota Afaan Oromoo

Askeessatti qoarannoo kana gaggeessuuf maddi odeeffannoo inni duraa kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa barreeffamanii dhiyaatanii jiranidha.Kana irraa ka`uun,dhiyaannaa qabiyyee dhamjechoota kitaabilee kana keessatti dhiyaatan ilaalchisee,ragaa funaanuuf jecha qoratichi qaaccessa dhiyaannaa dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo,kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa akka meeshaa qorannoo tokkootti itti fayyadameera.Kanumarratti ragaa barbaachisaa ta’an argachuuf immoo,qabxiilee mirkaneeffannaa qaaccessa kitaabilee,qabiyyee dhamjechootaa agarsiisan ykn ilaallatan dursee qopheeffachuun barsiisotaaf raabsuun akka guutaman godhameera.

#### 3.5.2 Afgaaffii

Meeshaalee qorataan odeeffannoo ittiin walitti qabatu keessaa inni biroon afgaaffiidha. Afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaatu immoo,barsiisonni Wiirtuu Gurmuu Manneen Barnootaa Jaarmat dhiyaannaa qabiyyee xindhamjechaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaatan adeemsa baruu-barsiisuu galmaan ga’uu keessatti maal akka fakkaatan yaada isaanii jechaan akka ibsaniif kan qophaa’udha.Afgaaffiin barsiisotaaf qindaa’ee dhiyaatus,caasaa dhamjechootaa bu’uura kan godhatudha.

Afgaaffiin kun barsiisota Wiirtuu Gurmuu Manneen Barnootaa jaarmat Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6ffaa barsiisan digdamaafi kanneen kanaan dura barsiisanii beekan barsiisota lamaaf dhiyaatudha. Afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaatu kun baay’ina gaaffii isaa  kudhan yoo

ta’u,gaaffileen hunduu banaa (open-ended)dha.Kunis kan filatameef barsiisonni yaada isaanii daangaa tokko malee akka ibsan barbaadameeti.

### 3.5.3 Bargaaffii

Barbaachisummaan bargaaffii kanaa tarii ragaan qorannichaaf barbaachisu afgaaffii gaafatame keessatti osoo hin mul`atiin yookaan hin dubbatamiin miliqanii hafan argamuu danda`u jedhamee itti yadameeti qophaa`eera.Haalumaa kanaan qorataanis yaada dabalataa argachuuf jechaa haala dhiyaannaa xindhamjechaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6ffaa qophaa’an keessatti argaman qaaccessuuf gaaffilee caaseffaman barsiisota gaafata. Sababni bargaaffiin akka meeshaa qorannoo tokkootti akka dhiyaatu ta’eef,inni lammafaa barsiisonni waan barsiisaa jiraniif, dhiyaanaa dhamjechaa xiinxaluun yaada bilisaan ni kennu jedhee waan yaadeefidha.Inni sadaffaa immoo,bargaaffiin kun kan fudhatameef barsiisonni kaayyoo yaadameef waan beekan sodaa tokko malee bal`inaan ni kennu jedhee waan yaadefidha.Yaadni arfaffaas,al-tokkotti beektota kana irraa yaada argachuufuu karaa salphaa ta`ee waan mul`ateefidha.Kanarraa ka`uun,baay’inni barsiisotaa walii galaa filataman, digdamii lama yoo ta’an,isaan kunis gaaffii deebisuuf kan irratti hirmaatanidha. Bargaaffiin barsiisotaa kunis haalli ittiin dhiyaate immoo, caasaa cufaan / close-ended /tiin ta’ee, gaaffilee kudha-shan kan of keessatti qabatedha.

## 3.6 Mala qindaa’inaafi qaaccessa Ragaalee

Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 irratti xiyyeeffatee ragaaleen qorannoo kanaaf sirriitti gargaaru jedhamee yaadame meeshaalee garaagaraatiin eddo tokkotti funaanamaniiru. Qindoominni ragaalee qorannoo kanaas ,mala qorannoo makaa gargaaramuun kan qaaccessamedha.Mala kana akka hordofuuf sababa kan ta’eefis,Akkaataa ragaaleen ittiin funaanamuufi argamurratti hundaa’uun malleen qorannoo akkamtaafi ammamtaatti fayyadamuun ragaa argamu eddoo itti dhiyeessuufi qindeessu ta`anii waan argamaniifi.Ragaan qaaccessa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo irraa argamu mala qorannoo akkamtaan ibsameera.Akkasumas,ragaan afgaaffii barsiisotaa irraa argamu mala qorannoo akkamtaan kan ibsamu yoo ta’u,ragaan kunis kallattumaa deebii barsiisota irraa argameen qaaccessama.Karaa biraatiin,ragaaleen bargaafii barsiisotaa,gara lakkoofsatti geeddaramuun mala qorannoo ammamtaatiin qaaccessamee

ibsameera.As keessatti jalqaba irratti lakkoofsa barsiisota gaaffii bargaaffii tokkoof yaada yaada tokko ta`e deebisaniif lakkaa'uun eddoo tokkotti funaanama taasifama.Baay`ina isaaniis dhibbeentaa (%)tti deebisuun kanneen wal hin fakkaanne gaaffiiwwan hundumaa gabatee keessatti tarreeffamaniiru.Itti aansuun hiikni isaaniifi ibsi gahaan itti kennamee qaaccessameera.

Dimshaashumatti, Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 irratti xiyyeeffatee ragaaleen argaman haala armaan oliitti eerameen walitti funaanamee qaaccessameera.Itti aansuun,ragaalee irratti hundaa`ee waliigala argannoo isaan irraa argame ibsi itti kennameera.Itti dabalees,argannoo argame irratti xiyyeffachuun, Furmaanni ni argama jedhamee eegame xumurarratti kaa`ameera.

## BOQONNAA AFUR:ODEEFFANNOO QAACCESSUU

Boqonnaa kana keessatti Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 irratti xiyyeeffatee odeeffannoo meeshaalee adda addaatiin walitti qabametu qaccessame

### 4.1 Qaaccessa Dhiyaannaa Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa)barnoota Afaan Oromoo

Qabxii kana jalatti qabiyyeewwan xindhamjechaafi dhamjechaatu qabxiilee mirkaneeffannoon deeggaramuun kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota keessaa funaanamtu qaacceffama.

#### 4.1.1. Qaaccessa qabiyyee xindhamjechaa,ijaarsa jechootaan walqabatee kitaabilee (Silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6 keessatti

Adeemsa baruu-barsiisuu keessatti haala meeshaaleen barnootaafi qabiyyeen barnootaa ittiin qophaa’an adda baasanii beekuun galma ga’iinsa sagantaa barnootaaf wantoota barbaachisan keessaa isa dursaadha (McDonough and Shaw,1993).Akaakuun barnootaa qophaa’u tokkos sadarkaa barattoonni irra jiranirratti hundaa’ee akka qophaa’uu qabu barreessitoonni kun ni’ibsu.Haaluma kanaan,dhiyaannaan qabiyyee xindhamjechaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6 qophaa’an keessatti argaman mirkaneeffannaa barsiisonni kennan irratti hundaa’uun qaaccessameera.

**Gabatee(1): Qaaccessa dhihaannaa qabiyyee xindhamjechaa,ijaarsa jechootaan walqabatee kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 5 keessatti argaman**

| | Qabiyyee Xindhamjechaa KBAO Kutaa 5 Keessatti | Boqonnaa Jalatti Hammatame | Gilgaala Jalatti Hammatame | Fuula Irratti Argamu |
|---|---|---|---|---|
| **1** | Jechoota unka jijjiirratan | Boqonnaa 4 | Gilgaala<br>Jechoonni horsiisuu,horsiisa jedhaman jiru.Jechootahaala kanaanunka jijjiirratan sadii gabatee gadii keessatti guuti. | 10 |
| **2** | Maxxaantoota | Boqonnaa 5 | Gilgaala 5<br>*Jechoota maxxantoota qaba baasii barreessi.<br>*Jechoota gadii irraa maxxantoota baasii barreessi.Gilgaala 6<br>digdamatti,seeraan,dhufuudhaan,harkaaf.<br>*Jechootatti maxxantoota barbaachisan dabalii hima kenname xumuri.Gilgaala7<br>-Dureen kaleessa sa`aatii lama----dhufte.<br>-Dhufeesigaafachuu----hawwiin qaba. | 13<br><br><br>14<br><br><br><br>14 |
| **3** | Sagalee dheeraafi gabaabaa | Boqonnaa 5 | Gilgaala 4<br>Jechoota sagalee dheeraafi gabaabaa qaban shan barreessi. | 13 |
| **4** | Irra buta | Boqonnaa 5 | Gilgaala 4<br>Jechoota irra buta qaban afur barreessi dubbisi. | 13 |
| **5** | Qooda maqaalee | Boqonnaa 13 | Gilgaala 3<br>Walitti firoomsi<br>A B<br>-Eedsiirraa of eegi -ati<br>-Eedsiirraa of eegi -nuti<br>-Eedsiirraa of haa eegnu -isin | 39 |

Gabateen 1 armaan olii akka ibsutti, qabiyyeewwan xindhamjechaa KBAO kutaa5 keessatti argaman jechoota unka jijjiirratan, maxxantoota, sagalee dheeraafi gabaabaa, irrabutafi Qooda maqaalee kan jedhu ture. Jechoota unka jijjiirratan jedhu Qajeelcha Barsiisaa keessatti immoo jechoota horsiisuu jedha.Silabasii keessatti immoo waan kaa`e tokko iyyuu hin qabu.Itti dabalees boqonnaa garaagaraa keessatti itti fufinsaan hin argamu.Akkasumas kitaabni barataa,Qajeelchi barsiisaafi Silabasiin ergaan isaan dabarsan wal hin argatu. Dabalataanis, qabiyyeewwan eeraman kanneen boqonnaawwan gabatee keessatti eeraman muraasa qofa keessatti mul’atu.

Gama biraatiin, qabiyyeewwan gabatee keessatti eeraman kanneeniitti ibsi kenname tokkollee hinjiru.Barataaf ibsa osoo hinkeenniin akka dalagu qofa ajaja dabarsa.

**Gabatee( 2) Qaccessa Qabiyyee Xindhamjechaa,ijaarsa jechootaan walqabatee kitaabilee barnoota Afaan Oromookutaa 6ffaa keessatti argaman**

| | Qabiyyee Xindhamjechaa KBAO Kutaa 6 Keessatti | Boqonnaa Jalatti Hammatame | Gilgaala Jalatti Hammatame | Fuula Irratti Argamu |
|---|---|---|---|---|
| **1** | Unka Jechootaa jijjiiruuf | Boqonnaa 7 | Gilgaala 5<br>Bakka duwwaatti jechoota unka sirrii qaban guuti.<br>*Jeequu,jeeqamuu,jeeqamaa,jeequmsa.<br>*Eeguu,-----------,--------,------------<br>*Oomishuu,------,--------,----------- | 20 |
| **2** | Walqabsiistota | Boqonnaa 15 | Gilgaala 4A<br>Himoota armaan gadii keessaa faayidaa walqabsiistotaa walitti himaa.<br>*Ayyaanaa yookiin Ayyaanee gaafadhu.<br>*Roozaa akkasumas obboleetti ishii waami.<br>*Hojiif beekumsaafi fedha barbaada. | 48 |
| | | Boqonnaa 15 | Gilgaala 4B<br>Walqabsiistotaarmaan olii keessaa filii bakka duwwaa guuti.<br>*Leensaa-------Iftuun fiigichaatti beekamoodha. | 48 |
| | | Boqonnaa 15 | Gilgaala 4C<br>Akka himoonni gadii walitti qabsiifaman hubachuun,himoota kennaman walqabsiisi.<br>*Ahimad akka gaariitti qu`ate.<br>*Ahimad qorumsa darbe. | 49 |
| **3** | Jechoota sagalee laafaafi jabaa | Boqonnaa 8 | Gilgaala 8<br>Jechoota sagalee laafaafi jabaa of keessaa qaban addaan baasii barreessi.<br>*mala,adda,qorra,guba,madda,tola | 23 |
| **4** | Jechoota lama lamaan walitti hidhaman. | Boqonnaa 9 | Gigaala 3<br>Walitti firoomsii jecha tokko taasisi.Hiika isaanii irratti mari`adhu.<br>A B<br>*Sab- *duree<br>*Qub- *lamee<br>*Mana- *tokkee<br>Mata- *qunnamtii | 26 |
| **5** | Maxxantoota | Boqonnaa 12 | Gilgaala 4<br>Jechoota kennamanitti maxxantuu siirrii itti dabali.<br>*sangaa *hamaa *boolla<br>*mucaa *ishee *siree | 39 |

Gabateen 2 armaan olii akka ibsutti qabiyyeewwan jechootaa kan isaan argaman irra caalatti boqonnaa tokko keessattidha. Boqonnaa gara boqonnaatti guddachaa deemuun kan mul’atu miti. Qajeelcha barsiisaafi silabasii keessattis haaluma walfakkaatuun mul’atu.Qabxileen mirkaneeffannaa kana keessatti dhimma itti bahame immoo, qabxilee shan kanneen haala argama dhamjechootaa waliin wal-qabatan mul’isan,E) Haala baay’ee gaarii ta’een,D) Haala gaarii ta’een,C) Haala giddu-galeessaan,B) Gadaanaadhaafi A) Haala ifa hintaaneen kan ibsaman yoo ta’an, haala argama isaanii ilaalchisee jala isaaniitti mallattoo (x)n erga kaa’amee booda ibsi itti kennameera.

**Gabatee( 3): Ijaarsa jechootaan walqabatee,Dhiyaannaa Xindhamjechaa, Kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) Keessatti**

| Lakk. | Qabiyyeewwan Qaaccessaman | Mul’istuu | | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Gosa kitaabaa | | | | | | | | | | | | | | |
| | | Silabasii | | | | | Kittaba Barataa | | | | | Qajeelcha Barsiisaa | | | | |
| 1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa Xindhamjechaa kitaabilee (Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa)keessatti | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A |
| 1.1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechi maal akka fakkaatuufi akkamitti akka baratamu qabiyyee kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti eeramee jiraa? | | x | | | | | x | | | | | x | | | |
| 1.2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,garaagarummaa jechaafi dhamjechaa adda bahee kitaabilee (Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti fakkeenya waliin ibsameeraa? | | x | | | | | x | | | | | x | | | |
| 1.3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,firjechiifi dhamjechi maal akka ta’an kitaabilee (Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti eerameeraa? | | | x | | | | | x | | | | | x | | |

Akkuma gabatee 3 irraa hubachuun danda’amutti qabxilee gabatichaa keessatti dhiyaatan ilaalchisee, ijaarsa jechootaan walqabatee,qabiyyeen dhamjechaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa keessatti dhiyaatan irratti qaaccessi taasifameera. Ijaarsa jechootaan walqabatee,qabiyyeewwan xindhamjechaa kutaa kanaa keessatti adda bahanii qaaccessaman, dhamjechi maal akka fakkaatuufi akkamitti akka baratamu, garaagarummaan jechaafi dhamjechaa,firjechaafi dhamjechaa kitaabicha keessatti dhiyaachuu isaanii ilaalchisee mirkaneeffannaa dhiyaate yoo ilaalle,qabxilee gabatee keessatti tarreessaman guutumaan guutuutti kan hinibsine ta’uu,mirkaneeffannaa dhiyaaterraa hubachuu dandeenya.

Kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti hiikni dhamjechaa maal akka ta’eefi garaagarummaan jechaafi dhamjechaa maal akka ta’e haala salphaa ta’een nama hubachiisa jechuu hindandeenyu. Akkasumas,dhamjechi akkamitti akka baratamu wanti ifaan kitaaboticha keessatti ibsame hinjiru.Haata’u malee,dhamjechoonni dhiyaatan baay’een isaanii bifa gilgaalaatiin kan dhiyaatan yoo ta’an,isaan keessattuu hanqinaaleen nimul’atu.

Bakka duwwaa jechoota unka sirrii qaban guuti.

| | | |
|---|---|---|
| B.sodaachuu | soda | sodaachisaa |
| Jibbuu | ------- | --------------- |
| Jiraachuu | -------- | ---------------- (kitaaba barataa kutaa 6; ful.20) |

Qajeelcha barsiisaa kutaa 6ffaa fuula 9 gubbaatti deebii gilgaalota kana yemmuu kennu immoo, Boqonnaa Amala Arbaa jedhu keessatti hanga tokkoon maxxantoota latoofi dhalatootti fayyadamanii jiru.qofa jedhee dhaabeera.Itti dabalees silabasii kutaa 6 boqonnaa 7 keessatti qabiyyee isaa jalatti jechoota jedhee dhiiseera.

Haata’u malee,Maxxantoota latoofi dhalatoon maal akka ta`an ibsa itti hin laanne.Akkasumas hiikni isaanii hin beekamu.Kitaaba barataa wajjin walitti dhufeenya hin qabu.Kun immoo haalli dhiyaannaan isaa akka rakkoo qabu mul`isa. Uunkaan afaanii haarawaa baratamuuf karoorfamu tokko immoo,osoo barnooticha hindhiyeessiin dura qabiyyeen barnootaa sun maal akka fakkaatu adda bahee beekamuu qaba (Harmer,1991).

Dimshaashumatti, mirkaneeffannaa dhiyaate kana irraa dhiyaannaa dhamjechaa irratti hanqinni kan jiru ta’uu, hubachuu dandeenya. Kaayyoon qo’annaa xindhamjechaa immoo, ijaarsa

jechootaafi haala caasaaleen jechoota afaan sanaa walitti dhufeenya mul’isan irratti xiyyeeffata (Andeson,1992).

### 4.1.2. Akaakuu Dhamjechoota Afaan Oromoo

Kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 2004 qophaa’an keessatti, ijaarsa jechootaan walqabatee,akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo dhiyaatan isaan kam akka ta’aniifi haala maaliin akka dhiyaatan adda baasuun qaaccessame.Dhamjechoota kanneen adda baasuuf immoo gabatee 4 keessatti tarreessamanii jiru.

**Gabatee (4): Ijaarsa jechootaan walqabatee,Dhiyaannaa akaakuu dhamjechootaa,Afaan Oromoo Kitaabilee (Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti**

| Lakk. | Qabiyyeewwan Qaaccessaman | Mul’istuu | | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Gosa kitaabaa | | | | | | | | | | | | | | |
| | | Silabasii | | | | | Kitaaba barataa | | | | | Qajeelcha barsiisaa | | | | |
| 2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti akaakuu dhamjechoota Afaan Oromoo | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A |
| 2.1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa)keessatti akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo isaan kam akka ta’an adda bahee eerameeraa? | | | | | X | | | | | X | | | | | X |
| 2.2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo kitaaba barataa keessa jiraniifi qajeelcha barsiisaa keessa jiran walsimuu? | | | | X | | | | | X | | | | | X | |
| 2.3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,tajaajilli dhamjechoota kanneenii ifaan ifatti kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti eeramee jiraa? | | | | | X | | | | | X | | | | | X |
| 2.4 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,Akaakuun dhamjechoota kanneenii maalirratti hundaa’anii akka qoodaman kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti eerameeraa? | | | | | X | | | | | X | | | | | X |

1.Sagalee irra butaa jechuun maal akka ta`e hiriyyootakee wajjin mari`adhu.

2.Jchoota sagalee irra butaa qaban sadii barreessii agarsiisi.

Ajaja kana keessatti dhamjechi irra buta agarsiisuufi irri buti maal akka ta`e fakkeenyaan deeggaree hin agarsiisu.(Kitaaba barataa kutaa 6;fuul.23,2004).Ajaja dhiyaate kana yoo ilaalle, dhamjechoota irra butaa uumuu danda`an Afaan Oromoo keessaa isaan kam akka ta'an adda baahanii ibsamne,kitaaba barataa kana keessatti fakkeenya bal'inaa waliin hindhiyaanne.Haaluma kanaan,akaakuun dhamjechoota kitaabilee keessa ji(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa)raniifi qajeelcha barsiisaa keessa jiranillee iddoo tokko tokkotti wal hinsiman. Fakkeenyaaf,kitaaba barataa keessatti dhamjechoonni Afaan Oromoo "sagalee laafaafi jabaa of keessaa qaban addaan baasii barreessi jedha. Silabasii keessatti boqonnaa 12 jalatti jechoota laafaafi jabaa jedha .Kitaaba barataa kutaa 6;fuul.23,gilgaala 8 jechoota sagalee laafaafi jabaa qaban sirriitti dubbisuu danda`uu isaanii. (Qajeelcha barsiisaa fuul.11).Kana irraa waanti hubatamu kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa keessatti haalli dhiyaannaa dhamjechootaa rakkoo qabaachuu isaati. Jechoota kennamanitti maxxantuu sirrii itti dabali.

| | | |
|---|---|---|
| 1.Sangaa | 6.Hamaa | 11.Boolla |
| 2.Mucaa | 7.Ishee | 12.Siree |
| 3.lafa | 8.kobbee | 13.Buna |
| 4.Ulee | 9.Muka | 14.Ifa |
| 5.Fira | 10.Laafaa | 15.Qilleensa |

Jechoota kanatti dhamjechoota kamtu dabalamuu akka qabu hin ibsamne. Dhamjechoonni (Maxxantoonni) Afaan Oromoo keessatti argaman kam akka ta`e hin ibsamne. Akkasumas dhamjechoota baay`ina,qabeenya,eenyummaa,maalummaa,maaliin akka gochi tokko raawwate,saala,henna agarsiisan dursa ibsamuu qabu.( Silabasii keessatti boqonnaa 12 jalatti ,Kitaaba barataa kutaa 6,fuul.39). Akkasumas Qajeelcha barsiisaa kutaa 6,fuul.18,irratti

-ummaa,-f,-dhaan,-oota,-icha,-af,-itti,-n,-ina,-eewwan,-an,jedhee tarreessee jira.

Fakkeenyi kenname kun kan mul'isu,dhiyaannaan akaakuu dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo irratti kenname hanqina qabaachuu isaaniiti.Akkasumas,dhamjechi jecha tokko irraa bahu qabu osoo hinbahiin hafuu isaati. Dhiyaannaa qabiyyeeakaakuu dhamjechootaa keessatti dura akaakuun dhamjechoota afaan sana keessatti argaman adda bahanii erga ibsamanii booda, uunkaalee isaanii qofa otoo hintaane tajaajilaafi hiika dhamjechoonni adda addaa qaban walcinaa qabuun ibsamuu qabu (Harmer,1997).

1.Haala namaafi bineensa <u>wal</u> fakkeess<u>an</u> jiru.

2.<u>Al</u>tokko tokkos nyaata geessuu<u>f</u>.

3.Bilchina sammuu<u>tiin</u> nama<u>tti</u> hin qixxaat<u>an</u>.

Caasaalee himoota (1-3) jalatti dhiyaatan keessatti kanneen jala sararaman fufiileedha jechuun ibsa. Haata'u malee,fufiileen kun maal akka ta'aniifi tajaajila maaliitiif akka oolan adda bahanii kitaaba barataa keessatti hinibsamne.Qajeelcha barsiisaa keessattis, fufiilee eeraman kanneen ilaachisee wanti ifaan lafa kaawwame hinjiru.Kunimmoo,ofiin barachuu barattootaa keessatti hanqina qabaachuu danda'a (Kitaaba barataa kutaa 6,fuul.37).

**4.1.2.1.Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoota walabaafi hirkataa Afaan Oromoo**

Kitaabilee (Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'an keessatti haalli dhiyaannaa dhamjechoota walabaafi hirktaa maal akka ta'an,uunkaa,hiikaafi tajaajilli isaanii maal akka fakkaatuufi tokkummaafi garaagarummaan isaanii maal akka ta'e adda bahee gabatee 5 keessatti ibsameera.

**Gabatee (5): Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa dhamjechoota,jechootaan walqabatee walabaafi hirkataa kitaabilee (Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa)keessatti**

| Lakk. | Qabiyyeewwan Qaaccessaman | Mul'istuu | | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Gosa kitaabaa | | | | | | | | | | | | | | |
| | | Silabasii | | | | | Kitaaba Barataa | | | | | Qajeelchaa barsiisaa | | | | |
| 3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa)Keessatti dhamjechoota walabaafi hirkataa Afaan Oromoo | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A |
| 3.1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechi tokko walaba ykn hirkataa kan jedhamu maalirraa ka'e akka ta'e kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti fakkeenyaan ibsameeraa? | | | | | X | | | | | X | | | | | X |
| 3.2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjecha walabaa jechuun isaan kam akka ta'e adda bahee kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti keessatti eerameeraa? | | | | | X | | | | | X | | | | | X |
| 3.3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoonni hirkataan isaan kam akka ta'aniifi maaliif hirkataa akka ta'ankitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti fakkeenya waliin eerameeraa? | | | | X | | | | | X | | | | | x | |
| 3.4 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,tokkummaafi garaagarummaan dhamjechaa walabaafi hirkataa maal akka ta'ekitaabilee (Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa)keessatti fakkeenya waliin eerameeraa? | | | | | X | | | | | X | | | | | X |
| 3.5 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoonni hiika tokkoo jedhaman isaan kam akka ta'an kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti ifatti kitaabicha keessatti eerameeraa? | | | | | X | | | | | X | | | | | X |
| 3.6 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,uunkaan dhamjecha dhokataa jechoota akkamiirratti akka argaman kitaabilee (Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa)keessatti fakkeenyaan eerameeraa? | | | | | X | | | | | X | | | | | X |

Akkuma gabatee 5 irraa hubatamu, ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoonni walabaafi hirkataa isaan kam akkam ta'an,tokkummaafi garaagarummaan isaanii maal akka ta'e,fufiileen hiika tokko qaban isaan kam akka ta'aniifi fufiileen uunkaa dhokataa qaban tajaajila maaliitiif akka oolan kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'an keessatti dhiyaachuu isaanii ilaalchisee, mirkaneeffannaa dhiyaaterratti hundaa'uun qaaccessameera.Haaluma kanaan,odeeffannoo mirkaneeffannaa kana keessatti dhiyaatan bu'uura godhachuun dhiyaannaa dhamjechoota eeramanii yoo ilaalle,haala jedhameen kan hindhiyaanne ta'uu mul'isa.Haata'u malee, dhamjechoonni bifa gilgaalaan dhiyaachuun ala bal'inaan wanti ibsame hinmul'atu.Fakkeenyaaf, KBAO kutaa 5 keessatti,

Gilgaala 4 Jechoota kennamanitti maxxantuu sirri itti dabali.

| | | |
|---|---|---|
| *sangaa | *hamaa | *boolla |
| *mucaa | *ishee | *siree |

( Silabasi keessatti boqonaa 5 jalatti,Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 5;fuula 38fi 39,qajeelcha barsiisaa boqonnaa 5 keessatti argama).

Fakkeenyi olitti eerame kunis bifa gilgaalaatiin kitaaba barattootaa keessatti dhiyaate malee dhamjechoonni walabaafi hirkataa isaan kam akka ta'aniifi akkamitti akka barataman hinibsamne.Haata'u malee,uunkaa fufiilee tokkoo haala walitti dhufeenya isaaniitti murna murnaan kaa'uun agarsiisuufi tajaajila isaan caasrluga afaanichaa keessatti qaban bifa garaagaraatiin tarreessanii agarsiisuun barbaachisaadha (Harmer,1997).Akka yaada kanaatti,uunkaan fufiilee Afaan Oromoo erga adda bahanii beekamanii booda tajaajila isaan afaanicha keessatti qaban fakkeenyaan deeggaranii dhiyeessuun barbaachisaa akka ta'e nu hubachiisa.

### 4.1.2.2. Ijaarsa jechootaan walqabatee,haala dhamjechoota uumamtee

Ijaarsa jechootaan walqabatee,uumama jechoota Afaan Oromoo ilaalchisee,kitaabilee (Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa)barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'an keessatti dhiyaatan maal akka fakkaatan adda baasuuf mirkaneeffannaa gabatee 6 keessatti dhiyaatanirratti hundaa'uun qaaccessameera.

**Gabatee (6): Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa uumama jechoota Afaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti**

| Lakk. | Qabiyyeewwan Qaaccessaman | Mul'istuu | | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Gosa kitaabaa | | | | | | | | | | | | | | |
| | | Silabasii | | | | | Kitaaba Barataa | | | | | Qajeelcha Barsiisaa | | | | |
| 4 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa)keessatti haala uumama jechoota Afaan Oromoo | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A |
| 4.1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,haala jechoonni fufiilee adda addaa maxxanfatanii jechoota haarawaa itti uuman kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti eerameeraa? | | | | X | | | | | X | | | | | X | |
| 4.2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,haala fufiileen hundee jechootti maxxanuun garee jechootaa jijjiiruun ykn hiika jechootaa jijjiiruu itti danda'an kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti eerameeraa? | | | | X | | | | | X | | | | | X | |
| 4.3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,jechoota bu'uuraa isaan kamitti fufiilee maxxansuun jechoota haarawaa ijaaruun itti danda'amu kitaabilee (Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa)keessatti ifaa ifatti eerameeraa? | | | | X | | | | | X | | | | | X | |

Gabatee 6 kana keessatti akka ibsame eeramee jirutti, ijaarsa jechootaan walqabatee,akkaataa jechoonni dhamjechoota adda addaa ofitti maxxanfatanii jechoota haarawaa itti uumaniifi garee jechootaa ykn hiika jechootaa jijjiiruu itti danda'an, akkasumas,jechoonni bu'uuraa yookiin haadhoos ta`e, uumamtee warra kam akka ta'an addaan qoodamanii kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataa, Qajeelcha barsiisaa) barataa Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'an keessatti argamuu isaanii addabafannaaf qophaa`ee jiru keessatti yoo ilaalle,hir`ina guddaa qabaaachuu isaanii ni argina. Dhamjecha horteefi uumamtee ilaalchisee kitaabilee (Silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa qaacceffaman keessatti yaadni ibsames ta'ee, fakkeenyi kan deeggaramee tokkollee kan hin hinjirre ta`uu isaa hubatameera. Fufiileen maayii dhamjecharratti fufamanii gara maqaatti jijjiiraman buusaafi kutaa jechaas nijijjiiru.Fufiileen addeessa maqaatti jijjiiran {-eenya},{-ummaa},{-i-na}fi {-ooma} dha (Abarraa,1998).Kana

malees,uumama jechoota Afaan Oromoo keessatti haala gareen jechoota haarawaa maqaa,ibsa maqaafi gochimaa dhamjechoota adda addaa maxxanfachuun uumamuu danda'an kitaabilee (Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti yoo ilaalle,wanti ifaan lafa kaawwame baay`inaan hin argaman.

Kana malees,kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelchaa barsiisaa)Afaan Oromoo keessatti fufiileen matima agarsiisaniifi ibsoota maqaa gara maqaatti jijjiiran warra fakkeenya kanneenii keessatti eeraman qofa osoo hintaane kanneen biroon illee akka jiraachuu danda`an beekuu murteessaadha. Hima keessatti jechoonni akka matimaatti argaman keessaa baay'een,mallattoo matima ta`uu isaanii calaqqisiisan ni qabu.Matima mul'istoonni Akkasumas himoota Afaan Oromoo keessatti kanneen matima mul`istuu ta`an kan ittiin fayyadamnu gosa afuritu jiru.Isaan kunis kanneen akka,{-tu,-n,-ifi ni} (Abdulsamad,1994).

### 4.1.3. Ijaarsa jechootaan walqabatee haala hormaata jechootaa

Kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'anii dhiyaatan keessatti , ijaarsa jechootaan walqabatee,haala jechoonni Afaan Oromoo horuun tajaajila caasluga adda addaatiif oolan,akkaataa dhamjechoonni koorniyaa dhiiraafi dhalaa agarsiisan itti horan,akkaataa dhamjechoonni hennaa/ haala raawwii adda addaa afaanichaa itti agarsiisan adda baasuuf mirkaneeffannaa dhiyaaterratti hundaa'uun qaaccessi taasifameera.

**Gabatee(7): Ijaarsa jechootaan walqabatee dhiyaannaa dhamjechoota horteeAfaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa kutaa 5 fi 6  keessatti**

| Lakk. | Qabiyyeewwan Qaacceffaman | Mul'istuu | | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Gosa kitaabaa | | | | | | | | | | | | | | |
| | | Silabasii | | | | | Kitaaba barataa | | | | | Qajeelcha barsiisaa | | | | |
| 5 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa)keessatti haala hormaata jechoota Afaan Oromoo | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A |
| 5.1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,akkaataa dhamjechoonni koorniyaa dhiiraafi dhalaa mul'isan itti horan kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti fakkeenya waliin eerameeraa? | | | | | X | | | | | X | | | | | X |
| 5.2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoonni heddummina agarsiisan kitaabicha keessatti ifaan ibsamaniiruu? | | | | X | | | | | X | | | | | X | |
| 5.3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,akkaataa dhamjechoonni haala raawwii/hennaa/ adda addaa Afaan Oromoo keessatti agarsiisuuf hundee jechaarratti maxxananii tajaajilan kitaabilee (Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa)keessatti eeramaniiruu? | | | | | X | | | | | X | | | | | X |
| 5.4 | Ijaarsa jechootaan walqabatee,jechoonni Afaan Oromoo walhoruudhaan tajaajila caasluga adda addaatiif kan oolan ta'uu isaanii kitaabilee (Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa)keessatti eeramaniiruu? | | | | | X | | | | | X | | | | | X |

Haaluma armaan oliitti gabatee 7 keessatti tarreeffamee jirutti horsiisa jechoota Afaan Oromoo wal qabatee,mata- dureen isaanii kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataa,qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti qophaa`uun  isaanii ergaawwan gabatee keessatti eeraman ilaalchisee wal-bukkee qabamuunn qaaccessamanii jiru.

Akkaataadhuma gabatee olii keessatti ibsamuuf yaalametti, kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) barbaadaman keessatti ,dhamjechoonni horteefi uumamtee adda bahanii fakkeenyaan deeggaramanii  tarreeffamanii hin argamne. Kanneen tajaajila caaslugaaf

gargaaraniifi jechatti maxxananii garee jechichaa geeddaruun addaa addummaa isaanii adda bahee hin argamne.Kun kan agarsiisu, hanqinaalee kitaabileen kanneen keessatti qaban agarsiisa.

Dimshaashumatti,mirkaneeffannaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa kanneen keessatti ilaalamuuf yaalameetti fufiileen horteefi fufiileen uumamteen garaagarummaa akka qaban beekamaadha.Fufiin horteen tajaajila caaslugaa kanneen akka lakkoofsaa,haala raawwii,maayii,koorniyaafi wkf kan agrasiisan yoo ta'an,fufiin uumamtee immoo,garee jechootaa ykn hiika jechootaa jijjiiruu irratti xiyyeeffatu (Abarraa,1998). Haata'u malee,fufiileen kun haala kamiin wantoota kana akka agarsiisan ifaan ifatti fakkeenya waliin qajeelcha barsiisaa keessattis ta'ee kitaaba barataa keessatti wanti ibsame hinjiru. Qaaccessi kitaabilee barnootaa kun kan adeemsifame mirkaneeffannaa barsiisonni kennanirratti hundaa'eeti.Qabxileen qaaccessaaf dhiyaatan hundis kitaabilee(Silabasii,kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6 bara 1996/2004 qophaa'an irratti hundaa'aniiti.

### 4.2 Afgaaffii barsiisotaa,qaacceffame

As keessatti wantootni raawwataman afgaaffiin barsiisota Wiirtuu Gurmuu Manneen Barnootaa Jaarmatiif dhiyaannaa dhamjechjoota kitaabilee(silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'an irratti waan hubatan akka deebii kennaniif qophaa`eera.Afgaaffiin barsiisotaaf qophaa'ee dhiyaates,yemmuu barsiisanitti hanqinaalee qabiyyee dhamjechoota Afaan Oromoo kutaalee eeraman kanneen keessatti isaan mudaterratti deebii dhugaa ta`e akka dhiyeessaniif yaadamee qophaa`eera.Dhiyaannaan qabiyyee dhamjechoota kitaabilee(slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaalee kanneen keessatti argamanii jiran tooftaa akkamiin akka qophaa'an,adeemsa baruu-barsiisuu keessatti hanqinaalee isaan fiduu danda'aniifi dimshaashumatti dhiyaannaa isaanii maal akka fakkaatuufi maal akka ta`e irratti xiyyeffachuun qaaccessameera.

Afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaatee ,kudhan yoo ta'an,isaanis,haala gaaffichi walitti dhiyeenya qaban irratti hundaa`uun wlitti qabamanii qaaccessameera.

**4.2.1. Ijaarsa jechootaan walqabatee,qabiyyeen dhamjechootaa, kitaabilee(slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa6ffaa keessatti dhiyaatan akkaataa fedhii barachuu barattootaa kakaasuu danda'uun qoodamanii dhiyaataniiruu?**

Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaan qabiyyee dhamjechootaa,ijaarsa jechootaan waqabatee kitaabilee(slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'e keessatti dhiyaatan akkaataa kaka`umsaafi fedhii barachuu barattootaa cimsuu akka danda'anitti mata-dure adda addaatti hiramanii dhiyaachuu isaanii irratti maal akka fakkaatan afgaaffiin gaafa 5-10/8/2012tti barsiisota Digdamii lamaaf kutaalee kanneen barnoota Afaan Oromoo barsiisan waliin taasifameera.Afgaaffii dhiyaate kanarratti barsiisonni Digdamii lamaanuu yaada yookaan deebii walfakkaataa kennanii iiru.Innis, qabiyyeen dhamjechoota kitaabilee(slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) barnootaa kanneen keessatti dhiyaatan karaa itti barattoota simachuu yookaan haamilee barumsaaf horatanitti kan hindhiyaanneefi barattoonni akka eegattoota yookaan hirkattoota ta`aniif daandii saaqa jedhanii ibsa laataniiru.

Kunis dhamjechootaan qabatamee fakkeenyi barattootaaf beekumsa laachuu danda`u waa tooko illee kitaabilee (silabasii,kitaaba barataafi qajeelchaa barsiisaa) keessatti waan hin barreeffamneef, barattoonni qofaa isaanii qayyabachuu akka hin dandeenye kan isaan taasisuu waan ta`eef,kun sirriitti hubatamuu qaba jedhanii yaada kennaniiru.Mata-dureewwan kanneen ilaalchisanii gilgaalonni dhiyaatanii jiran mataandhumti isaanii akka gaaffiitti kan dhiyeeffaman waan ta'aniif,dhamjechoota irratti fakkeenyi ddhiyaatee waan kana amansiisu akka hin jirre dabalataan ibsa ibsa itti kennaniiru.

Mata-dureewwan dhamjechoota kanneenii jalatti beekumsi irraa argammuu qabu mamanca`anii kitaabilee(silabasii,kittaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti eddoowwan garaagaraatti waan argamaniif barattootaaf beekumsa gahaa kennuu irratti hanqina kan qaban ta'uufi gilgaalota qabiyyee dhamejchootaa irratti bu`uura`anii dhiyaatan hojjechuuf kan barattootatti kallatti agarsiisu danda`utokkollee kan hin jirre ta'uu isaa ibsa itti kennaniiru.

Qabxiilee armaan oliitti kennaman irraa wanti hubatamu,hanqinaalee dhiyaannaa qabiyyee dhamjechootaa kitaabilee(slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) barnoota Afaan Oromoo eeramanii jiran irraa kan ka'e barattoonni mataa isaaniin baratanii beekumsa dhamjechoota

irratti gonfachuu irratti hir`ina kan qabuufi eeggattootayookaan hirkattoota barsiisaa kan isaan taasisudha.

### 4.2.2 Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhiyaannaan dhamjechootaa, silabesii keessa, kitaabilee barataa keessa jiraniifi qajeelcha barsiisaa keessa jiran walsimuu? Yoo walsimachuu baatan galma ga'iinsa qabiyyee barnoota Afaan Oromoo irratti miidhaa akkamii uumuu danda'u?

Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaan dhamjechoota,jechootaan walqabatee Silabasii,kitaabilee barataafiqajeelcha barsiisaa keessatti argaman walsimuu isaaniifi yoo walsimuu baatan immoo,galma ga'iinsa qabiyyee dhamjechoota barnoota Afaan Oromoo irratti dhiibbaa akkamii uumuu akka danda'urratti barsiisota Digdamii lamaaniifuu gaafa 5-10/8/2012tti afgaaffiin dhiyaateera.Afgaaffii dhiyaaterratti barsiisonni kudhan yaada isaanii yoo ibsan , "qabiyyeen dhamjechoota silabasii,kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan iddoo tokko tokkotti kan wal hinsimane ta'uu" ibsaniiru.Walsimuu dhiisuun isaanii immoo,barnooticha haala wal-fakkaataa ta'een hojiirra oolchuu keessatti dhiibbaa mataasaa kan qabu ta'uu dabalanii ibsaniiru.Sababnisaa,hubannoon barsiisaa barsiisaatti adda addaa waan ta'uuf,haaluma ofiisaanii hubataniin qabiyyichawaan barsiisaniif,odeeffannoon dogoggoraa haala hintaaneenbarattoota waan qaqqabuuf,adeemsa baruu-barsiisuu barnoota Afaan Oromoo qabiyyichaa gufachiisuu akka danda'u lafa kaa'aniiru.Barsiisonni kudha lamaaniis,dhiyaannaan dhamjechootaa silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti iddoo tokko tokkotti kan wal hinsimnee ta'uu ibsaniiru.Walsimuu dhabuun silabasii,kitaabilee barataafi qajeelcha baarsiisaa kun immoo,adeemsa baruu-barsiisuu keessatti dhiibbaa uumuu akka danda'uufi barattoota qabiyyee kana barataniifi barsiisota qabiyyee kana barsiisan gidduutti garaagarummaa uumuun,qabiyyicha bifa adda addaatiin akka hubatamu kan godhu ta'uusaa ibsaniiru.

Qabxiilee kennaman irraa wanti hubatamu,walsimuu dhabuun kitaabilee(silabasii,kitaaba barataaafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa qabiyyee dhiyaaterratti dhiibbaa cimaa kan uumu ta'uusaafi qabiyyichi haala barbaachisaa ta'een akka galma hingeenye kan godhu ta'uusaati.

### 4.2.3 Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoonni, maqaa garaagaraa qabaachuun isaanii galma ga'iinsa qabiyyee barnoota Afaan Oromoo irratti miidhaa akkamii fiduu danda'a?

Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoonni,ijaarsa jechootaan walqabatee, jecha garaagaraatiin bakka adda adaatti maqaa garaa garaatiin dhiyaachuun bu`aa qabeessa ta`uu irratti barumsa kennamu irratti miidhaa hangamii fiduu akka danda'an irratti afgaaffiin gaafa 5-10/8/2010tti barsiisota Digdamii lamaan kutaa 5fi 6ffaa barnoota Afaan Oromoo barsiisaniif dhiyaateera.Gaaffii kanaaf,barsiisonni Digdamii lamanuu deebii walfakkaataa itti aanu kennaniiru."Dhamjechoonni maqaa garaagaraa qabaachuun isaanii barsiisotas ta'ee,barattoota gidduutti yaada adda addaa uumuu danda'a".Kanarraa waanti hubatamuu,matadurichi akka waan ergaawwan adda addaa qabuutti yaadamuun,haala wal-fakkaataa hintaaneen akka hubatan godha jechuun deebii isaanii kennaniiru.Yaaduma waal fakkaatuun,mata-duree barnootichaabaruufi barsiisuu irrattillee,maqaa kanneen keessaa filachuu irratti dhiibbaa cimaa uumuu waan dandauuf,adeemsa baruu-barsiisuu dhamjechoota Afaan Oromoo kutaalee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) kanneenii gufachiisuu akka danda'u bal`inaan ibsa irratti kennaniiru.

### 4.2.4. Ijaarsa jechootaan walqabatee,akaakuun dhamjechoota kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa keessatti hammataman isaan kami?

As jalatti ijaarsa jechootaan walqabatee, akaakuuwwan dhamjechootaa kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa keessatti hammataman isaan kam akka ta'an irratti afgaaffiin barsiisota Digdamii lamaaniifuu gaafa 5-10/8/2012tti dhiyaateef barsiisonni Digdamii lamanuu dhamjechoota horteefi uumamteedha jechuudhaan yaada isaanii srriitti fakkeenyaan deeggaruun gadi fageenyaan ibsaniiru. Dhiyaannaa isaanii ilaalchiseeS,barsiisonni hundinuu dhamjechoota mata-duree kanaa ilaalchisanii akka gilgaalatti kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan malee,dhamjechoonni kunneen eddo garaa garaatti hiramanii horteen isaan kam akka ta'aniifi uumamteen isaan kam akka ta'an fakkeenya garaagaraa wajjin kan hin dhiyaanne ta'uu isaanii gadi fageenyaan ibsa itti kennanii jiru.Gochaan kun garuu,mataa isaaniin barachuu barattootaa irratti dhiibbaa mataasaa ta`e qabaachuu akka danda'u dabalanii gadi fageenyaan ibsa itti kennanii jiru.

Qabxiilee argaman irraa akkuma hubatamuun danda`amutti, dhiyaannaa dhamjechoota kanneenii hanqina kan qabaniifi mataa isaaniin barachuu barattootaa irratt dhiibbaa fiduu kan danda'u ta'uusaa gadi fageenyaan ibsanii jiru.

**4.2.5. Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhiyaannaa dhamjechoota irratti hundaa`ee hanqinaaleen kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti mul'atan adeemsa baruu-barsiisuu keessatti dhiibbaa akkamii qabu?**

Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa dhamjechoota irratti hundaa`ee hanqinaaleen kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara1996/2004 qophaa'an keessatti dhiyaatan gochaa baruu-barsiisuu mataa isaaniin barachuu barattootaa irratti, hubannoo mata-dureewwan dhiyaatan irratti qaban maal akka ta`an irratti afgaaffiin barsiisota Afaan Oromoo barsiisan Digdamii lamaaniifuu gaafa 5-10/8/2012tti dhiyaateef keessatti barsiisonni kudhan yaadasaanii yoo ibsan,kitaabilee (slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaalee kanneen keessatti hanqinni kan mul'atu ta'uusaa ibsuun,hanqinni mul'atu kunis,dhamjechoonni kun yemmuu qophaa'an mataa isaaniin barachuu barattotaa giddu-galeessa godhatanii kan hin dhiyaanneefi gadaanaa ta'uusaanii gadi fageenyaan yaada isaanii kennaniiru.Barsiisonni kudha lamaanis,mata-dureen yemmuu dhiyaatu yaadannoo waa`ee dhamjechootaa kan ibsuun deeggaramee kan hin dhiyaanneefi bifa gilgaalaatiin qofa kitaabilee(slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) barnootaa keessatti dhiyaatee barattoonni deebiisaa akka guutan kan affeeru ta'uu gadi fageenyaan gadi fageenyaan yaada isaanii kennaniiru. Bu`aa gaarii argamu qabu mata duree barnootichaa irratti miidhaa guddaa qaqqabsiisuu akka danda'u kan nama jalaa hin dhokannee ta'uu,dabalataan gadi fageenyaan yaada isaanii kennaniiru.

Qabxiileen armaan oliitti eeraman kun kan nama agarsiisan,dhiyaannaan mata-duree dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa kanneen keessatti argaman hanqinaalee baay`ee kan of keessaa qaban ta'uu,isaanii nama hubachiisu..

**4.2.6. Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa dhamjechootaa irratti hundaa`ee hanqinaaleen kitaabilee (Sailabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa keessatti dhiyaatan gama qabiyyee kamiin baay`inaan argamu?**

Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhiyaannaa dhamjechoota irratti hundaa`ee hanqinaaleen kitaabilee(Silabasii,kittaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa keessatti dhiyaatan gama mata-duree kamiin baayinaan argamanirratti afgaaffiin barsiisota Digdamii lamaaniifuu gaafa 5-10/6/2012tti dhiyaateera.Barsiisonni Digdamii lamaanuu yaada wal-fakkaataa kennaniiru.Innis,mata-dureen dhamjechoota Afaan Oromoo yemmuu qophaa'u xiyyeeffannaan kan itti hinkennamneefi sadarkaa barattoota kutaalee kanneen baratanii hubannoo keessa galchuu dadhabuu akka ta'e gadi fageenyaan yaada isaanii kenaniiru.Itti aansuun,matadureen barnootichaa seeraan osoo adda bahee hin hubatamiin hojiirra kan oole akka ta'ee ta`uu isaa gadi fageenyaan yaada isaanii kennaniiru.Kana irraa ka`uudhaan ,dogoggoroon kitaablee(Silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti argaman mirkaneeffannaa sirrii ta`uu isaa gai fageenyaan yaada isaanii kennaniiru.

**4.2.7. Ijaarsa jechootaan walqabatee**,**Dhiyaannaa mata-duree dhamjechootaa, kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti dhiyaatan irraa barattoonni dubbisanii mataa isaaniin barachuufi hubannoo dhamjechoota irratti argachuuf isaan nigargaara jettee yaaddaa?**

As keessatti dhiyaannaa mata-duree dhamjechoota, jechootaan walqabatee kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaatan irraa barattoonni dubbisanii mataa isaaniin barachuufi beekumsa dhamjechootaa irratti argachuuf isaan nigargaarurratti;afgaafiin barsiisota Digdamii lamaaniifuu gaafa 5-12/6/2012tti dhiyaateera.Barsiisonni Digdamii lamanuu yaada wal fakkaataa dhiyeessaniiru.Kunis mata-duree dhamjechoota Afaan Oromoo dhiyaannaa isaanii barattootaaf salphaa kan hin taane, xiyyeeffannaan kan itti hin kennamneefi sadarkaa barattootaa kutaalee kanneen baratanii ilaacha keessa galchuu dhabuu akka ta`e gadi fageenyaan yaada isaanii kennaniiru.Inni itti aanus, mata-duree barnootichaa haala sirriidhaan osoo hin gulaalamiin hojiirraa kan oole akka ta`e gadi fageenyaan yaada isaaanii kennaniiru.Qabxiilee kana irraa akkuma beekamu,dhiyaannaan dhamjechootaa kanneenii hir`ina kan qabuufi mataaisaaniin barachuu barattootaa irratti miidhaa bal`aa fiduu kan danda`u ta`uusaa gadi fageenyaa yaada isaanii kennaniiru.

**4.2.8. Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa dhamjechootaa irratti hundaa`ee hanqinaaleen kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti hammatamaniif ka'umsi maal jettee yaaddaa?**

As jalatti ijaarsa jechootaan walqabatee, dhiyaannaa dhamjechoota irratti hundaa`ee hanqinaaleen kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti hammatamaniif hundeen isaa maal ta'uu akka danda'u irratti afgaaffiin barsiisota Digdamii lamaaniifuu gaafa 5-10/8/2012tti dhiyaateera.Barsiisonni Digdamii lamaanuu yaada wal-fakkaataafi yaada sirii ta`e kan kitaabilee keessaatti argamu kennaniiru.Yaadni isaanii kunis,mata-dureewwan dhamjechoota Afaan Oromoo yemmuu qophaa'u xiyyeeffannaan kan itti hinkennamneefi sadarkaa barattoota kutaalee kanneen baratanii gadi fageenyaan osoo hin ilaaliin qopheessan jedhanii yaada isaanii kennaniiru.Dabalataanis yaada isaanii yoo ibsan,matadureen barnootichaa karaa sirrii ta`eefi gadi fageenyaan osoo hingulaalamiin hojiirra kan oole akka ta'ee yaada isaanii bal`inaan kennaniiru.kanarraa kan ka`e,dogoggoroota kitaabilee keessatti kaa`amii yookaan argamanii jiran mirkaneeffannaa dhugaa akka ta'an yaada isaanii bal`inaan kennaniiru.

**4.2.9. Ijaarsa jechootaan walqabatee,Dhamjechoonni kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti hammataman mata-duree barnootichaa guutuu taasisuu nidanda'uu jettee yaadaa?**

As keessatti jjaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa)barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti hammataman mata-duree barnootichaa guutuu taasisuu danda'uu irratti afgaaffiin gaafa 5-10/6/2012tti barsiisota Digdamii lamaniifuu dhiyaatee isaanis,yaada dhuugaa kitaabilee keessatti sirriitti ifa ta`ee argamu kennaniiru. Dhamjechoonni Afaan Oromoo adeemsa baruu-barsiisuutiif kitaabilee (Silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa kutaa 5 fi 6 keessatti qophaa'an,karaa mataa isaaniin barachuu barattootaa giddu-galeessa godhateen osoo dhiyaataniiru ta'e, baay'ee filatamaa akka ta'e yaada isaanii gadi fageenyaan kennaniiru.Yaadni isaanii akka hubatamuutti, dhiyaannaa dhamjechootaa kana keessatti haalliifi gosoonni dhamjechootaa,hihiramanii taa`uu isaaniifi bakki galumsi isaanii otoo dursa bifa yaadannootiin dhiyaatee, itti fufees,mata-dureewwan hammam barattoonni akka qalbeeffatan beekuuf,gilgaalonni itti fufanii dhiyaataniiru ta'ee,mata-dureewwan karaa ifaa ta'een galma barbaade ga'uu akka danda'u yaada isaanii gadi fageenyaan kennaniiru.

**4.2.10. Ijaarsa jechootaan walqabatee, hanqinaalee dhiyaannaa mata-duree dhamjechootaa irratti hundaa`ee kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa keessatti mul'atan maqsuuf,yaada furmaataa nita'a jettu bal'inaan naa ibsi?**

As keessatti ijaarsa jechootaan walqabatee, dhiyaannaa mata-duree dhamjechoota irratti hundaa`ee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti mul'atan maqsuuf yaada furmaataa eeramuu qaban ilaaalchisee,gaafa 5-10 /6//2012tti barsiisotaaf afgaaffiin dhiyaateera.Afgaaffii dhiyaate kanarratti barsiisonni hundi isaanii yaada dhugaa ta`e kitaabilee keessatti ifaan kan mul`atu deebii kennaniiru.Barsiisonni kudhan hanqinaalee kana maqsuuf,dhiyaannaan mata- duree dhamjechoota kanneenii karaa sirrii ta`een irra deebi'amee gulaalamuu akka qabuufi hanqinaaleen odeeffannoo mata-duree kana wal qabatee argamu ulaagaa guutuu akka qabu yaada isaanii gadi fageenyaan kennaniiru.Yaada isaanii kana irraa hubachuu kan dandeenyu karaa barattootaaf ifa ta'ee mataa isaaniin barachuu isaaniirratti miidhaa biraa fiduu hinqabaneen qophaa'ee barattootaaf dhiyaachuu akka qabu yaada isaanii gadi fageenyaan kennaniiru.Barsiisonni kudha lamaaniis,hanqinaalee kana maqsuuf,dhiyaannaan mata -duree dhamjechoota Silabasii, kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan walsimuu akka qabaniifi qabiyyeen isaanii haala gurmaa'een osoo addaan hinbibittinnaa'iin itti fufinsaan boqonnaa adda adda jalatti dhiyaachuu akka qaban yaada isaanii gadi fageenyaan kennaniiru. Akkasumas,dhamjechoonni maqaa adda addaatiin kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) kanneen keessatti dhiyaatanii turan,maqaa waalta'aa tokko qofaan dhiyaachuu akka qaban yaada isaanii gadi fageenyaan kennaniiru.

Kana irraa ka`uudhaan ,qabxileen olitti tarreeffaman kun ilaalcha keessa galanii barattootaaf otoo dhiyaatanii hanqinaaleen karaa kanaan argaman kan furmaata argatan ta'uu hubachuun badaa nama hinrakkisu.

### 4.3. Bargaaffii barsiisotaa,qaacceffame

Kutaa kana keessatti bargaaffiin dhiyaannaa xindhamjechaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 haarawaa qophaa’an keessatti dhiyaatan adeemsa baruu-barsiisuu keessatti maal akka fakkaataniifi haala dhiyaannaa isaanii ilaalchisee,barsiisonni kutaalee kana barsiisaniif dhiyaateera.Bargaaffii barsiisotaaf dhiyaate kana keessatti yaadoleen adda addaa dhiyaannaa dhamjchootaa Afaan Oromoon walqabatan deebii barsiisonni kennan irratti hundaa’uun qaaccessamaniiru

.Barsiisonni kutaalee kana barsiisan akka iddattootti filatamanii carraa bargaaffii deebisuu argatan hunduu waraqaa bargaafichaa guutanii deebisaniiru.Haaluma kanaan waraqaan bargaaffii qaaccessamee dhiyaate (22) dha.Innis bifa ifa ta’een gaaffilee 1-15tti jiraniifi filannoowwan dhiyaatan afur (A,B,C fi D) of keessaa qaban lakkoofsa deebistootaa gara dhibbeentaatti geedaruudhaan tokko tokkoo isaaniitiif ragaan argame maal akka fakkaatu qindaa’ee gabateen dhiyaatee erga ibsamee booda qaaccessameera.

#### 4.3.1. Ijaarsa jechootaan walqabatee,yemmuu dhamjechoota barsiistu tokkummaafi garaagarummaa jechaafi dhamjecha gidduu jiru adda bahee kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti kennameeraa?

Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa jechaafi dhamjechaa Afaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota kutaa 5fi 6ffaa keessatti dhiyaaterraa,tokkummaafi garaagarummaa jechaafi dhamjechaa adda bahee kitaabileerra(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) jiraachuusaaf gaaffii dhiyaatedha.Deebiin barsiisonni kennanis gabatee 8 keessatti ibsameera.

**Gabatee (8): Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti tokkummaafi garaagarummaan jechaafi dhamjechaa adda bahee dhiyaachuu**

| Lakk.Gaaffii | Filannoowwan | Baay’ina Deebistootaa | Dhibbeentaan |
|---|---|---|---|
| 1 | A. Eeyyee | 2 | % 9 |
| | B. Darbee darbee | 3 | % 14 |
| | C .Gadaanaadha | 4 | % 18 |
| | D.Lakk. | 13 | % 59 |
| | Ida’ama | 22 | % 100 |

Akkuma gabatee 8 keessatti ibsame barsiisonni ijaarsa jechootaan walqabatee,yemmuu dhamjecha barsiisan tokkummaafi garaagarummaan jechaafi dhamjechaa gidduu jiru kitabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa barnoota Afaan Oromoo keessatti adda bahee jiraachuusaa ilaalchisee,gaaffii dhiyaate irratti deebistoonni (% 9) ta'an eeyyee adda bahee dhiyaateera jechuun yoo ibsan,(% 14) ta'an immoo darbee darbee kan dhiyaate ta'uu ibsu.Akkasumas,(%18) ta'an tokkummaafi garaagarummaan isaan gidduu jiru haala gadaanaadhaan ibsameera yoo jedhan,(% 59) kan ta'an tasumayyuu tokkummaafi garaagarummaan isaanii kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti kan hin ibsamne ta'uu deebii isaaniitiin lafa kaa'aniiru.Ragaa barsiisotaa kanarraa wanti hubatamuu danda'u dhiyaannaan qabiyyee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaatan gama walfakkeenyaafi garaagarummaa jechaafi dhamjechaa adda baasanii dhiyeessuu irratti guutuu akka hin taane hubachuun nidanda'ama.Haata'u malee,barsiisonni caasaa afaanii adda addaa keessatti walfakkeenyaafi garaagarummaa isaanii adda baafatanii beekuun barattoonni akka hubatan gochuu qabu.Akkasumas,uunkaa,tajaajilaafi hiikaa isaan qaban walbira qabuun adda bahee dhiyaachuu qaba (Hamer,1997).

**4.3.2. Ijaarsa jechootaan walqabatee, haala dhamjechoonni Afaan Oromoo hundee jechaatti maxxanuun jechoota tajaajila caasluga adda addaatiif oolan itti agarsiisan kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti ifatti dhiyaateeraa?**

Dhamjechoonni Afaan Oromoo hundee jechaatti maxxanuun tajaajila caaslugaa adda addaaagarsiisuu isaanii kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti ibsamuusaa hubachuuf gaaffii barsiisotaafdhiyaatedha.Deebiin barsiisonni kennanis gabatee 9 keessatti ibsameera.

**Gabatee (9): Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechootaTajaajila Caaslugaa Mul'isan Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Barnootaa Keessatti**

| Lakk.Gaaffii | Filannoowwan | Baay'ina Deebistootaa | Dhibbeentaan |
|---|---|---|---|
| 2 | A.Eeyyee | 1 | % 5 |
| | B.Hanga tokko | 2 | % 9 |
| | C.Gadaanaadha | 9 | % 41 |
| | D.Lakkii | 10 | % 45 |
| | Ida'ama | 22 | % 100 |

Akkuma gabatee 9 keessatti ibsametti deebistoonni (% 5) ta'an dhamjechoonni Afaan Oromoo hundee jechaarratti maxxanuun tajaajila caaslugaaf ooluu isaanii kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa barnoota Afaan Oromoo keessatti ifatti kaa'amuusaa yoo ibsan,(% 9) kan ta'an dhamjechoonni Afaan Oromoo hundee jechaatti maxxanuun tajaajila caaslugaaf ooluu isaanii kitaabilee barataa keessatti ifatti kaa'amuun isaa hanga tokko kan mul'atu ta'uu ibsaniiru.Deebii kanarraa wanti hubatamu dhamjechoonni kun hundee jechaatti maxxanuun caasluga adda addaa agarsiisuu irratti hanqina kan qaban ta'uusaadha.Deebistoonni (%41) ta'an immoo,argamni isaanii gadaanaa ta'uu yoo ibsan,deebistoonni (% 45) ta'an,lakkii jechuun deebisaniiru.Haata'u malee,akkaataa dhamjechoonni hundee jechaatti maxxanuun tajaajila caaslugaatiif oolan baratan qabiyyee afaanii barachuuf deemu tokko keessatti haala gareen jechaa maqaa,maqibsiifi gochimaa itti ijaaramuu danda'an addatti ibsamanii mul'achuu qabu (Harmer 1991).

### 4.3.3. Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaablee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo kutaa 5fi 6 keessatti akaakuun dhamjechootaa walabaa haala hubatamuu danda'uun adda bahanii taa'aniiruu?

Ijaarsa jechootaan walqabatee,uunkaafi tajaajilli dhamjechoota walabaa haala hubatamuu danda'amuun kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barataa Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti adda bahanii dhiyaachuu isaanii mirkaneeffachuuf gaaffii barsiisotaaf dhiyaatedha..Deebiin barsiisonni kennanis gabatee 10 keessatti ibsameera.

**Gabatee (10): Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaablee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo keessatti akaakuun dhamjechoota walabaa haala hubatamuun dhiyaachuu**

| Lakk.Gaaffii | Filannoowwan | Baay'ina Deebistootaa | Dhibbeentaan |
|---|---|---|---|
| 3 | A.Eeyyee | 2 | % 9 |
| | B.Hanga tokko | 2 | % 9 |
| | C.Gadaanaadha | 7 | % 32 |
| | D.Lakkii | 11 | % 50 |
| | Ida'ama | 22 | % 100 |

Akkuma gabatee 10 keessatti ibsametti deebistoonni (% 9) ta'an uunkaafi tajaajilli dhamjechoota walabaa Afaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti haala hubatamuu danda'uun adda bahee dhiyaachuusaa ibsaniiru.Deebistoonni (% 9)

immoo,uunkaafi tajaajilli dhamjechoota walabaa kitaabilee barataa keessatti hanga tokko adda bahee haala hubatamuu danda'uun dhiyaachuu isaa ibsaniiru.Kunis qabiyyee dhamjechoota walabaarratti hubannoo gahaa ta'e kan hinuumne ta'uu agarsiisa.Kana malees,deebistoonni (% 32) ta'an dhiyaannaan isaa gadaanaa ta'uusaafi (% 50) immoo,gonkuma uunkaafi tajaajilli dhamjechoota walabaa Afaan Oromoo kitaabilee barataa keessatti haala hubatamuu danda'uun adda bahee kan hin mul'annee ta'uu deebisaniiru.Kunimmoo,ofiin barachuu barattootaa keessatti haala dhiyaannaa dhamjechoota walabaa kitaabilee barataarraa argachuu waan hin dandeenyeef, hubannoo gama qabiyyee kanaatiin argachuun isaanirra jiru kan gad jalaa buusuu ta'uudha.Kanaafuu,qabiyyeen dhamjechoota garaagaraa haala rakkisaa hintaaneen fedhii barattootaa irratti hundaa'anii yoo dhiyaatan,adeemsa baruu- barsiisuu keessatti haala mijaawaa ta'e kan uumanidha (McDonough and Shaw,1993).

### 4.3.4 Ijaarsa jechootaan walqabatee,yemmuu qabiyyee Xindhamjecha Afaan Oromoo barsiistu, barattoonni hubannoo isaa kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo kutaa 6 irraa niargatu jettee ni yaaddaa?

Ijaarsa jechootaan walqabatee,yemmuu qabiyyee xindhamjechaa Afaan Oromoo barsiisan,baratoonni hubannoo isaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaaa keessaa argachuu isaanii gaaffiin dhiyaateeraaf.Deebiin isaan kennanis gabatee 11 keessatti ibsameera.

**Gabatee (11): Ijaarsa jechootaan walqabatee,qabiyyee Xindhamjchaa Afaan Oromoo Kitaailee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa)Afaan Oromoo ni argachuu**

| Lakk.Gaaffii | Filannoowwan | Baay'ina Deebistootaa | Dhibbeentaan |
|---|---|---|---|
| 4 | A.Eeyyee | 2 | % 9 |
| | B.Hanga tokko | 1 | % 5 |
| | C.Gadaanaadha | 8 | % 36 |
| | D.Lakkii | 11 | % 50 |
| | Ida'ama | 22 | % 100 |

Akkuma gabatee 11 keessatti mul'atu deebistoonni (% 9) ta'an qabiyyee xindhamjecha Afaan Oromoo yemmuu baratan hubannoo isaa kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 6 irraa argachuu isaanii yooibsan,deebistoonni(%5) ta'angaruu, hanga tokko argachuu isaaniii basaniiru. Akkasumas, deebistoonni (% 36) ta'an

hubannoon isaan argatan gadaanaa ta'uu yemmuu ibsan,(%50) kan ta'an immoo,lakkii jechuun deebisaniiru.Haata'u malee,barattoonni barnoota xindhamjechaas ta'ee,kan biroo barachuufi fedhii isaanii guuttachuuf haalli dhiyaannaa qabiyyee barnootaa sun kan fedhii barattootaa giddu-galeessa godhate ta'uu qaba (McDonough and Shaw,1993).

### 4.3.5 Ijaarsa jechootaan walqabatee,qabiyyee barnoota xindhamjechaa barsiistu keessatti akaakuun dhamjechootaafi akkaataan tajaajila isaanii adda bahee kitaabi (Silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) afaan oromoo keessatti ibsameeraa?

Ijaarsa jechootaan walqabatee,qabiyyee barnoota xinjechaa baratan keessatti akaakuun dhamjechootaafi akkaataan tajaajila isaanii adda bahee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barataa barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaachuu isaaniif barattootaaf gaaffiin dhiyaateera.Deebiin barattoonni kennanis gabatee 12 keessatti ibsameera.

**Gabatee (12): Ijaarsa jechootaan walqabatee,akaakuu dhamjechootaafi tajaajila isaanii kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barataa keessatti**

| Lakk.Gaaffii | Filannoowwan | Baay'ina Deebistootaa | Dhibbeentaan |
|---|---|---|---|
| 5 | A.Eeyyee | 0 | % 0 |
| | B.Hanga tokko | 3 | % 14 |
| | C.Gadaanaadha | 6 | % 27 |
| | D.Lakkii | 13 | % 59 |
| | Ida'ama | 22 | % 100 |

Akkuma gabatee 12 keessatti ibsametti kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barataa barnoota Afaan Oromoo keessatti akaakuun dhamjechootaafi akkaataan tajaajila isaanii adda bahee dhiyaachuu isaa ilaalchisee, ragaan barsiisonni kennan akka itti aanutti dhiyaateera.Deebistoonni (% 0) ta'an bifa ifa ta'een adda bahee tasumaa kan hin dhiyaate ta'uu isaa nihubatama,kanneen (% 14) ta'an immoo,hanga tokko haala quubsaa hintaaneen kan argaman ta'uu ibsaniiru.Akkasumas,(% 27) kan ta'an,gadaanaa ta'uu isaatiifi kanneen (% 59) ta'an immoo,gonkuma haala ifa ta'een adda bahee kitaabilee barataa keessatti kan hin mul'anne ta'uu ibsaniiru.

### 4.3.6 Ijaarsa jechootaan walqabatee, Kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo keessatti akkaataa dhamjechoonni hundee jechaatti maxxanuun jechoota harawaa itti uuman ifatti kaa'ameeraa?

Ijaarsa jechootaan walqabatee,uumama jechootaa ilaalchisee,akkaataa dhamjechoonni hundee jechaatti maxxanuun jechoota haarawaa itti uumuu danda'an kitaabilee**(**Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barataa keessatti ifatti dhiyaachuu isaanii mirkaneeffachuuf gaaffiin dhiyaate,gaaffii (4.3.8)tiin wal-fakkaataa waan ta'eef,iddoo tokkotti qaaccessameera. Deebiin barsiisonni kennanis gabatee 13 keessatti ibsameera.

**Gabatee (13): Ijaarsa jechootaan walqabatee,Kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti akkaataan Uumama Jechoota Afaan Oromoo adda bahee ibsamuu**

| Lakk.Gaaffii | Filannoowwan | Baay'ina Deebistootaa | Dhibbeentaan |
|---|---|---|---|
| 6 | A.Eeyyee | 1 | % 5 |
| | B.Hanga tokko | 2 | % 9 |
| | C.Gadaanaadha | 9 | % 41 |
| | D.Lakkii | 10 | % 45 |
| | Ida'ama | 22 | % 100 |

Akkuma gabatee 13 keessatti ibsame uumama jechootaa ilaalchisee,kitaabilee**(**Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barataa barnoota Afaan Oromoo keessatti akkaataa dhamjechoonni adda addaa hundee jechaatti maxxanuun jechoota haarawaa itti uumuu danda'an ifatti kitaabilee barataa keessatti dhiyaachuu isaanii ilaalchisee, gaaffii dhiyaateef deebistoonni (% 5)ta'an dhamjechoonni kunneen kan argaman ta'uu ibsu.Deebistoonni (% 9) ta'an hanga tokko kan argaman ta'uu yemmuu ibsan,deebistoonni(% 41) ta'an gadaanaa ta'uufi kanneen (% 45) ta'an immoo,gonkuma dhamjechoonni kun kan hin argamne ta'uu ibsaniiru.Ragaan argame kun kan nama hubachiisu kitaabilee barnoota (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo keessatti qabiyyeen dhamjechootaa jechoota haarawaa uumuuf tajaajilan hanga tokko kan argaman yoo ta'an,kunimmoo,guutumaan guutuutti qabiyyee barnootichaa nama hubachiisuu keessatti hanqina kan qabu ta'uusaati.

### 4.3.7 Ijaarsa jechootaan walqabatee, gilgaalonniifi gochaalee kitaabilee (Silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo keessatti qabiyyee dhamjechootaan wal-qabatanii dhiyaatan qabiyyicha hubachiisuuf gahaadhaa?

Ijaarsa jechootaan walqabatee, kitaabilee**(**Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo keessatti Gilgaalonniifi gochaalee qabiyyee dhamjechootaan wal-qabatanii dhiyaatan hubannoo qabiyyee barnootichaaf gahaa ta'uu isaanii ilaalchisee barsiisotaaf gaaffiin dhiyaateera.Deebiin barsiisonni kennan immoo,gabatee 14 keessatti ibsameera.

**Gabatee (14) Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti gilgaalonniifi gochaalee dhiyaate qabiyyee dhamjechootaa hubachiisuu Isaanii**

| Lakk. Gaaffii | Filannoowwan | Baay'ina Deebistootaa | Dhibbeentaan |
|---|---|---|---|
| 7 | A.Eeyyee | 3 | % 14 |
| | B.Darbee darbee | 1 | % 5 |
| | C.Gadaanaadha | 6 | % 27 |
| | D.Lakkii | 12 | % 54 |
| | Ida'ama | 22 | % 100 |

Akkuma gabatee 14 keessatti ibsametti gilgaalonniifi gochaalee kitaabilee**(**Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti qabiyyee dhamjechootaan walqabatanii dhiyaatan hubannoo qabiyyee barnootichaaf gahaa ta'uu isaanii ilaalchisee gaaffii dhiyaateef deebistoonni (% 14) ta'an gahaa ta'uusaa ibsaniiru.Deebistoonni (% 5) ta'an immoo,darbee darbee qofa kan argamu ta'uu yoo ibsan,deebistoonni (% 27) ta'an garuu,argamni dhamjechoota kanaa gadaanaa ta'uusaanii ibsaniiru.Kana malees,deebistoonni (% 54) ta'an immoo,gonkum gilgaalonniifi gochaalee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti qabiyyee dhamjechootaan walqabatanii dhiyaatan hubannoo qabiyyee barnootichaaf gahaa kan hintaane ta'uu ibsaniiru.

### 4.3.8 Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabileen (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) ghubannoo jechoota biroo itti uumuufi tajaajila isaan caasluga Afaan Oromoo keessatti qaban barachuuf nigargaaraa?

Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee**(**Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) hubannoo jechoota biroo argachuufi tajaajila isaan caasluga Afaan Oromoo keessatti qaban barachuuf gargaaruu isaa gaaffiin barsiisotaaf dhiyaateera.Deebiin isaan kennanis gabatee 15 keessatti ibsamee dhiyaateera.

**Gabatee (15): Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Uumamaafi tajaajila caasluga Afaanii hubachiisuusaa**

| Lakk.Gaaffii | Filannoowwan | Baay'ina Deebistoota | Dhibbeentaan |
|---|---|---|---|
| 8 | A.Eeyyee | 1 | % 5 |
| | B.Darbee darbee | 2 | % 9 |
| | C.Gadaanaadha | 9 | % 41 |
| | D.Lakkii | 10 | % 45 |
| | Ida'ama | 22 | % 100 |

Akkuma gabatee 15 keessatti ibsame hubannoo jechoota biroo itti uumuufi tajaajila isaan caasluga Afaan Oromoo keessatti qaban barachuuf gargaarsa kitaabileen**(**Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) taasise ilaalchisee gaaffii gaafatamaniif deebistoonni (% 5) ta'an jechoota biro barachuufi tajaajila isaan caasaa seerluga afaanichaa keessatti qaban barachuuf kan gargaaru ta'uu yemmuu ibsan,kanneen (% 9) ta'an immoo,jechoota biroo barachuufi tajaajila isaan caasaa seerluga afaanichaa keessatti qaban darbee darbee kan argaman ta'uu ibsaniiru.Akkasumas,(% 41) kan ta'an argamni isaanii gadaanaa taa'uu yoo ibsan,(% 45) kan ta'an immoo,kitaabileen**(**Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kunneen gama hubannoo jechoota haarawaa barachuufi tajaajila caasaa seerluga afaanichaa barachuu keessatti hubannoon isaan uuman gonkumaa kan hin jirre ta'uu ibsaniiru.Kanaafuu,uunkaafi caasaa seerluga afaan tokkoo otoo barattootaaf hindhiyeessiin dura haala uunkaan suniifi caasaan seerluga afaan sun itti dhiyaatu adda baasuun ibsuufi akkaataa caasaan sun afaanicha keessatti tajaajila kennu adda bahee ibsamuu qaba.

### 4.3.9 Ijaarsa jechootaan walqabatee,Kitaabileen (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) tajaajilaafi uunkaalee dhamjechoota Afaan Oromoo garaagaraa hubachuun barattoota rakkisaa?

Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo irraa tajaajilaafi uunkaa dhamjechoota garaagraa hubachuun barattoota rakkisuusaa ilaalchisee barsiisotaaf gaaffiin dhiyaateera.Deebiin barsiisonni kennanis gabatee 16 keessatti ibsameera.

**Gabatee (16): Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Tajaajilaafi Uunkaa Dhamjechootaa Hubachuun Rakkisuu**

| Lakk.Gaaffii | Baay'ina Deebistootaa | Baay'ina Deebistootaa | Dhibbeentaan |
|---|---|---|---|
| 9 | A.Eeyyee | 13 | % 59 |
| | B.Hanga tokko | 6 | % 27 |
| | C.Homaa hinjedhu | 2 | % 9 |
| | D.Lakkii | 1 | % 5 |
| | Ida'ama | 22 | % 100 |

Akkuma gabatee 16 keessatti ibsametti kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo irraa tajaajilaafi uunkaa dhamjechoota garaagaraa Afaan Oromoo hubachuun barattoota rakkisuusaa ilaalchisee gaaffii barsiisotaaf dhiyaateef deebistoonni (% 59) ta'an hubachuun kan nama rakkisu ta'uusaa ibsaniiru.Kanneen (% 27) ta'an immoo,hanga tokko kan nama rakkisu ta'uu yoo ibsan,deebistoonnii (% 9) ta'an homaa kan hinjenne ta'uu ibsaniiru.Akkasumas,(%5) ta'an kitaabicha irraa tajaajilaafi uunkaa fufiilee garaagaraa hubachuun kan nama hin rakkisinne ta'uu ibsaniiru.Deebii kennamerraa wanti hubatamuu danda'u kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo irraa tajaajilaafi uunkaa dhamjechootaa adda baasanii hubachuu rakkisaa ta'uusaati.

### 4.3.10 Ijaarsa jechootaan walqabatee,Uunkaaleefi tajaajila dhamjechoota hirkataa yemmuu barsiistu kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti karaa ifa ta'een hubachuun nidanda'amaa?

Ijaarsa jechootaan walqabatee,uunkaaleefi tajaajila dhamjechoota hirkataa yemmuu baratan kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) karaa ifa ta'een hubachuu isaanii ilaalchisee barattootaaf gaaffiin dhiyaateera.Deebiin barattoonni kennanis gabatee 17 keessatti ibsameera.

**Gabatee (17): Ijaarsa jechootaan walqabatee,uunkaaleefi dhamjechoota hirkataa kitaabilee (Silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti**

| Lakk.Gaaffii | Filannoowwan | Baay'ina Deebistootaa | Dhibbeentaan |
|---|---|---|---|
| 10 | A.Eeyyee | 0 | % 0 |
| | B.Darbee darbee | 3 | % 14 |
| | C.Gadaanaadha | 6 | % 27 |
| | D.Lakkii | 13 | % 59 |
| | Ida'ama | 22 | % 100 |

Akkuma gabatee 17 keessatti ibsametti uunkaalee dhamjechoota hirkataafi tajaajila isaan caasluga Afaan Oromoo keessatti qaban yemmuu barsiisan kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) karaa ifa ta'een hubachuu danda'uu isaanii ilaalchisee,barsiisotaaf gaaffiin dhiyaatee,barsiisonni (%0) ta'an kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo hubannoo akka argatan ibsaniiru.Kanneen (%14) ta'an immoo,darbee darbee hubannoo kan kennu ta'uu yoo ibsan,kanneen (% 27) garuu,gadaanaa ta'uufi (% 59) kan ta'an immoo,gonkuma kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo uunkaaleefi tajaajila dhamjechoota hirkataa haala salphaa ta'een hubachuun akka hindanda'amne ibsaniiru.Akkuma bargaaffiin kun mul'isutti dhiyaannaan dhamjechoota kanaa haala gaariin kan hindhiyaanne ta'usaa hubachuun nidanda'ama.

### 4.3.11 Ijaarsa jechootaan walqabatee,Kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo keessatti jechoota bu'uuraa afaanicha keessa jiranitti gargaramuun jechoota uunkleefi tajaajila adda addaa qaban ijaaruun akkaataa itti danda'amu fakkeeny"an ibsamee jiraa?

Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti jechoota bu'uura afaanichaa keessa jiranitti gargaaramuun jechoota uunkaafi tajaajila adda addaa qaban akkaataa itti ijaaruun danda'amu fakkeenyaan waliin dhiyaachuu isaanii ilaalchisee barsiisotaaf gaaffiin dhiyaateera.Deebiin barsiisonni kennan gabatee 18 keessatti ibsameera.

**Gabatee (18): Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti jechoota uunkleefi tajaajila adda addaa qaban ijaaruun akkaataa itti danda'amu irratti fakkeenyi dhiyaate jiraachuu**

| Lakk.Gaaffii | Filannoowwan | Baay'ina Deebistootaa | Dhibbeentaan |
|---|---|---|---|
| 11 | A.Eeyyee | 2 | % 9 |
| | B.Darbee darbee | 2 | % 9 |
| | C.Gadaanaadha | 6 | % 27 |
| | D.Lakkii | 12 | % 55 |
| | Ida'ama | 22 | % 100 |

Akkuma gabatee 18 keessatti ibsametti kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti jechoota bu'uura afaanicha keessa jiranitti gargaaramuun jechoota uunkaafi tajaajila adda addaa qaban akkaataa itti ijaaramuu danda'an fakkeenyaan dhiyaachuu isaanii ilaalchisee gaaffiin dhiyaateef,barsiisonni (% 9) ta'an akkaataa jechoonni adda addaa itti ijaaraman fakkeenyaan kitaabilee barataa keessatti dhiyaachuu isaa ibsaniiru.Kana malees,kanneen (% 9) ta'an akkaataa jechoonni garaagaraa itti ijaaraman fakkeenyaan kitaabilee barataa keessatti darbee darbee kan mul'atu ta'uu yoo ibsan,kanneen (% 27) ta'an immoo,argamni isaanii gadaanaaa ta'uu yemmuu ibsan,deebistoonni (% 55) ta'an garuu,haala jechoonni garaagaraa itti ijaaraman gonkuma fakkeenyaan deeggaramee kan hin dhiyaanne ta'uu ibsaniiru.

### 4.3.12 Ijaarsa jechootaan walqabatee,Uumamaafi hormaata jechootaa yemmuu barsiistu kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) uunkaaleefi tajaajila isaan caasluga Afaan Oromoo keessatti qaban barattoonni adda baasanii hubataniiruu?

Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee **(**Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti haala uumamaafi hormaata jechootaa yemmuu baratan uunkaaleefi tajaajila isaanii barattoonni adda baasanii hubachuu isaanii ilaalchisee barsiisotaaf gaaffiin dhiyaateera.Deebiin isaan kennan immoo,gabatee 19 keessatti dhiyaateera.

**Gabatee (19): Ijaarsa jechootaan walqabatee,Kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti uumamaafi hormaata jechootaa tajaajila Isaanii barattoonni adda baafachuu**

| Lakk.Gaaffii | Filannoowwan | Baay'ina Deebistootaa | Dhibbeentaan |
|---|---|---|---|
| 12 | A.Eeyyee | 3 | % 14 |
| | B.Hanga tokko | 1 | % 4 |
| | C.Gadaanaadha | 7 | % 32 |
| | D.Lakkii | 11 | % 50 |
| | Ida'ama | 22 | % 100 |

Akkuma gabatee 19 keessatti ibsame kitaabilee**(**Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti haala uumamaafi hormaata jechootaa yemmuu barsiisan uunkaaleefi tajaajila isaan qaban barattoonni addaan baasanii hubachuu isaaniitiif gaaffii dhiyaateef ilaalchisee,deebistoonni (% 14) ta'an adda baasanii hubachuu isaanii ibsaniiru.Kanneen (% 4) ta'an immoo, hanga tokko qofa hubachuu isaanii yoo ibsan,kanneen (% 32) ta'an hubannaan isaanii gadaanaa ta'uu ibsaniiru.Akkasumas,deebistoonni (% 50) ta'an immoo,ciruma hubannaa tokkollee kan hin arganne ta'uu ibsaniiru.Ragaa argame kanarraa kan hubannu kitaabilee**(**Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo dhiyaate kana keessatti haala uumamaafi hormaata jechoota Afaan Oromoo uunkaaleefi tajaajila isaan qaban adda baasanii hubachuu ilaalchisee haala gaariin kan dhiyaate ta'uu hubachuun nama rakkisa.Haata'u malee,adeemsa qo'annoofi fayyadama afaan tokkoo keessatti beekumsiifi hubannoon sirriin waa'ee afaanichaa keessatti barbaachisaa ta'an kanneen akka sirna seerlugaa

afaanichaa,uumamaafi hormaata jechoota afaanichaafi kkf beekuun barbaachisaadha ( Sharma and Tuteja,2005).

### 4.3.13 Ijaarsa jechootaan walqabatee,uwwisa qabiyyee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo ni mul'atuu?

Ijaarsa jechootaan walqabatee,uwwisa qabiyyee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo mul'achuu isaanii ilaalchisee barsiisotaaf gaaffiin dhiyaateera.Deebiin barsiisonni kennan immoo,gabatee 20 keessatti ibsameera.

**Gabatee (20): Ijaarsa jechootaan walqabatee,uwwisa qabiyyee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti akaakuun dhamjechootaa argamuu**

| Lakk.Gaaffii | Filannoowwan | Baay'ina Deebistootaa | Dhibbeentaan |
|---|---|---|---|
| 13 | A.Eeyyee | 1 | % 5 |
| | B.Darbee darbee | 1 | % 5 |
| | C.Gadaanaadha | 8 | % 36 |
| | D.Lakkii | 12 | % 54 |
| | Ida'ama | 22 | % 100 |

Akkuma gabatee 20 keessatti ibsame uwwisa qabiyyee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti akaakuun dhamjechoota adda addaa argamuu isaanii ilaalchisee gaaffii gaafatamaniif deebistoonni (% 5) ta'an uwwisa qabiyyee kitaabichaa keessatti hin argaman jechuun deebisaniiru.Kanneen (% 5) ta'an immoo,darbanii darbanii kan argaman ta'uu ibsaniiru.Akkasumas,deebistoonni (% 36) ta'an argamni fufiilee kanaa gadaanaa ta'uu yoo ibsan,kanneen (% 54) ta'an immoo,tasumaa uwwisa qabiyyee kitaabichaa keessatti gosoonni fufiilee adda adddaa kan hin argamne ta'uu ibsaniiru.Ragaa kanarraa akkuma hubatamu uwwisa qabiyyee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo keessatti gosoonnii fufiilee garaagaraa kan argaman ta'uusaati.Haata'u malee,adeemsa dhiyaannaa kitaaba barnootaa qabiyyee fufiilee afaan tokkoo keessatti tooftaan qabiyyeen fufii tokko itti dhiyaachuu danda'u dubbisatti fayyadamuudha.Kana hubachiisuun immoo,dubbisa dhiyaate keessatti tajaajila fufiileen sunneen oolaniif adda baasuun agarsiisuudhaan (Harmer,1991).

### 4.3.14 Ijaarsa jechootaan walqabatee,boqonnaalee adda addaa kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti mata-dureewwan dhamjechoota Afaan Oromoo argaman mata-dureewwan dhiyaatan barsiisuuf mijataadhaa?

Ijaarsa jechootaan walqabatee,boqonnaalee adda addaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa’an keessatti qabiyyeewwan dhamjechootaa argaman mata-dureewwan dhiyaatan barachuuf kaka’umsa uumuu isaanii ilaalchisee,barsiisotaaf gaaffiin dhiyaateera.Deebiin barsiisonni kennanis gabatee 21 keessatti ibsameera.

**Gabatee( 21): Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti, mata-dureewwan dhamjechootaa boqonnaalee adda addaa jalatti dhiyaachuu**

| Lakk.Gaaffii | Filannoowwan | Baay’ina deebistootaa | Dhibbeentaan |
|---|---|---|---|
| 14 | A.Eeyyee | 4 | % 18 |
| | B.Darbee darbee | 3 | % 14 |
| | C.Gadaanaadha | 6 | % 27 |
| | D.Lakkii | 9 | % 41 |
| | Ida’ama | 22 | % 100 |

Akkuma gabatee 21 keessatti ibsame boqonnaalee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo mara keessatti qabiyyeewwan xinjechaa argaman mata-dureewwan dhiyaatan barachuuf kaka’umsa kan uuman ta’uu gaaffii dhiyaateef irratti deebistoonni (% 18) ta’an kaka’umsa kan uuman ta’uu ibsaniiru.Kanneen (% 14) ta’an immoo,darbee darbee kaka’umsa kan uuman ta’uu yemmuu ibsan,deebistoonnii (% 27) ta’an kaka’umsi isaan uuman gadaanaa ta’uu ibsaniiru.Kana malee,kanneen (% 41) ta’an immoo,gonkuma kaka’umsa kan hinuumneta’uu ibsaniiru.Haaluma gabatee kanarraa hubatamutti, dhiyaannaan dhamjechoota kanaa haala fooyyee qabuun kan argaman ta’u.

### 4.3.15 Ijaarsa jechootaan walqabatee,haalli dhiyaannaa xindhamjechaa silabasii keessaa,kitaaba barataa keessaafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatee wal simataa?

Ijaarsa jechootaan walqabatee,haala dhiyaannaa xindhamjechaa silabasii keessaa,kitaaba barataa keessaafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatee wal simachuu isaanii ilaalchisee gaaffiin barsiisotaaf dhiyaateera.Deebiin isaan kennanis gabatee 22 keessatti ibsameera.

**Gabatee (22): Ijaarsa jechootaan walqabatee,haalli dhiyaannaa xindhamjechaa silabasii keessaa, kitaaba barataa keessaafi qajeelcha barsiisaa keessatti wal simachuu isaa**

| Lakk.Gaaffii | Filannoowwan | Baay'ina Deebistootaa | Dhibbeentaan |
|---|---|---|---|
| 4 | A.Eeyyee | 1 | % 5 |
| | B.Hanga tokko | 3 | % 14 |
| | C.Gadaanaadha | 8 | % 36 |
| | D.Lakkii | 10 | % 45 |
| | Ida'ama | 22 | % 100 |

Akkuma gabatee 22 keessatti mul'atu deebistoonni (% 5) ta'an haalli dhiyaannaa xindhamjechaa silabasii keessaa,kitaaba barataa keessaafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaate wal simachuusaa yoo ibsan,deebistoonni (%14) ta'an garuu,hanga tokko wal simachuu isaaa ibsaniiru.Akkasumas,deebistoonni (% 36) ta'an wal simannaan isaanii gadaanaa ta'uu yemmuu ibsan,(%45) kan ta'an immoo,lakkii jechuun deebisaniiru.Haata'u malee,barattoonni barnoota xindhamjechaas ta'ee,kan biroo barachuufi fedhii isaanii guuttachuuf haalli dhiyaannaa qabiyyee barnootaa sun kan fedhii barattootaa giddu-galeessa godhate ta'uu qaba (McDonough and Shaw,1993).

### 4.3.16 Qaaccessa Ijaarsa jechootaan walqabatee,qindoomina Qabiyyee dhamjechaa boqonaa gara boqonnaatti kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo kutaa 5 keessatti

**Gabatee (23): Qaaccessa Ijaarsa jechootaan walqabatee,Qindoomina Qabiyyee Dhamjechaa Boqonaa Gara Boqonnaatti Kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo Kutaa 5 Keessatti**

| Lakk. | Qabiyyeewwan Xindhamjechaa | Boqonnaa keessatti argaman | | |
|---|---|---|---|---|
| | | 1-8 | 9-16 | 17-26 |
| 1 | Jechoota unka jijjiirratan | Arfaffaa | - | - |
| 2 | Maxxantoota | Shanaffaa | - | - |
| 3 | Sagalee dheeraafi gabaabaa | Shanaffaa | - | - |
| 4 | Irra buta | Shanaffaa | - | - |
| 5 | Qooda maqaalee | - | Kudha sadaffaa | - |

Gabateen 23 akkuma ibsutti, ijaarsa jechootaan walqabatee,walitti fufinsa boqonnaadhaa boqonnaatti kitaaba kutaa 5 keessatti xindhamjecha ilaalchisee, boqonnaalee 26 kana keessaatti gosni qabiyyeewwan xinjechaa walqabatanii dhihaatan shan yoo ta’an; kanneen keessaa lama qofaatuwalitti fufinsaa ofkeessaa qaba. Kana jechuun, guutummaa guutuutti tartiibafi duraa duuba isaa eeguun bifa dhihaachuu qaban hundaan dhihaatan osoo hintaanee amma tokko warreen kaan caalaa boqonnaalee sadii keessatti waan argamaniif qofadha.Kanaaf, kun qofti ammoo walitti fufinsi qabiyyee jira nama hinjechisiisu. Kun ammoo kan mul’isu, walitti fufinsi qabiyyee dhimma itti yaadamuu qabu ta’uusaati.

Akkuma boqonnaa lammaaffaa keessaatti ibsuuf yaaletti Walitti fufinsi qabiyyee muuxannoo barnootaa sirriifi filatamaa ta’een sirna barnootaa gahumsa qabu hundeessuukeessatti gahee inni qabu olaanaadha. Walitti fufinsa yeroo jennuus gosa barnootaa tokko keessatti qabiyyee deddeebi’ee kan dhufu ta’ee; garuu gaddachaa kan deemu jechuudha (Tasfaayee, 1981).Akkasumas, Tashoomaan (1998) qindomina qabiyyee ilaalchisee qindoominni olee dhimmoota ittifufinsaafi walduraa duuba dhufinsa jedhamanii mirkanaa’uu danda’u. Ittifufinsi (continuity) qabiyyeen tokko haala tokkorra deddeebi’ee dhufuusaa kanilaalltudha. Walduraaduuba dhufinsi immoo, tokko tokkorratti bu’uureeffachuufi guddachaa dhufuu isaa agarsiisa.

Kanaaf, KBfi QBAO kutaa 5 kun ulaagaa kana waan hinguunneef gama walitti fufinsaatiin hanqinni kan jiru ta'uusaa ragaa argame ni addeessa. Kun ammoo, hubannoo barataa cimsuu keessaatti shora olaanaa waan taphatuuf wayita kitaabni qophaa'uu dhimmaa dursi kennamuufi qabu waan ta'eef; xiyyeeffannoo kan barbaadu ta'uusaa raga sassabamerraa hubachuun nidanda'amas.

### 4.3.17 Qaaccessa Ijaarsa jechootaan walqabatee,Qindoomina Qabiyyee Dhamjechaa Boqonnaa Gara Boqonnaatti Kitaabilee(Silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo Kutaa 6 Keessatti

**Gabatee (24) Qaaccessa ijaarsa jechootaan walqabatee, qindoomina qabiyyee dhamjechaa boqonnaa gara boqonnaatti kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo Kutaa 6 keessatti**

| | | **Boqonnaa keessatti argaman** | | |
|---|---|---|---|---|
| **Lakk.** | **Qabiyyeewwan Xinjechaa** | **1-8** | **9-16** | **17-25** |
| 1 | Unka Jechoota jijjiiruuf | Torbaffaa | - | - |
| 2 | Wal qabsiistota | - | Kudha shanaffaa | - |
| 3 | Jechoota sagalee laafaafi jabaa | Saddettaffaa | - | - |
| 4 | Jechoota lama lamaan walitti hidhuu | - | Salgaffaa | - |
| 5 | Maxxantoota | - | Kudha lammaffaa | - |

Akkuma gabateen armaan olii kanarra hubatamutti walitti fufinsa boqonnaa gara boqonnaatti yoo ilaalu, kutaa kitaaba barnootaa kutaa 6keessatti qabiyyee xindhamjechaa ilaalchisee boqonnaalee 25 kana keessatti qabiyyeewwan dhihaatan akaakuun 5 ta'u. Kunis, qabiyyicha ilaalchisee kan mul'atu hanga boqonnaa muraasa yoo ta'u boqonnaalee hafan keessatti sirumaa hinjiru. Kun ammoo, kan hubachiisu walitti fufinsa boqonnaa gara boqonnaatti rakkoon jiraachuu isaa agarsiisa. Kanarraa ka'uun, qabiyyeewwan dhihaatan kanneen keessaa amala walitti fufinsaa kan agarsiisaan hin jiran; kun kan agarsiisu, qofaa isaanii kan dhihaatan ta'u isaaniti.

Akka Tashoomaan (1998) qindomina qabiyyee ilaalchisee ibsetti, qindoominni olee dhimmoota ittifufinsaafi walduraa duuba dhufinsa jedhamanii mirkanaa'uu danda'u.Ittifufinsi (continuity) qabiyyeen tokko haala tokkorra deddeebi'ee dhufuusaa kanilaallatudha.Walduraaduuba dhufinsi immoo, tokko tokkorratti bu'uureeffachuufi guddachaa dhufuu isaa agarsiisa. Yaada kanarra

akka hubatamutti walitti fufinsi qabiyyee kan ilaalamu qabiyyichi haala tokkorra daddeebi'ee kan dhufu yoo ta'e qofadha. Kanaaf, kitaabni kutaa 6 haala kana kan guutu miti. Kunis, sakatta'insi taasifame kan ibsu qabiyyeen baayyee muraasa ta'aniin ala baayyeen isaanii deddeebi'an kan hindhufne ta'uusaati. Kun ammoo, gama walitti fufinsaatiin rakkoon jiraachusaa ragaan funaaname ni'ibsa.

### 4.3.18 Qaaccessa Ijaarsa jechootaan walqabatee, qindoomina qabiyyee xindhamjechaa, kutaa 5 gara kutaa 6tti

**Gabatee (25) Qaaccessa Ijaarsa jechootaan walqabatee,qindoomina qabiyyee xindhamjechaa, kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Kutaa 5 Gara 6tti**

| Lakk. | Qabiyyee Xindhamjechaa | Kutaa 5 | | | Kutaa 6 | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Silabasii | Kitaaba barataa | Qajeelcha barsiisaa | Silabasii | Kitaaba barataa | Qajeelcha barsiisaa |
| 1 | Jechoota unka jijjiirratan | 1 | 1 | 1 | 1 | 1 | 1 |
| 2 | Maxxantoota | 3 | 3 | 3 | 1 | 1 | 1 |
| 3 | Jechoota sagalee laafaafi jabaa | 1 | 1 | 1 | 1 | 1 | 1 |
| 4 | Irrabuta | 0 | 0 | 0 | 1 | 1 | 1 |
| 5 | Jechoota lama lamaan walitti hidhaman(tishoo) | 0 | 0 | 0 | 1 | 1 | 1 |
| 6 | Qooda maqaa | 1 | 1 | 1 | 0 | 0 | 0 |
| 7 | Walqabsiistuu | 0 | 0 | 0 | 1 | 1 | 1 |

Gabateen armaan olii akkuma ibsutti, dhihaannaa qabiyyee xinjechaa ilaalchisee walitti fufinsi kutaatii gara kutaatti kan hinjirre ta'uu argina. Sababnisaa, facaatiin isaanii kutaatii kutaatti dabalaa hindeemne. Kunimmoo kitaabileen(Silabasii,Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa) barnootaa kanneen hanqina guddaa akka qaban nutti mul'isa. Akka Tashoomaan (1998) qindomina qabiyyee ilaalchisee ibsetti, qindoominni olee dhimmoota ittifufinsaafi walduraa duuba dhufinsa jedhamanii mirkanaa'uu danda'u.Ittifufinsi (continuity) qabiyyeen tokko haala tokkorra deddeebi'ee dhufuusaa kanilaallatudha.Walduraaduuba dhufinsi immoo, tokko tokkorratti bu'uureeffachuufi guddachaa dhufuu isaa agarsiisa. Yaada kanarra akka hubatamutti walitti fufinsi qabiyyee kan ilaalamu qabiyyichi haala tokkorra daddeebi'ee kan dhufu yoo ta'e

qofadha. Kanaaf, kitaabileen kutaa 5fi 6 haala kana kan guutan miti. Kunis, sakatta'insi taasifame kan ibsu qabiyyeen baayyee muraasa ta'aniin ala baayyeen isaanii deddeebi'an kan hindhufne ta'uusaati. Kun ammoo, gama walitti fufinsaatiin rakkoon jiraachusaa ragaan funaaname ni'ibsa.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAAFI YABOO

As keessatti qabxiileen armaan dura eeraman keessatti cuunfamee taa`antu dhiyaate.Itti dabalees,tooftaawwan hanqinaalee garaagaraa dhiyaannaa xindhamjecha Afaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'an keessatti argaman hiika laachuuf ni deeggaru jedhamanii xiinxalamanitu akka yaada falaatti dhiyaate.

## 5.1 Cuunfaa

As keessatti argannoon qorannoo qaaccessa dhiyaannaa xindhamjechaa kitaabilee (Silabasii, Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'anii hojiirra oolaa jiranirratti taasifame dhiyaateera.Dhiyaannaan dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kanneen keessatti sagantaa barnoota Afaan Oromootiif qophaa'anii hojiirra oolaa jiran haala maaliin akka dhiyaataniifi hanqinaalee dhiyaannaa dhamjechootaa irratti mul'atan adda baafamuun qaaccessamaniiru.Haaluma kanaan,hanqinaalee olitti tarreeffaniif furmaata barbaaduuf malleen qorannoo jiran keessaa mala qorannoo ibsaatti gargaaramee jira. Akkasumas, meeshaalee funaansa ragaalee sadan: mirkaneefannaa Silabasii,kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa, afgaaffii barsiisotaafi akkasumas bargaaffii barsiisotaa fayyadamuun ragaaleen walitti qabaman mala qorannoo ammamtaafi akkamtaan ykn mala qorannoo makaatiin qindaa'anii qaaccessamanii dhiyaataniiru.Ragaalee argaman irratti hundaa'uun immoo, argannoon hanqinaalee dhiyaannaa dhamjechoota kitaabilee (Silabasii, Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6faa keessatti mul'atan cuunfamanii kaa'amaniiru.

Akkuma argannoon mirkaneefannaa kitaabilee(slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) barnoota Afaan Oromoo irratti taasifame mul'isutti,hanqinaaleen dhiyaannaa qabiyyee dhamjechootaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti kan mul'atan ta'uu,hubachuun danda'ameera.Argannoo qaaccessa kitaabilee(slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti taasifame irratti hundaa'uun hanqinaaleen mul'atan haala itti aanuun ibsamaniiru.

- Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee (slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'an keessatti dhiyaatan bal'inaafi gadi fageenyaan ibsamuu dhiisuu,
- Jechootaan walqabatee,akkaataa itti fayyadama dhamjechaa adda bahee kitaabilee (slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) kanniin keessatti dhiyaachuu dhiisuu,
- Ijaarsa jechootaan walqabatee,qabiyyeewwan dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee (slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kanneen keessatti dhiyaatan itti fufinsaan boqonnaa garaagaraa keessatti dhiisuu,
- Ijaarsa jechootaan walqabatee, gilgaalonni qabiyyeewwan dhamjechootaa irratti bu`uura'anii kitaabilee (slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) kanneen keessatti dhiyaatan wantoota barattootaaf hubannoo kennuun fayyadamanii dhiyaachuu dhiisuu,
- Ijaarsa jechootaan walqabatee, qabiyyeewwan dhamjechoota Afaan Oromoo Silabasii, kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan bakka garaa garaatti walsimuu dhiisuu, akkasumas, dhamjechoonni qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan deebii gilgaalotaa kitaabilee barataa keessatti dhiyaatan deebisuun alatti dhamjechoonni haala maaliin akka baratamaniifi "Dhamjecha" jechuun maal jechuu akka ta'e,gadi fageenyaan ibsuu dhiisuu,
- Ijaarsa jechootaan walqabatee, akaakuuwwan dhamjechoota Afaan Oromoo Silabasii, kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan garaa garummaa godhachuu, akkasumas,dhamjechoonni Afaan Oromoo tajaajila maal maaliitiif akka oolan bal'inaan ibsamuu dhiisuu,kana malees,qooddii dhamjechoota Afaan Oromoo keessatti, dhamjechoonni duraafi boodaa isaan kam akka ta'an adda bahanii dhiyaachuu dhiisuufi dhamjechi gidduu Afaan Oromoo keessatti akka hin jirre ifa gochuu dhiisuu.
- Akkasumas,ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoonni danoomina, koorniyaa,haala raawwiifi maayii agarsiisan adda bahanii kitaabilee(slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) kanneen keessatti dhiyaachuu dhiisuu,kana jechuun dhamjechoonni tajaajila caasluga adda addaa agarsiisan adda bahanii hindhiyaanne jechuudha.
- Ijaarsa jechootaan walqabatee dhamjechoonni walabaafi hirkataa Afaan Oromoo isaan kam akka ta'aniifi ergaan isaanii maal akka ta'e, adda baheekitaabilee(slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) kanneenii keessatti dhiyaachuu dhiisuu,

- Ijaarsa jechootaan walqabatee,jechoonni uumaman jechootaa isaan akkamiirraa akka ta'e,kitaabilee(slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) kanniin keessatti osoo hin ibsamiin bira darbamuufi jechoonni "Uumamtee" jedhamanii gilgaalota keessatti dhiyaatanille haala maaliitiin akka uumaman fakkeenyaan hin deeggaramne.Kana malees,uumamaafi hormaata jechootaa keessatti, dhamjechoonni tajaajila uumamteefi tajaajila horteef oolan isaan kam akka ta'an adda bahanii kitaabilee(slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) kanneen keessatti hin ibsamne.
- Ijaarsa jechootaan walqabatee dhamjechoonni haala raawwii ykn henna Afaan Oromoo adda addaa agarsiisan kanneen biroo waliin wal-bira qabamanii yoo ilaalaman,haala fooyyee qabuun kitaabilee(slabasii,kitaaba barataafi qajeelchaabarsiisaa) kanneenii keessatti kan dhiyaachuu qabanidha.
- Ijaarsa jechootaan walqabatee, walitti fufinsi qabiyyee xindhamjechaa kutaatii gara kutaatti jiraachuu dhabuufi guddachaa deemuu dhabuu;
- Dagaaginniifi walitti fufinsi qabiyyee boqonnaatii gara boqonnaattis ta'e, kutaatii gara kutaatti jiraachuu dhabuudha.

Dimshaashumatti,akkuma armaan oliitt ibsamee jirutti argannoon addabaafachuuf, Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa dhamjechoota kitaabilee (Silabasii,Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 19962004 dhiyaatanii akka addeessanitti,hir`inni adda addaa  kan keessatti mul`atan ta`uu,mirkaneeffachuun danda'amee jira.

Itti dabalees,ragaaleen afgaaffii barsiisotaafi akkasumas bargaaffii barsiisotaa irraa argame agarsiisutti,hir`inni adda addaa ijaarsa jechootaan walqabatee, dhiyaannaa dhamjechootaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti kan argaman ta'uusaa,beekuun danda'amee jira.Hir`inaaleen adda addaa tarreeffaman kunneenis armaan gaditti eeramaniiru.

Ijaarsa jechootaan walqabatee, qabiyyeewwan dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee (Silabasii,Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'an keessatti dhiyaatan haala barattoota hawwatuun kan hin dhiyaanneefi barattoota hirkattoota barsiisaa kan taasisuu danda'an ta'uu,argannoon kun ni ibsa.Sababnisaa, Ijaarsa jechootaan walqabatee,maalummaan dhamjechootaa kitaabilee(Silabasii,Kitaaba barataafi

Qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti waan hin ibsamneefi.Kanaafuu,barattoonni dirqama qabsiisa barsiisaan mata-duree kanarratti isaanii kennu akka eeggatan isaan taasisa.Akkasumas, ijaarsa jechootaan walqabatee,gilgaalota qabiyyeewwan dhamjechootaa irratti hundaa'anii kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti dhiyaatan hojjechuuf illee barattootaaf wanti hubannoo kennu baay'een hinmul'atu.kun immoo,ofiin barachuu barattootaa irratti dhiibbaa kan qabu ta'uusaa ragaaleen barsiisotaa irraa argame nimul'isu.Karaa biraatiin, ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni Silabasii,kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan iddoo tokko tokkotti wal-hinsiman. Kunis,barsiisonni odeeffannoo wal-fakkaataa hin taane barattootaaf akka dabarsaniif,daandii kan saaqu ta'uufi adeemsa baruu-barsiisuu qabiyyee barnootichaa kan gufachiisuu danda'u ta'uu,argannoon barsiisotaa ni ibsa.

Kana malees, ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni kitaabilee (Silabasii,Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa) kanneen keessatti dhiyaatan moggaasa adda addaa qabu. Fakkeenyaaf,"tishoofi diigala,jechoota lama lamaan walitti hidhaman, hundeefi wiixinee" jechuun kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti bakkee adda addaatti dhiyaataniiru. Ijaarsa jechootaan walqabatee,moggaasa adda addaa qabaachuun dhamjechoota kanneenii immoo,barsiisonnis ta'an,barattoonni moggaasichi akka waan yaad-rimee garaagaraa qabaniitti yaaduun qabiyyee barnootichaa haala wal-fakkaataa hintaaneen hojiirra oolchuu waan danda'aniif,qabiyyeen barnootichaa miidhaamuu akka danda'u argannoon barsiisota ni'ibsa.

Ijaarsa jechootaan walqabatee,akaakuuwwan dhamjechootaa Afaan Oromoo kitaabilee(Silabasii, Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa) kanneen keessatti dhiyaatan dhamjechoota horteefi uumamtee yoo ta'an, ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoonni horteen tajaajila caasluga adda addaatiif kan oolaniifi ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoonni uumamteen immoo,garee jechootaa ykn hiika jijjiiruu irratti kan xiyyeeffatan ta'uu ibsuun alatti,haala maaliin tajajila caasluga adda addaa akka agarsiisaniifi tooftaa maaliitiin garee jechootaa akka jijjiiran wanti ibsame kan hin jirre ta'uu,argannoon barsiisotaa ni addeessa.Akkasumas, ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) kanneen keessatti akkaataan dhiyaannaa dhamjechootaa Afaan Oromoo baal'inaan waan hin ibsamneef,barattoonni kitaabilee wabii qabiyyichaan wal fakkaatan barbaacha yeroo isaanii akka qisaasessan kan taasisu ta'uu,argannoon barsiisotaa ni ibsa.Kana malees, ijaarsa jechootaan

walqabatee,qabiyyeewwan dhamjechootaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) kanneen keessatti dhiyaatan seeraan osoo hin gulaalamiin hojiirra kan oolan ta'uusaanii hanqinaaleen achi keessatti mul'atan ifa kan taasisan ta'uu,qaaccessi silabasii, kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti taasifame kan ibsu ta'uu,ragaan barsiisotaa lafa kaa'a.Haaluma wal-fakkaatuun,silabasiin,kitaabileen barataafi qajeelchi barsiisaa walsimuu dhiisuun isaanii immoo, ijaarsa jechootaan walqabatee,qabiyyeen dhamjechoota Afaan Oromoo barsiisota adda addaa gidduutti bifa garaagaraatiin hubatamu waan danda'uuf,qabiyyeen barnootichaa bifa garaagaraatiin akka hojiirra oolu kan taasisu ta'uu,argannoon barsiisotaa dabalataan ni ibsa. Kunimmoo, barattoota sadarkaa wal fakkaataa baratan gidduutti addaddummaa kan uumu ta'uusaa, hubachuun nama hin rakkisu.

Dimshaashumatti, qorannicha gara xumuraatti geessuuf cuunfaa argannoo hi`inaalee adda addaa ijaarsa jechootaan walqabatee, dhiyaannaa xindhamjecha Afaan Oromoo kitaabilee (Silabasii, Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 dhiyaatan keessatti argaman irratti xiyyeeffachuun,yaadni ijoo fala ta`u kennameera.

## 5.2 Yaboo

As keessatti qabxiilee argannoo cuunfaa keessatti eeraman irratti xiyyeeffachuun qabxiileen fala jedhaman,ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa xindhamjecha Afaan Oromoo kitaabilee (Silabasii,Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 dhiyaatan keessatti eeramaniiru.

Qabxiileen falaaf kennaman kunneen Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhiyaannaan dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti argaman hanqinaalee kan qaban waan ta'aniif, bifa itti dhiyaachuu qabaniin akka dhiyaatan kan eeranidha.Kana malees, hanqinaalee Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhiyaannaa dhamjechootaa kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti mul'atan kanaaf,tooftaaleen fooyya'iinsa dhiyaannaa qabiyyee dhamjechootaa maal ta'uu akka qaban wantoonni furmaata ni ta'u jedhamanii yaadaman haala itti aanuun kaa'amanii jiru.Yaadoleen furmaataa kennaman kunniinis,jalqabarratti qaamolee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoofi sirna barnoota Afaan Oromoo kutaalee kanneenii qopheessaniif.Itti aansuun immoo,barsiisota barnoota Afaan Oromoo sadarkaa kanaa barsiisaniifi barattoota sadarkaa kana barataniifidha.

Galma ga'iinsa adeemsa baruu-barsiisuu qabiyyee barnootaa tokko haala barbaadameen hojiirra oolchuuf dhiyaannaan kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa gahee olaanaa qabu.Haaluma kanaan, ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoonni Afaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'an keessatti dhiyaatan akkaataa dhiyaannaa isaaniirraa kaasanii haala salphaatti hubatamuu danda'aniin qophaa'anii dhiyaachuu qabu.Kanaafuu,qopheessitoonni kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoofi sirna barnoota Afaan Oromoo qopheessan, ijaarsa jechootaan walqabatee,akkaataa dhiyaannaa dhamjechoota Afaan Oromoo bifa salphaatti hubatamuu danda'uun,qabsiisaafi fakkeenyaan deeggaranii osoo dhiyeessanii ofiin barachuu barattootaa keessatti faayidaa olaanaa qaba.Kana malees, ijaarsa jechootaan walqabatee,qabiyyeewwan dhamjechootaa Afaan Oromoo boqonnaalee muraasa jalatti dhiyaatan,osoo boqonnaa adda addaa jalatti fakkeenyaan dhiyaataniiru ta'ee jiraatee,haala salphaa ta'een barattoonni hubachuu waan danda'aniif,galma ga'iinsa qabiyyee barnootichaatiif bu'aa guddaa qaba. Akkasumas, ijaarsa jechootaan

walqabatee,gilgaalonni qabiyyeewwan dhamjechootaa irratti hundaa'anii kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa kanneen keessatti dhiyaatan osoo fakkeenyawwan adda addaatiin deeggaramanii dhiyaataniiru ta'ee,qabiyyichi hanqina tokko malee galma ga'uu ni danda'a.Kana jechuun, ijaarsa jechootaan walqabatee,gilgaalota qabiyyee dhamjechootiin wal-qabatan dhiyeessuun dura, ijaarsa jechootaan walqabatee,akkaataa dhiyaannaa dhamjechootaa dursee bal'inaan kitaabicha keessatti dhiyaachuu qaba jechuudha.Yoo haala akkasiitiin kan dhiyaatu ta'e,barattoonni haala salphaa ta'een gilgaalota isaanii dhiyaatan hojjechuu nidanda'u.

Kanaafuu,qopheessitoonniifi fooyyeessitoonni sirna barnootaa Afaan Oromoo, ijaarsa jechootaan walqabatee,qabiyyee dhamjechootaa wixineessan, ijaarsa jechootaan walqabatee,gahee dhiyaannaan dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti qabu adda baasuun qopheessuu qabu.

Ijaarsa jechootaan walqabatee, qabiyyee barnoota tokkoo hojiirra oolchuu keessatti maalummaan qabiyyichaa adda bahee beekamuu qaba. Haaluma kanaan,ijaarsa jechootaan walqabatee, akkaataan dhiyaannaa dhamjechaa bifa gilgaalaatiin kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaatan,fakkeenyaafi ibsa bal'aa qabiyyicha hubachiisuu danda'uun deeggaramanii dhiyaachuu qabu. Akkasumas, ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoonni walabaafi hirkataa bifa gilgaalaatiin kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) kanneen keessatti dhiyaatan adda bahanii, ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechi walabaa isa kam akka ta'eefi ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechi hirkataan isa kam akka ta'e,haala sagantaa adeeemsa baruu-barsiisuu barnootichaa hin danqineen dhiyaachuu qabu.

Ijaarsa jechootaan walqabatee, qabiyyeewwan dhamjechootaa silabasii, kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa Afaan Oromoo keessatti dhiyaataniifi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan yoo walsimachuu baatan qabiyyee barnootichaa hojiirra oolchuu keessatti rakkoo fiduu ni danda'a.Kanaafuu,qopheessitoonni kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo qopheessan hanga danda'ametti, ijaarsa jechootaan walqabsiisanii,silabasii,kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa akkaataa walsimachuu danda'aniin ofeeggannoon qopheessanii adeemsa baruu-barsiisuutiif gumaachuu qabu.

Itti dabalees, ijaarsa jechootaan walqabatee,uumamaafi hormaata jechoota Afaan Oromoo keessatti,dhamjechoonni adda addaa tajaajila adda addaa qabaachuun isaanii beekamaadha.Haaluma kanaan, ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni uumama jechootaafi hormaata jechootaaf tajaajilan adda bahanii kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) kanneen keessatti dhiyaachuu qabu.Akkasumas,ijaarsa jechootaan walqabatee,jechoonni bu'uuraa yookiin jechoonni haadhoofi jechoonni uumamteen kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) kanneen keessatti akka gilgaalaatti dhiyaatan, ijaarsa jechootaan walqabatee, ulaagaa ittiin adda bahanii beekaman waliin kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaachuu qabu.Kanaafuu,qopheessitoonni ijaarsa jechootaan walqabatee, qabiyyee dhamjechoota uumamteefi hortee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti sagantaa barnootaatiif,qopheessan ijaarsa jechootaan walqabatee,haala dhamjechoonni kun jechoota bu'uuraatti maxxanuun jechoota haarawaa itti uumuu danda'aniifi tajaajila caaslugaa itti agarsiisuu danda'an adda baasanii osoo kan dhiyeessan ta'ee,hubannoo qabiyyee barnootichaa irra caala mijataa taasisa.

Akkasumas, ijaarsa jechootaan walqabatee,jechoonni Afaan Oromoo kan uumamaniifi kan horan dhamjechoota adda addaa ofitti maxxanfachuudhaan.Gareen jechootaa uumaman kunneen immoo,garee jechootaa kan jijjiiran yoo ta'an,gareen jechootaa horan tajaajila caasluga adda addaa kan akka: danoominaa, koorniyaa, maayii,haala raawwiifi kkf agarsiisuuf kan oolanidha. Kanaafuu, qopheessitoonni kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaafi sirna barnoota Afaan Oromoo qopheessan, ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa uumamaafi hormaata jechoota Afaan Oromoo haala ofiin barachuu barattootaa irratti dhibbaa kamiyyuu, geessisuu hin dandeenyeen ifa gochuun qopheessanii dhiyeessuu qabu.Itti dabalees, ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoonni Afaan Oromoo tajaajila afaanicha keessatti kennaniin qooddii garaagaraa qabaachuun isaanii ni beekama.Garuu, ijaarsa jechootaan walqabatee,qooddii kana keessatti dhamjechoonni duraafi boodaa isaan kam akka ta'an,haala qabsiisaatiin gilgaalota dhiyaatan dursee kitaabicha keessatti wanti ibsame hin jiru.Itti dabalees, ijaarsa jechootaan walqabatee,tajaajilli dhamjechoota kanneenii adda bahee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) kanneen keessatti hin ibsamne.Kanaafuu,qopheessitoonni sirna barnoota Afaan Orommoo ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoota kanaa haala ofiin barachuu barattootaa irratti dhibbaa hin uumneen adda baasanii dhiyeessuu qabu.Itti dabalees, ijaarsa

jechootaan walqabatee,tajaailli dhamjecha duraafi boodaa maal akka ta'e kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa keessatti bifa ifa ta'een dhiyaachuu qaba.

Kanaafuu,qopheessitoonni kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo sagantaa adeemsa baruu- barsiisuuf qopheessanii dhiyeessan, ijaarsa jechootaan walqabatee,qooddii dhamjechoota kanneenii haala ofiin barachuu barattootaaf ifa ta'een,qopheessanii dhiyeessuu qabu.

Dimshaashumatti,hir`inni adda addaa dhiyaannaa xindhamjecha Afaan Oromoo kitaabilee (Silabasii, Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'anii adeemsa baruu-barsiisuutiif dhiyaatan keessatti argaman sirreessuuf,kitaabileen (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnootaa amma qophaa'anii hojiirra jiran kunneen milkaa'ina galma ga'iinsa qabiyyee barnootichaaf, irradeebi'amanii ilaalamuu qabu.

# Wabiilee


Abarraa Nafa.(1998).*Caasluga Afaan Oromoo.*Addis Ababa:Branna Printing Enterprise.

Abdulsamad Muhammad.(1994).*Seerluga Afaan Oromoo.*Caffee Oromiyaa:Finfinnee.

Abebe Keno. (2006) "case Markers in Oromoo"in *Ethiopian Language Research center,Working Paper,*Volume II, No.2 p285-303.

Addunyaa Barkeessaa.(2011).*Natoo:Yaad-rimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa: Mega Printing Press.

Anderson, S.R.(1992).*Amorphous Morphology*.Cambridge:Cambridge University press.

Asafaa Tafarraa.(2009).*Eela:Seenaa Oguma Oromoo*.Finfinnee,Oromiyaa:Far East-trading plc.

Abbabaa Gabayyahu.(2010).*Walsimannaa qabiyyee silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa*:xiyyeeffannoo barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaa.

Bauer, L.(1983*).English Word Formation*.Cambirdge:Cambridge University.

Baye Yimam.(1981*)."Oromo Substantive :Some Aspects Their Morphology and Syntax*." Addis Ababa:Addis Ababa University (Unpubilshed MA thesis).

Baye Yimam.(1986*)."The Phrase Structure of Ethiopian Oromo".*London:University of London,School of Oriental Studies (PhD dissertation).

Brown,et.al,(1989).Curriculum And Instraction:An Introduction In To Method of Teaching.London:Macmillan Company.

Catherine,G.M.(1987*).A Grammatical Sketch of Written Oromoo.*RUDIER KEPPER VERLAG.KOLNISBN 3-89645-0395.

Chomosky,N.(1957).*Systantic Structure.*The Hague Mouton.

Cook,V.(2001).*Second Language and Language Teaching.*New York.Oxford University press.

Crystal,D.(1987).*The Cambridge Encyclopedia of Language*.Cambridge:Cambridge University Press.

Fromkin,V.(2003).*An Intrduction to Language.7th.(edt.*),United State:Haine and Thomson.

Gragg, G.B.(1976).*Oromof Wollega,in M.L.Bender (eds.),*the non-Semitic Languages of Ethiopia .Michigan:Michigan University Press.

Good, C.V.(1973).Dictionary of Eduction.New York:Mc Graw Hill Book Company.

Haspelmath, M.(2002*).Understanding Morphology.2nd.(edt.),*Hodder Arnold.

Harmer, J.(1991).*Teaching and Learning Grammer*.UK:Longman York press.

Harmer,J.(1997).*The Practice of English Language*,UK:Longman York press.

Ijaaraa Baatuu.(1999).*Haala Dhiyeessa Xinlatii Afaan Oromoo Daree Barnootaa Keessatti*:Haala Barattoota Kutaa 11ffaa Mana Barumsa Qophaa'ina Gobbaa.Addis Ababa:Addis Ababa University (Unpublished MA thesis).

Jackendoff,R.(1977*).X-Bar Syntax.A Study of phrase Structure.Linguistic Inquiry Monograph 2,* Cambridge:MIT Press.

Katamba,Francis.(1993). *Morphology*.Great Britain,the machmillan press.Ltd.

Laughren,M.(2005*). "Inflectional Morphology."*In the Journal of Morphology 3(2nd.).

Lyons,John.(1981).*Language and Linguisticcs*:An Introduction.Cambridge:Cambridg University Press.

Mahaad Amiid Muddee.(1995).*Oromo Dictionary,English Oromo. Vol.* Atlanta, Georgia: Sagalee Oromo Publishing.

Matthews, P.H.(1991).*Morphology.2nd.(edt.),*Cambridge:Cambridge University press.

Mc Carthy, Michael.(2001).*Issues In Applied Linguistics*.Cambridge:Cambridge University press.

Mc Donough, J. and Shaw,C.(1993).*Materials and Methods In English Language Teaching.* Oxford:Black Well Publishers Ltd.

Ministeera Barnootaa.(1996/2004). Silabasii Barnoota Afaan Oromoo;Kutaa

5faa:Adaamaa.Printed by EMPDE.

Ministeera Barnootaa.(1996/2004). Silabasii Barnoota Afaan Oromoo;Kutaa 6faa:Adaamaa.Printed by EMPDE.

Ministeera Barnootaa.(2004).Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa;Kutaa 5ffaa: Adaamaa.Printed by EMPDE.

Ministeera Barnootaa.(2004).Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa;Kutaa 6ffaa:Adaamaa.Printed by EMPDE.

Ministeera Barnootaa.(2004).Barnoota Afaan Oromoo Qajeelcha Barsiisaa;Kutaa 5ffaa:Adaamaa.Printed by EMPDE.

Ministeera Barnootaa.(2004).Barnoota Afaan Oromoo Qajeelcha Barsiisaa;Kutaa 6ffaa:Adaamaa.Printed by EMPDE.

Pahuja, N.P.(1995***).***Teaching of English.New Delhii:J.L.Kumar.

O'Grady, W.and Dobrovolsky.M.(1996).*Contemporary Linguistics Analysis,An Introduction (3rd.edt.)*Ternto Copp Clark Ltd.

Owens,J.(1985a*).The Grammar of HararOromo*.Humburge:Helmut Buske Verlage Humbrge.

Radford,et al.(1999*).Linguistics;Intoduction*.Cambridge:Cambridge University press.

Richards,J.C.(2001).Curriculum Development In Language Teaching.Cabmridge:Cambridge University press.

Richards,J.C.andW.A.Renandya.(2002)**.**MethodologofInLanguageTeaching.Cambridge:Cambridge University Press.

Sharma,K.and Tuteja,T.(2005).*Teaching of Language and Linguistics*.Delih:Ajay Verma.

Stern,H.H.(1983).*Fundamental Concepts of Language Teaching*.Oxford:Oxford University press.

Tamene Bitama.(2000).*A Dictionary of Oromo Teachnical Terms,Oromo English*.Berlin Rudiger Kopp Verlage Kolin.

Temesgen Negasa.(1993).*Word Formation In Oromo*.Addis Ababa:Addis Ababa University (Unpulished MA thesis).

Tolamariam Fufaa. (2011*). Seera Afaan Oromoo I. Dhaamsa Gaaffii Dhamjechaa*. Addis Ababa: Addis Ababa University.

Wardough,R.(1977*).Introduction of Linguistics 2nd.(edt*.),New York:Mc Graw-Hill Campany.

Yule,G.(1996).*The Study of Language.2nd.(edt*.),Cambridge:Cambridge University press.

## Dabalee-A1

### Yuunivarsiitii Addis Ababaatti,Koollejjii Namoomaa,Qorannoo Afaanotaa,Joornalizimiifi Quunnamittii

### Muummee Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fookloorii

1. Mirkaneeffannaa Qaaccessa Kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Barsiisonni Akka Guutaniif Dhiyaate.

Kaayyoon mirkaneeffannaa kanaa dhiyaannaa xindhamjechaa kitaabilee barataa Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'an qaaccessuu irratti qorannoo adeemsisuufi. Kanaafuu, gaaffilee mirkaneeffannaa siniif dhiyaate kana amanamummaan guuttanii akka naa deebistan kabajaan sin gaafadha.

Itti aansuun mirkaneeffannaa siniif dhiyaate osoo hin deebisiin dura odeeffannoo dhuunfaa keessanii iddoo qophaa'erratti guutaa.

1. Maqaa mana barumsaa-----------------------------
2. Koorniyaa:Dhiira--------------          Dhalaa--------------------------
3. Umurii--------------------------------
4. Sad. Barnootaa----------------------------------
5. Gosa barnoota barsiistan:Haadhoo----------------Aantee-------------------------
6. Kutaa barsiistan--------------------------
7. Bara tajaajilaa----------------------------

**Qajeelfama:**Qabxiileen qaaccessa kana keessatti hammataman dhiyaannaa dhamjechootaa kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa)  Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'an irratti.Kan qaaccessamu immoo dhamjechoonni Afaan Oromoo kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti argaman haala maaliin akka dhiyaataniifi maal akka fakkaatan kan ilaaludha.

Kana irraa kan ka`e,dhamjechoonni Afaan oromoo kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) kutaa 5fi 6ffaa boqonnaalee adda addaa keessatti argaman haala akkamiin akka dhiyaatan walitti cuunfuun qabxilee gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatan irratti hundaa'uun deebii sirriidha jettan kennaa.Qabxileen gabatee mirkaneeffannaa keessatti dhiyaatan mul'istoota Qubee A-Etti ibsaman of keessaa qabu.Haaluma kanaan,dhiyaannaa dhamjechoota kanneenii

haala baay’ee gaarii ta’een dhiyaataniiru yoo jettan Qubee.(E) jalatti mallattoo (x) kaa’uun agarsiisaa;haala gaarii ta’een dhiyaateera yoo jetta immoo,Qubee.(D) jalatti mallattoo (x) kaa’uun agarsiisaa.Akkasumas,haala giddu-galeessaan dhiyaateera yoo jettan Qubee.(C) jalatti mallattoo (x) kaa’uun agarsiisaa;haala gadaanaadhaan dhiyaataniiru yoo jettan,Qubee.(B) jalatti mallattoo (x) kaa’uuniifi haalli dhiyaannaa isaanii ifa miti yoo jettan immoo,Qubee.(A) jalatti mallattoo (x) kaa’uun agarsiisaa.

| Lakk. | Qabiyyeewwan Qaacceffaman | Mul’istuu | | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhiyaannaa xindhamjechaafi dhamjechaakitaabilee (silabasii,kitaaba barataafiqajeelchabarsiisaa)Afaan Oromo kutaa 5 fi 6 keessatti | Gosa kitaabaa | | | | | | | | | | | | | | |
| | | Silabasii | | | | | Kitaaba barataa | | | | | Qajeelcha barsiisaa | | | | |
| | | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A |
| 1.1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, Dhamjechoonni akkamitti akka barataman qabiyyee kitaabilee (silabasii,kitaaba barataafiqajeelchabarsiisaa) keessatti eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 1.2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, akkaataan dhiyaannaa dhamjechaa adda bahee kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti fakkeenya waliin eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 1.3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechifi firjechi maal akka ta’e kitaabilee keessatti eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 2 | Akaakuu dhamjechoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A |
| 2.1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo isaan kam akka ta’an adda bahanii eeramaniiruu? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 2.2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, akaakuun dhamjechootaa Afaan Oromoo Silabasii keessa jiran,kitaaba barataa keessa jiraniifi qajeelcha barsiisaa keessa jiran walsimuu? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 2.3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, tajaajjilli dhamjechoota Afaan Oromoo kennanii ifaan ifatti kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti ibsamee jiraa? | | | | | | | | | | | | | | | |

| | | | | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 2.4 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, akaakuun dhamjechoota kanneenii maalirratti hundaa'anii akka qoodaman kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoota Walabaafi Hirkataa Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A |
| 3.1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechi tokko walaba ykn hirkataa kan jedhamu maalirraa ka'ee akka ta'e kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti fakkeenyaan eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 3.2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjecha walabaa jechuun isaan kam akka ta'e adda bahee kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 3.3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni hirkataa isaan kam akka ta'aniifi maaliif hirkataa akka ta'an fakkeenya waliin eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 3.4 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, garaagarummaanfi tokkummaa dhamjecha walabaafi hirkataa maal akka ta'e sirriitti adda bahee fakkeenya waliin eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 3.5 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni hiika tokkoo jedhaman isaan kam akka ta'an kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti ifatti eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 3.6 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, uunkaan dhamjecha dhokataa jechoota akkamii irratti akka argaman kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti fakkeenyaan eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 4 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, kitaabilee Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti jechoonni akkaataa itti uumaman | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A |
| 4.1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, haala | | | | | | | | | | | | | | | |

| | | | | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | jechoonni dhamjechoota adda addaa maxxanfatanii jechoota haarawaa itti uuman kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 4.2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, haala dhamjechoonni hundee jechootaatti maxxanuun garee jechootaa jijjiiruu ykn hiika jechootaa jijjiiruu itti danda'an fakkeenyaan eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 4.3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, jechoota bu'uuraa isaan akkamiirraatti dhamjechoota maxxansuun jechootaa haarawaa uumuu akka dandeenyu kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 5 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti jechoonni akka itti horan ilaalchisee | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A |
| 5.1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni koorniyaa adda addaa agarsiisa adda bahanii fakkeenyaan eeramaniiruu? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 5.2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni heddummina agarsiisan ifatti eeramaniiruu? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 5.3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoota haala raawwii ykn henna adda addaa Afaan Oromoo agarsiisan tajaajila kennan wailln kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti eeramaniiruu? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 5.4 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, jechoonni Afaan Oromoo wal horuudhaan tajaajila caasluga adda addaatiif kan oolan ta'uu isaanii kitaabilee(silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |

# Dabalee-A2

**Yuunivarsiitii Addis Ababaatti,Koollejjii Namoomaa,Qorannoo Afaanotaa,Joornaalizimiifi Quunnamtii**

**Muummee Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fookloorii**

2. Mirkaneeffannaa Qaaccessa Kitaabilee Qajeelcha Barsiisaa Afaan Oromoo Barsiisonni Guutan.

Kaayyoon mirkaneeffannaa kanaa ijaarsa jechootaan walqabatee,

dhiyaannaa xindhamjechaa kitaabilee qajeelcha barsiisaa Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaabara1996/2004 qophaa'an qaaccessuu irratti qorannoo adeemsisuufi.Kanaafuu,gaaffilee mirkaneeffannaa siniif dhiyaate kana amanamummaan guuttanii akka naa deebistan kabajaan sin gaafadha.

Itti dabalees mirkaneeffannaa siniif dhiyaate osoo hindeebisiin dura odeeffannoo dhuunfaa keessanii iddoo qophaa'erratti guutaa.

a. Maqaa mana barumsaa---------------------------------------------------------------------
b. Koorniyaa:Dhiira----------------        Dhalaa---------------------
c. Umurii----------------------------
d. Sad.barnootaa---------------------------
e. Gosa barnootaa barsiistan:Haadhoo------------------Aantee------------------------
f. Kutaa barsiistan-----------------------------
g. Bara tajaajilaa-----------------------------------

**Qajeelfama:**Dhimmoonni qaaccessa kana keessatti hammataman dhiyaannaa dhamjechootaa kitaabilee qajeelcha barsiisaa Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'an irratti.Kan qaaccessamu immoo dhamjechoonni Afaan Oromoo kitaabilee kanneen keessatti argaman haala maaliin akka dhiyaataniifi maal akka fakkaatan kan ilaaludha.

Kanaafuu,dhamjechoonni Afaan oromoo kitaabilee qajeelcha barsiisaa kutaa 5fi 6ffaa boqonnaalee adda addaa keessatti argaman haala akkamiin akka dhiyaatan walitti cuunfuun qabxilee gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatan irratti hundaa'uun deebiin sirriidha jettan kennaa.Qabxileen gabatee mirkaneeffannaa keessatti dhiyaatan mul'istoota Qubee A-Etti ibsaman of keessaa qabu.Haaluma kanaan,dhiyaannaan dhamjechoota kanneennii haala baay'ee

gaarii ta'een dhiyaataniiru yoo jettan,Qubee.(E) jalatti mallattoo (x) kaa'uun agarsiisaa;haala gaarii ta'een dhiyaateera yoo jettan immoo,Qubee.(D) jalatti mallattoo (x) kaa'uun agarsiisaa.Akkasumas,haala giddu-galeessaan dhiyaateera yoo jettan,Qubee.(C) jalattii mallattoo (x) kaa'uun agarsiisaa;haala gadaanaadhaan dhiyaateaniiru yoo jettan,Qubee.(B) jalatti mallattoo (x) kaa'uuniifi haalli dhiyaannaa isaanii ifa miti yoo jettan immoo,lakk.(A) jalatti mallattoo (x) kaa'uun agarsiisaa.

| Lakk. | Qabiyyyeewwan Qaaccessaman | Mul'istuu | | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Gosa kitaabaa | | | | | | | | | | | | | | |
| 1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhiyaannaa Xindhamjechaa qajeelcha barsiisaa Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti | Silabasii | | | | | Kitaaba barataa | | | | | Qajeelcha barsiisaa | | | | |
| | | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A |
| 1.1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni akkamitti akka barataman fakkeenya waliin qajeelcha barsiisaa keessatti eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 1.2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni Silabasii keessatti,kitaabilee barataa keessatti dhiyaataniifi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan walsimuu? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 1.3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, tokkummaafi garaagarummaan jechaafi dhamjechaa fakkeenya waliin qajeelcha barsiisaa keessatti ibsamaniiruu? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaannaa akaakuu dhamjechoota Afaan Oromoo | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A |
| 2.1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo isaan kam akka ta'an adda bahanii qajeelcha barsiisaa keessatti eramaniiruu? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 2.2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo Silabasii keessatti dhiyaatan,kitaabilee barataa keessatii dhiyaataniifi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan walsimuu? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 2.3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, tajaajilli dhamjechoota Afaan Oromoo maal akka ta'an adda bahanii fakkeenyaan deeggaramanii qajeelcha keessatti dhiyaataniiruu? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 2.4 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo maalirratti hundaa'anii akka qoodaman qajeelcha keessatti eeramaniiruu? | | | | | | | | | | | | | | | |

| | | | | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, qajeelcha barsiisaa Afaan Oromoo keessatti dhamjechoota walabaafi hirkataa | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A |
| 3.1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechi tokko walaba ykn hirkataa kan isa jechisiisu sababa maaliif akka ta’e qajeelcha barsiisaa keessatti fakkeenya bal’aan eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 3.2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni walabaafi hirkataa isaan kam akka ta’an fakkeenyaan qajeelcha barsiisaa keessatti eerameeruu? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 3.3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, qajeelcha barsiisaa keessatti tokkummaafi garaagarummaan dhamjechoota walabaafi hirkataa maal akka ta’an fakkeenya waliin eeraamaniiruu? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 4 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, qajeelcha barsiisaa keessatti haala Uumaman Jechoota Afaan Oromoo | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A |
| 4.1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, qajeelcha barsiisaa keessatti haala dhamjechoonni hundee jechaatti maxxanuun jechoota harawaa itti uuman fakkeenyaan eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 4.2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, jechi tokko kan uumamu jechoota akkamiirraa akka ta’e ifaan ifatti qajeelcha barsiisaa keessatti eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 4.3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, akkaataa jechoonni garaagaraa itti uumaman qajeelcha barsiisaa keessatti eerameeraa? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 5 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, qajeelcha barsiisaa keessatti haala hormaata jechoota Afaan Oromoo | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A | E | D | C | B | A |
| 5.1 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni saala dhiiraafi dhalaa mul’isan isaan kam akka ta’an kitaabilee qajeelcha barsiisaa keessatti eeramaniiruu? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 5.2 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni caasrluga Afaan Oromoo agarsiisan haala ifa ta’een kitaabicha keessatti dhiyaataniiruu? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 5.3 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni heddummina agarsiisan adda bahanii qajeelcha keessatti dhiyaataniiruu? | | | | | | | | | | | | | | | |
| 5.4 | Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni haala raawwii ykn Hennaa adda addaa Afaan Oromoo agarsiisan adda bahanii qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaataniiruu? | | | | | | | | | | | | | | | |

# Dabalee-A3

## Yuunivarsiitii Addis Ababaatti,Koollejjii Namoomaa,Qorannoo Afaanotaa,Joornaalizimiifi Quunnamtii

### Muummee Afaan Oromoo,Ogbruufi Fookloorii

**3.Afgaaffii Barsiisotaa**

Kaayyoon afgaaffii kanaa Ijaarsa jechootaan walqabatee,

hanqinaalee dhiyaannaa xindhamjechaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa bara 1996/2004 qophaa'an keessatti mul'atan adda baasuun qaaccessuudha.Kanaafuu,gaaffii gaafatamtan kana fedhiifi amanamuummaan naaf deebisuuf,iddoo kanatti naa argamuu keessaniif guddiseen isin galateeffadha.

**Qajeelfama:**Gaaffileen ani isiniif dhiyeessuu qabatamaan adeemsa baruu-barsiisuu keessatti waan isin quunnameefi kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti waan hubattan qofarratti hundooftanii akka naaf deebistan kabajaan sin gaafadha.

1. Ijaarsa jechootaan walqabatee,qabiyyeen dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa5fi 6ffaa keessatti dhiyaatan akkaataa fedhii barachuu barattootaa kakaasuu danda'uun qoodamanii dhiyaataniiruu?
2. Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaan dhamjechootaa silabesii keessa,kitaabilee barataa keessa jiraniifi qajeelcha barsiisaa keessa jiran walsimuu?Yoo walsimachuu baatan galma ga'iinsa qabiyyee barnoota Afaan Oromoo irratti miidhaa akkamii uumuu danda'u?
3. Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoonni maqaa garaagaraa qabaachuun isaanii galma ga'iinsa qabiyyee barnoota Afaan Oromoo irratti miidhaa akkamii fiduu danda'a?
4. Ijaarsa jechootaan walqabatee,akaakuun dhamjechoota kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa keessatti hammataman isaan kami?
5. Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa dhamjechoota irratti hundaa`ee hanqinaaleen kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo keessatti mul'atan adeemsa baruu-barsiisuu keessatti dhiibbaa akkamii qabu?

6. Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa dhamjechootaa irratti hundaa`ee hanqinaaleen kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa keessatti dhiyaatan gama mata-duree kamiin bal'inaan mul'atu?
7. Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa mata-duree dhamjechootaa kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti dhiyaatan irraa barattoonni dubbisanii mataa isaaniin barachuufi beekumsa dhamjechoota irratti argachuuf isaan nigargaara jettaa?
8. Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa dhamjechootaa irratti hundaa`ee hanqinaalee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6keessatti hammatamaniif ka'umsi maal jettee yaaddaa?
9. Ijaarsa jechootaan walqabatee,dhamjechoonni kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti hammataman mata-duree barnootichaa guutuu taasisuu nidanda'uu jettee yaaddaa?
10. Ijaarsa jechootaan walqabatee,hanqinaalee dhiyaannaa qabiyyee dhamjechootaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffaa keessatti mul'atan maqsuuf,yaada furmaataa nita'a jettu bal'inaan naa ibsi?

# Dabalee-B

Yuunivarsiitii Addis Ababaatti,Koollejjii Namoomaa,Qorannoo Afaanotaa,Joornalizimiifi Quunnamtii

Muummee Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fookloorii

**3.Bargaaffii Barsiisotaa**

Kaayyoon bargaaffii kanaa ijaarsa jechootaan walqabatee,dhiyaannaa xindhamjechaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 5fi 6ffa bara 1996/2004 qophaa'an keessatti dhiyaatan qaaccessuu irratti qorannoo adeemsisuufidha.Kanaafuu,gaaffii gaafatamtan fedhiifi amanamummaadhaan akka deebistan sin gaafachaa,fedhiifi amanamummaan odeeffannoo sirrii ta'e naa kennuu keessaniif durseen sin galateeffadha.

Itti aansuudhaa otoo gaaffilee dhiyaatan hin deebisiin dura odeeffannoo dhuunfaa kee bakka dhiyaatan irratti deebisuuf yaali.

1. Maqaa mana barumsaa----------------------------------
2. Koorniyaa:Dhiira------------ Dhala-------------
3. Umurii-----------------------------------------------------
4. Kutaa barsiisan-------------------------------------------

**Qajeelfama:**Gaaffileen armaan gadiitti argaman filannoodhaan kan dhiyaatanidha.Kanaafuu,qubee deebii ati kennitu qabatee jiru itti maruun agarsiisi.

1. Yemmuu dhamjechoota barsiistu ijaarsa jechootaan walqabatee,tokkummaafi garaagarummaa jechaafi dhamjecha gidduu jiru adda bahee kitaablee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa)Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti kennameeraa?

   A.Eeyyee C.Gadaanaadha

   B.Darbee darbee D.Lakkii

2 Ijaarsa jechootaan walqabatee, dhamjechoonni Afaan Oromoo hundee jechaatti maxxanuun jechoota tajaajila caasluga adda addaatiif oolan ittiagarsiisan kitaablee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa)Afaan Oromoo kutaa 5 fi 6 keessatti ifatti dhiyaateeraa?

   A.Eeyyee C.Gadaanaadha

   B.Hanga tokko D.Lakkii

3 Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa)Afaan Oromoo kutaa 5 keessatti akaakuun dhamjechootaa walabaa haala hubatamuu danda'uun adda bahanii taa'aniiruu?

A.Eeyyee C.Gadaanaadha

B.Hanga tokko D.Lakkii

4 Ijaarsa jechootaan walqabatee,yemmuu qabiyyee xindhamjecha Afaan Oromoo barsiistu, barattoonni hubannoo isaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa)Afaan Oromoo kutaa 6 irraa niargatu jettee ni yaaddaa?

A.Eeyyee C.Gadaanaadha

B.Hanga tokko D.Lakkii

5 Ijaarsa jechootaan walqabatee,qabiyyee barnoota xindhamjechaa barsiistu keessatti akaakuun dhamjechootaafi akkaataan tajaajila isaanii adda bahee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) afaan oromoo keessatti ibsameeraa?

A.Eeyyee C.Gadaanaadha

B.Hanga tokko D.Lakkii

6 Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa)Afaan Oromoo keessatti akkaataa dhamjechoonni hundee jechaatti maxxanuun jechoota harawaa itti uuman ifatti kaa'ameeraa?

A.Eeyyee C.Gadaanaadha

B.Hanga tokko D.Lakkii

7 Ijaarsa jechootaan walqabatee,gilgaalonniifi gochaalee kitaabilee (Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Afaan Oromoo keessatti qabiyyee dhamjechootaan dhiyaatan qabiyyicha hubachiisuuf gahaadhaa?

A.Eeyyee C.Gadaanaadha

B.Darbee darbee D.Lakkii

8 Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabileen(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) hubannoo jechoota biroo itti uumuufi tajaajila isaan caasluga Afaan Oromoo keessatti qaban barachuuf nigargaaraa?

A.Eeyyee C.Gadaanaadha

B.Darbee darbee D.Lakkii

9 Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti tajaajilaafi uunkaalee dhamjechoota Afaan Oromoo garaagaraa hubachuun barattoota rakkisaa?

A.Eeyyee B.Hanga tokko C.Homaa hinjedhu D.Lakkii

10 Ijaarsa jechootaan walqabatee,uunkaaleefi tajaajila dhamjechoota hirkataa yemmuu barsiistu kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti karaa ifa ta'een hubachuun nidanda'amaa?

A.Eeyyee C.Gadaanaadha

B.Darbee darbee D.Lakkii

11 Ijaarsa jechootaan walqabatee,kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa)Afaan Oromoo keessatti jechoota bu'uuraa afaanicha keessa jiranitti gargaramuun jechoota uunkleefi tajaajila adda addaa qaban ijaaruun akkaataa itti danda'amu fakkeenyaan ibsamee jiraa?

A.Eeyyee C.Gadaanaadha

B.Darbee darbee D.Lakkii

12 Ijaarsa jechootaan walqabatee,uumamaafi hormaata jechootaa yemmuu barsiistu kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti uunkaaleefi tajaajila isaan caasluga Afaan Oromoo keessatti qaban barattoonni adda baasanii hubataniiruu?

A.Eeyyee C.Gadaanaadha

B.Hanga tokko D.Lakkii

13 Ijaarsa jechootaan walqabatee,uwwisa qabiyyee kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo nimul'atuu?

A.Eeyyee C.Gadaanaadha

B.Darbee darbee D.Lakkii

14 Ijaarsa jechootaan walqabatee,boqonnaalee adda addaa kitaabilee(Silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) keessatti mata-dureewwan dhamjechoota Afaan Oromoo dhiyaatan mata-dureewwan dhiyaatan barsiisuuf kaka'umsa ni uumuu?

A.Eeyyee C.Gadaanaadha

B.Darbee darbee D.Lakkii

15 Ijaarsa jechootaan walqabatee,haalli dhiyaannaa xindhamjechaa silabasii keessaa,kitaaba barataa keessaafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatee wal simataa?

A,Eeyyee C,Darbee,darbee

B,Lakki D,Gad aanaadha

**IBSA**

Ani maqaafi mallattoon koo armaan gaditti kan argamu waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kan ta'eefi kanaan dura digirii gosa kamiifiyyuu kan hindhiyaanne ta'uu isaafi wabiin itti gargaarame hunda kanan beeksise ta'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Abarraa Abdii Teessoo

Mallattoo________________

Guyyaa_________________